



YUUNIVARSIITII WALLAGGAA

**DUBARTUMMAA WEEDDUU DURBAA SIRNA FUUDHAA
HEERUMAA KEESSATTI**

**Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digrii 2^{ffaa} (MA) Fookiloorii Oromootiin
Guuttachuuf Qophaa’ee**

QORATTUUN: MUNAA FALLAQAA

**DHAABBATA QO’ANNOO AFAANIIFI GAAZEXEESSUMMAA
MUUMMEE AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO**

GORSAAN: HUNDUMAA DABALII (PhD)

**WAXABAJJII, 2018 /2026
NAQAMTEE, OROMIYAA**



YUUNIVARSIIITII WALLAGGAA

**DUBARTUMMAA WEEDDUU DURBAA SIRNA FUUDHAA
HEERUMAA KEESSATTI**

**Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digrii 2^{ffaa} (MA) Fookiloorii Oromootiin
Guuttachuuf Qophaa'ee**

QORATTUUN: MUNAA FALLAQAA

GORSAAN: HUNDUMAA DABALII (PhD)

WAXABAJJII, 2018 /2026

NAQAMTEE, OROMIYAA

IBSA MIRKANEEFFANNAA

Ani maqaafi mallattoon koo armaan gaditti jiru, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaafi kanaan dura mataduree kanarratti hamman qorannoof sakatta'etti kan hinhojjetamne ta'uu isaafi wabiileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkanneessa.

Maqaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

YUUNIVARSIITII WALLAGGAA

MANA BARNOOTA EEBBA BOODAA

GUCA MIRKANEESSA WARAQAA QORANNICHAA

Akka miseensa boordii qormaata digirii lammaffaatti, waraqaa qorannoo barattuu Munaa Fallaqa mata duree: ‘Dubartummaa Weedduu Durbaa Sirna Fuudhaa-Heerumaa Keessatti Xiinxaluu’ jedhu irratti hojjette kana dubbisee madaaleen jira. Haaluma kanaan, waraqaan qorannoo kun Fookiloorii Oromootiin digirii lammaffaa guuttachuuf kan hojjetameefi gahaa ta’uusaa nan mirkaneessa.

Gorsaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Qoraa Alaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Qoraa Keessaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Dura Bu’aa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Diiinii Kolleejjii	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Itti Gaafatamaa MBEB	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____

GALATA

Waraqaa qorannoo kana keessatti, jalqabarraa kaasee hamma xummuraatti beekumsaafi muuxannoo qaban osoo hinqusatin, yeroo isaanii aarsaa godhanii na qajeelchuun milkaa'ina hojii qorannoo koo kana keessatti tumsaafi qooda guddaa kan qaban gorsaa qarannoo koo Hundumaa Dabalii (PhD) ulfinni ani isaaniif qabu guddaadha. Itti aansuun, ofii ishee osoo hinbaratin kan na barsiifte, osoo hinnyaatiin kan na nyaachiifte bu'aa ba'ii hedduu keessa dabartee dadhabe osoo hinjedhiin halkaniifi guyyaa na jajjabeessaa sadarkaa kanarra akka gahu kan na cimsaa turte harmee koo Aadde Wagaayahu Maammoo galanni koo dachaadha. Yeroo ragaa qorannoo kana funaanuuf gara dirree bahetti haala mijeessanii kan na gargaaraa turan Muussaa Alii, Awwal Ahmad, Roobaa Abdoo hedduu galatoomaa, jiraadhaa jechuun barbaada. Itti aansuun, yeroo dirree bahetti maanguddoota irraa ragaa fudhadhu suura naaf kaasuudhaan deeggarsa barbaachisu na deeggaraa turan Nawaay Yeeshiixilaafi Reebaa Dabal galata guddaa na biraa qabdu; ulfaadhaa. Akkasumas, ragaa kennitoonni koo jiraattoota aanaa Mi'eessoo hundaafi hojjeetoota waajjiraalee bulchiinsa garagaraa keessatti hojjetan milkaa'ina qorannoo kootiif kan ta'an nuffiifi dadhabbii tokko malee, miira gammachuudhaan ragaa barbaachisuu naaf kennaniif fayyaa ta'aa; umurii harraageessaa isiniif haakennuu jechuun barbaada. Kana malees, yaadaafi beekumsa qaban naaf qooduun yeroo hunda jabaadhu jechaa hojii qorannoo kootii jalqabee hanga xumuruutti gorsi isaanii kan addaan hincinne, Tamiimaa Amaan, Rattaa Nagaash, Zawudee Xilaahun, Sanyii Kabbaddaa, Addunyaa Mul'isaa, Yooseef Gaaddisaa, Mangistuu Yilmaa, Geetaachoo Addunyaa galata guddaa na biraa qabdu; ulfaadhaa. Akkasumas, adaadaa koo Geexee Maammoo, Eessuma koo Isheetuu Maammoofi karaa garaagaraatiin namoota milkaa'ina qorannoo kootiif tumsa beekumsa qabanirraa naaf qoodan galanni koo guddaadha. Dhumarratti, barsiisota koo, hiriyyoota koo maraaf galatoomaa jechuun barbaada.

JIBSOO

Abaada: Akka aadaa Ituutti dallaan qa’ee/iddoo, mooraan horiifi mannis yeroo ijaarratan bifa geengootiin naannefame ijaarama. Dallaan qa’ee kan walii galaa dallaa iddoo jedhama. Maatiin mana yeroo ijaarratan dallaa kana jidduutti hulaa Bahatti deebisanii mana ijaarratu. Hulaa manaa fuulleetti immoo xiqqoo manarraa butanii mooraa looniitu ijaarama. Dirreen bal’aan manaafi mooraa loonii jidduutti hafu kunimmoo ‘abaada’ jedhama.

Argaa: Argaa jechuun sirna fuudhaa-heeruma keessatti kennaan/geegawoon garagaraa kan kennamu yoo ta’u, kennaan kennamu kunis qa’ee warra gurbaatti kennamutu ‘Argaa’ jedhama. Kennaan kunis waan maatiiniifi firoonni isaa kennan hunda ni dabalataa.

Filaa: Gosa dhayannaa rifeensa gaafa intalti heerumtu dhayaattuudha.

Qaraxa Eessuma: Kun ammoo sirna kaadhimannaarratti maatiin gama lachuu erga walii galanii booda sagantaa naqa loonii keessatti gabbarri intalaaf gabbarantu jira. Gabbara kana keessatti ammoo kennaan/loon eessumaaf kennamuun dirqama jedhama. Kanaaf, kennaa eessumaaf dhuftuu kanaatu ‘qaraxa eessuma’ jedhama.

Raada Qophee: Raadni qophee intalti heerumtu durbummaa yookiin kabaja ulfinaa kan qabdu yoo ta’e, kabaja/ulfina haadhaatiif jedhame kennaa haadha intalaatiif ergamuudha. Raadni qophee badhaasa haadhaati.

Shaayii: Shaayiin tapha weedduu roobilee keessatti taphni weeddichaa duraa duubummaa akka qabaatuufi seerri akka hindabneef kan sirreessituudha. Akkasumas, shaayiin kan sagalee bareeda kiloolee kan qabdu, waa qindeessuu/uumuu kan dandeessu ‘Shaayii’ jedhamti yookiin ololtuu jedhamuudhaanis beekamti.

Tirmaa: Tirmaa jechuun yeroo sirna fuudhaa-heerumaa intalti tokko gaafa heerumtu kennaa maatiin isheefi firoonni ishee walitti qabanii kennan ‘Tirmaa’ jedhama. Kanaaf, intalti tokko yeroo mana abbaa ishii dhiiste gara warra qa’ee gurbaatti tirmaa isheef kenname kana qabattee deemti.

AXEERARA

Qorannoon kun dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa-heerumaa keessatti, weedduuwwan jiran keessaa addatti weedduu Roobilee-Rooboo kan Oromoo Ituu irratt xiyyeeffachuun gaggeeffame. Qorannoo kana qorachuuf kan na kakaasee sababoota gurguddoo lama. Tokko akka qorataatti, qorannooleen sakatta'ee qaawwa qabaachuu. Lammaffaan ammoo akka qaama hawaasaatti wanti qoradhe bira gahe dagatamaa dhufuu weeddichaati. Kaayyooleen qorannoo kanaa; adeemsa weedduu Roobilee-Rooboo ibsuu, gahee dubartummaa jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qabuufi dinagdee ijaaruu keessatti qaban xiinxalee jira. Yaadiddamni qorannoo kana keessatti hojiirra oole yaadiddama dubartummaati. Yaadiddamoota dubartummaa jiran keessaa ammoo, yaadiddama dubartummaa xabboo (African indigenous feminism)fi yaadiddama dubartummaa aadaa (cultural feminism)tti dhimma bahameera. Kaayyoo qorannoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahameera. Qorannichis gosa qorannoo sanyaabsaati. Ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan walitti qabachuuf malli iddatteessuu miti carraa keessaa gosa akkayyoofi darbaa dabarsaatu hojiirra ooleera. Malleen funaansa ragaalee hojiirraa oolan: daawwannaa, af-gaaffiifi mariin garee xiyyeeffannoo hojiirra oolaniiru. Argannoowwan qorannichaatiin bira ga'aman isaan ijoo: weedduun Roobilee-Rooboo adeemsa tartiiba qabuun kan ijaarame ta'uunsaa adda baafameera. Dubartiin hariiroo hawaasummaa cimsuu, aadaafi safuu hawaasaa eeguufi itti gaafatamummaa garagaraa fudhachuu ishee agarsiiseera. Akkasumas, dinagdee keessatti qooda qabaachuu ishee mul'iseera. Dabalataan, argannoon gama ilaalcha dubartummaatiin argame agarsiisutti weedduu Roobilee-Rooboo keessatti dubartiin sirna fuudhaa-heerumaa keessatti ni mul'atti; garuu hirmaannaan ishee irra caalaa safuu eeguufi ergaa hawaasummaa dabarsuu irratti daangeffama ta'uushee ni mul'ata. Kun ammoo dubartiin aadaa keessatti ni argamti, garuu murteefi aangoo keessatti hirmaannaa gad-aanaa akka qabdu agarsiiseera. Kanaafuu, beekumsi aadaa kanaa sirnaan kuufamee, qorannoo itti fufiinsa qabuun deeggarama karaa barnootaafi miidiyaatiin babal'isuun murteessaadha.

BAAFATA

QABIYYEE

FUULA

IBSA MIRKANEEFFANNAA	I
GUCA MIRKANEESSA WARAQAA QORANNICHAA.....	II
GALATA.....	III
JIBSOO.....	IV
AXEERARA	V
BOQONNAA TKKO: SEENSA	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Gaaffilee Bu’uuraa Qorannichaa	8
1.4. Kaayyoolee Qorannichaa	8
1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.....	8
1.4.2. Kaayyoolee Gooree Qorannichaa	8
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa	9
1.6. Daangaa Qorannichaa	9
1.7. Hanqina Qorannichaa.....	10
1.8. Qindoomina Qorannichaa	11
1.9. Ibsa Haala Naannoo Qorannichaa.....	11
1.9. 1. Hidda latiinsa Oromoo Ituu.....	11
1.9.2. Sirna Gadaa Ituu.....	13
1.9.3. Gogeessota sirna gadaa Odaa Bultum.....	15
1.9.4. Argama Mi’eessoo	16
1.9.5. Haala teessuma Mi’eessoo	17

1.9.6. Aadaa Fuudhaaf Heerumaa Oromoo Ituu	17
1.9.7. Falaasama Oromoo Ituu gama Hormaataatiin.....	18
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE WAL-FAKKII.....	20
2.1. Yaadrimee Fuudhaa-Heerumaa	20
2.2. Gosoota Fuudhaa-Heerumaa.....	21
2.3. Maalummaa Weedduu	22
2.4. Weedduu Fuudhaa-Heerumaa.....	23
2.5. Gosoota Weedduu Fuudhaa-Heerumaa Dubartootaa.....	25
2.5.1. Weedduu Heellee	26
2.5.2. Weedduu Roobilee- Rooboo	26
2.6. Dubartiifi Dubartummaa.....	28
2.7. Dubartummaafi Weedduu Fuudhaa Heerumaa.....	30
2.8. Yaadiddama Qorannichaa.....	32
2.8.1. Yaadiddama Dubartummaa (Feminism Theory)	32
2.8.1.1. Yaadiddama Dubartummaa Xabboo (African Indigenous Feminism).....	34
2.8.1.2. Yaadiddama Dubartummaa Aadaa (Cultural feminism).....	35
2.9. Qorannoo Aantee	36
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA.....	40
3.1. Saxaxa Qorannichaa	40
3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa	40
3.3. Iddattoofi Malleen Iddatteessuu.....	41
3.4. Malleen Funaansa Ragaalee.....	41
3.4.1. Daawwannaa	42
3.4.2. Afgaaffii	42

3.4.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo	43
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee.....	44
3.6. Sakkoo Qorannichaa	45
BOQONNAA AFUR: QAACCESSAA RAGAALEE QORANNICHAA	46
4.1. Adeemsa Sirna Raawwii Weedduu Roobilee-Rooboo	46
4.1.1. Adeemsa tapha Roobilee-Roobootiin dura raawwataman	46
4. 1.2. Dubroo Hiriyyoo	53
4.1.3. Shaakee Boonaa/Sakee Boonaa	54
4.1.4. Roobilee-Rooboo	55
4.1.4.1. Roobee roobee siriiyyee	58
4.1.4.2. Heellayyoo	60
4.1.4.3. Bari'ee naana.....	61
4.1.4.4. Addeellee jiini qallaan ba'ee	62
4.1.4.5. Dhadhaabbadhu.....	64
4.1.4.6. Ulee murii.....	65
4.1.4.7. Adaree haajii dallaalaa	66
4.1.4.8. Taayya	67
4.1.4. 9. Maashoo hindaraariinii.....	68
4.1.4.10. Adal diina birraa.....	69
4.1.4.11. Adaree raasee	69
4.1.4.12. Iyyoo koorillee	70
4.2. Gahee Weedduu Roobilee-Rooboo Gama Jiruufi Jireenya Hawaasummaatiin	73
4.2.1. Waqtii Heerumaa	75
4.2.2. Umurii Heerumaa.....	77

4.2.3. Gorsa Kennamu.....	79
4.2.3. 1. Gorsa maatii gurbaa wajjin hawaasummaa uumtee akka jiraattuuf	79
4.2.3.2. Gorsa intalli heerumtuu mana ishee akka itti qabattu barsiisuu keessatti	83
4.2.3.3. Gorsa garaagarummaa mana maatii isheefi gurbaa gidduu jiru barsiisuu	84
4.2.3.4. Gorsa kabaja abbaa manaa barsiisuuf	86
4.2.3.5. Gorsa booseettii akka hintaaneef	87
4.2.3.6. Gorsa ofeeggannoo akka gootuuf.....	89
4.2.3.7. Gorsa ofeeggannoo maatii gurbaa waliin akka gootuuf.....	90
4.2.3.8. Gorsa jajjabinaa intalaaf.....	92
4.2.4. Marafannaa Haadha	94
4.2.5. Mararfannaa Hiriyyaa	96
4.2.6. Obboleettii waliin adda ba'uu ibsuuf	98
4.2.7. Dureessaafi Deegaa akkatti ibsan.....	99
4.2.8. Gorsa Gurbaaf	102
4.3. Gahee Weedduu Roobilee-Rooboo Gama Dinagdee Ijaaruutiin	103
4.3.1. Kennaa warri intalaa Intala isaaniif kennan	105
4.3.2. Kennaa warra Gurbaatti isaaniif kennamu	107
4.3.3. Raada Qophee/ Raada Haadha	109
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO	114
5.1. GOOLABA	114
5.2. ARGANNOO.....	115
5.3. YABOO	117
WABIILEE	119
DABALEEWWAN	123

Dabalee A: Daawwannaa Dirree qorannoo keessatti hojiirraa oolan	123
Dabalee B: Afgaaffii Hirmaattotaaf Dhiyaate	126
Dabalee C: Gaaffilee marii garee xiyyeeffannoof dhiyaate.....	127
Dabalee D: Maqaa namoota ragaa kennan.....	129
Dabalee E. Suuraa namoota yeroo ragaa naaf kennan fudhatame	130

BOQONNAA TKKO: SEENSA

Boqonnaa kana keessatti; seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoolee qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, qindoomina qorannichaafi ibsa naannoo qorannichaa dhiyaataniiru.

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Fuudhaa-heerumni sirna hawaasummaa seenaa dheeraafi bal'aa kan qabuudha. Kunis jireenya ilma namaa keessatti bu'uura ijaarsa maatiifi hawaasummaa ta'ee kan tajaajiluudha. Sirni kun addunyaa mara keessatti akkaataa aadaa, amantii, seeraafi haala dinagdee hawaasummaa adda addaa irratti hundaa'uun kan gaggeffamuudha. Yeroo durii irraa eegalee, fuudhaafi heerumni walitti hidhatiinsa ykn walitti dhufeenya nama lama qofa osoo hintaane, ittifufiinsa dhalootaa, aadaa, duudhaa, seera, amantaafi ilaalcha hawaasni qabuun dhiiraafi dubartii gidduutti uumamu dhaloota gara dhalootatti dadarbuudha (Goode, 1970; Cherlin, 2004; Giddens, 2009; Macionis, 2015). Kanaaf, fuudhaa-heerumni aadaa keessatti hiika bal'aa qabaachuufi eenyummaa hawaasaa ijaaruu keessatti shoora guddaa qaba.

Uummanni Oromoo aadaa, duudhaa, afaan, seenaafi sirna hawaasummaa bal'aa qabaachuun beekama. Aadaan Oromoo sirna jireenyaa hawaasaa keessatti gahee guddaa kan qabu yoo ta'u, dhalootarraa dhalootatti duudhaa, safuufi eenyummaa hawaasichaa dabarsuu keessatti iddoo guddaa qaba. Isaan keessaa sirni fuudhaa heerumaa tokko yoo ta'u, sirna hawaasummaafi aadaa keessatti iddoo murteessaa qaba (Mohammed Hassen, 1990). Fuudhaa-heerumni Oromoos walitti dhufeenya nama lama gidduutti uumamu qofa osoo hintaane, hariiroo maatii, firootaniifi hawaasa cimsu keessatti shoora olaanaa qaba. Sirni kun itti fufiinsa dhalootaa, walitti dhufeenya hawaasaa keessatti bakka guddaa qaba. Kanaafuu, fuudhaa-heerumni akka sirna ce'umsaa (*rite of passage*) tokkootti ilaalama (Baxter, Hultin'fi Triulzi, 1996).

Akka heera Gadaa Oromootti durbi geesse heerumuufi dhiirri fuudhaaf gahees fuudhuu qaba. Seera Makkoo Billii keewwata 16 (kudha ja'a) irratti, "Ijoollee jajjaboo, ciccimoon akka dhalataniif ilmi gahe haa fuudhu, intallii geesse haa heerumtu" jechuun tumameera. Akkasumas, sadarkaalee Gadaatiin gaafa ilaalamu dhiirri tokko yeroo sadarkaa Raabaa ga'u fuudhuun irraa eegama. Sababni isaas, sadarkaan Raabaa yeroo itti namni tokko bilchina qaamaa sammuufi

hawaasummaa gahuun itti gaafatamummaa hawaasaafi maatiiirraa eegamu fudhachuuf qophaa'u keessaa isa tokko ta'ee ilaalama (Asmerom Legesse, 1973). Kanaaf, fuudhaa-heerumni yeroo kana keessatti raawwatamuun isaa beekamaadha. Dabalataan ammoo, dhiirri tokko yeroo sadarkaa Raabaa keessatti fuudhe, naannoo sadarkaa Doorii keessatti ilmoo godhachuun irraa eegama. Sadarkaan Doorii sirna Gadaa keessatti yeroo bilchina hawaasummaa itti guutuun, maatii ijaaru, itti fufiinsa dhalootaa mirkaneessuufi ijaarsa hawaasaa keessatti gahee murteessaa fudhatuudha. Ilmoo godhachuun sadarkaa kana keessatti dirqama aadaafi qaama itti fufiinsa sirna Gadaa eegu ta'ee ilaalama (Asmerom Legesse, 1973).

Ilmi sadarkaa Raabaa Doorii gahee erga fuudhee booda ilmoo godhachuun aangoo fudhata. Sababni isaas akka sirna Gadaatti aangoo Sirna Gadaa argachuuf ulaagaan jalqabaa bultii ijaarrachuudha. Namni hinfuune akka seera Gadaatti abbaa Gadaa ta'uu hindanda'u. Kun ta'uuf intalli fuudhamtu jiraachuu qabdi. Gadaan dubartii malee guutuu hinta'u. Kanaaf, fuudhaaf heerumni hariiroo dhiiraafi dubartii gidduufi hawaasummaa gidduu jiru ni cimsa jechuudha. Kana malees, fuudhaafi heerumni jaalalaan, maatii godhachuun dhaloota gara fuulduraaf bakka buusanii kan darbaniidha. Walitti dhufeenya abbaan manaafi haadha manaa dhala godhachuun waliin jiraataniidha (Olaanii, 2009). Adeemsi sirna fuudhaaf heeruma godinaalee Oromiyaa garagaraa keessatti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Garaagarummaan kun akkaata haala teessumaafi jiruuf jireenya hawaasaa giddu galeessa godhata. Kanaaf fuudhaaf heerumni haala jireenya, amantiifi seenaa uummata isaa irratti hundaa'uun gaggeeffama. Akka aadaa Oromootti kan fuudhuus ta'ee, kan heerumtu haala seeraafi safuu hawaasa keessa jiraataniin walqabsiisanii sirna fuudhaaf heerumaatiin jaarmiyaa dhaabbatu.

Oromoon jiruuf jireenya isaa keessatti sirnoota marsaa jireenyaaf jila gaggeessu qaba. Sirnoonni marsaa jireenyaa kanneenis: dhalachuu, gaa'ela (fuudhaa-heerumaa)fi du'a ni qaba. Marsaalee jireenyaa keessaa fuudhaa-heerumni isa tokko yoo ta'u, hawaasa Oromoo keessatti gosoota fuudhaa-heerumaa adda addaa qabaachuun beekama. Kunis haala aadaafi hawaasummaa adda addaa irratti hundaa'uudhaan garaagarummaa qabaatus, yaadrimeen bu'uura isaani tokko ta'a (Faanosee Mangistuu, 2024). Aadaan beekumsaa, duudhaa, safuufi ilaalcha jireenyaa hawaasa tokkoo dhalootarraa dhalootatti dabarsu keessaa isa bu'uuraadha. Hawaasni tokko eenyummaa isaa, ilaalchaafi sirna jireenyaa isaa karaa aadaa adda addaatiin ibsata. Karaa aadaa kanaa keessatti afoolli bakka olaanaa qaba; afoollis yaadaafi muuxannoo hawaasaa dabarsu qofa osoo

hintaane, ilaalcha hawaasni gareewwan hawaasaa garaagaraa irratti qabu calaqqisiisuuf gahee olaanaa qaba. Gareewwan hawaasaa keessaa dubartoonni tokko yoo ta'an, bakka bu'insi isaaniifi ilaalchi isaan irratti ijaaramu afoola keessatti karaa adda addaatiin mul'ata.

Dubartoonnis jiruufi jireenya isaanii keessatti hawaasummaa cimsuu, dinagdee ijaaruufikkf. keessatti gahee guddaa qabaatanis, ilaalchi isaan irratti ijaaramu yeroo hunda hojii isaanii waliin walgitee kan dhiyaatu miti. Kanaafuu, dubartummaan maal akka ta'e, akkamitti akka ibsamtuufi hawaasni maal akka irraa eegu beekuun afoola keessatti calaqqisan qorachuun barbaachisaadha. Keessattuu, afoolli beekumsaafi yaada hawaasaa ta'etti, ilaalcha hawaasni dubartummaa irratti qabu ibsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Afoola Oromoo keessaa weedduun tokko yoo ta'u, gosoota weedduu keessaa ammoo, weedduu sirna fuudhaafi heerumaa isa tokkoodha. Weedduuleen kunneen yeroo sirna fuudhaafi heerumaa raawwatamanitti dhaamsa, gorsa, safuufi duudhaa hawaasaa dabarsuuf oolu. Naannoolee Oromoo garaagaraatti maqaafi qabiyyee adda addaa qabaatanis, hojii isaanii keessatti qajeelfama jireenyaafi ilaalcha hawaasaa calaqqisiisu. Fakkeenyaaf, Arsii biratti Bayee Bayee, Tuulamaatti Yaa Ababoo, Wallaggaatti Mararoo, akkasumas Oromoo Ituu biratti Roobilee Rooboo akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

Qorannichis weedduu Roobilee-Rooboo Oromoo Ituu biratti beekamu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, yeroo sirna fuudhaafi heerumaa dubartootaan kan weeddifamu yoo ta'u, qabiyyee isaa keessatti dhaamsota hawaasummaa, dhimmoota dinagdee gorsa jireenyaa, safuufi duudhaa hawaasaa ofkeessatti hammata. Kana malees, weedduun kun gahee dubartoonni maatiifi hawaasa keessatti qaban, amala irraa eegamu, itti gaafatamummaa isaaniifi ilaalcha hawaasni dubartummaa irratti qabu karaa adda addaatiin calaqqisiisa. Kanaafuu, weedduu kana keessatti dubartummaan akkamitti bakka buufamte, akkamitti ijaaramtee dhiyaatteefi hiika hawaasummaa akkamii akka qabdu qorachuun barbaachisaa ta'ee mul'ateera. Haaluma kanaan, qorannoon kunis Dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa heerumaa keessatti kan xiinxaluudha. Weedduu filatame keessaa Roobilee-Rooboo Oromoo Ituu irratti xiyyeeffata. Weedduun Roobilee kunis qa'ee warra intalaatti kan weeddifamuudha. Haaluma kanaan, beekumsi aadaa Oromoo Ituu weedduu durbaa Roobilee- Rooboo irratti qabu; adeemsa akkamii akka hordofuu, dubartummaan gama hawaasummaatiin akkamitti akka dhiyaatuufi dinagdee ijaaruu keessatti haala kamiin akka dhiyeessuu irratti xiyyeeffachuun xiinxalameera.

Qorannoo kana keessatti jechi dubartummaa (femininity) jedhu hiika ‘feminism’ jedhu irraa adda. Dubartummaa (Feminism’)n yaadrimee siyaasaa, walqixxummaa dubartootaafi dhirootaa falmu yoo ta’u, ‘feminine’ ammoo amala, ilaalchaafi bifa aadaan dubartummaaf kenname kan agarsiisudha. Kanaaf, qorannoon kun dubartummaa jechuun ‘femininity’ irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, kunis hawaasni Oromoo Ituu dubartii akkamitti akka ijaaru, maal irraa akka eeguufi akkamitti akka bakka buusu xiinxala kan jedhu akka ilaalcha hawaasaatti kan ilaale. Akka qorataatti ammoo yaadrimee ‘feminism’ bu’uura godhachuuniifi ragaa argamerratti hundaa’uun xiinxaleera.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Sirni fuudhaa-heerumaa hawaasa Oromoo biratti, dubartoonni iddoo murteessaa qabaachuun isaanii haala aadaafi hawaasummaa keessatti ifa. Akkasumas haala jireenya dubartiifi dhiiraa, qoodinsa hojii, wal-qunnamtii hawaasummaa murteessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Sirna kana keessatti, weedduuwwan durbaa akka weedduu Roobilee-Rooboon, sagalee dubartii ta’uun yaada, miirafi muuxannoo jireenya isaanii kan ittiin ibsataniidha. Akkaataa jireenyaafi hawaasummaa kan barsiisu yoo ta’u, weedduun kun intala heerumtuuf dhaamsa yookiin gorsa dabarsuudha.

Qorannoo kana qorachuuf kan na kakaasee sababoota gurguddoo lama. Tokko akka qorataatti qorannooleen sakatta’ee qaawwa qabaachuu. Lammaffaan ammoo akka qaama hawaasaatti wanti qoradhe bira gahe dagatamaa dhufuu weeddichaati. Kunis weedduun Roobilee-Rooboo aadaa fuudhaa-heerumaa Oromoo Ituu biratti intala heerumtuuf dhaamsa, gorsaafi barsiisa jireenyaafi muuxannoofi muudannoo dabarsuuf kan tajaajilu keessaa isa tokkoodha. Weedduun kun duudhaa, safuufi ilaalcha hawaasaa dhalootarraa dhalootatti dabarsuuf gahee olaanaa qaba. Haa ta’u malee, jijjiiramni hawaasummaafi ammayyummaa yeroo ammaa mul’achaa jiruun haala tursiifannaafi itti fayyadamummaa weedduu kanaa irratti dhiibbaa uumaa jira. Kana malees, weedduu kana keessatti gaheen inni hawaasa keessatti qabu akkasumas dubartummaan akkamitti ijaaramtee, ibsamteefi bakka buufamtee jedhu irratti qorannoolee garagaraa sakatta’eettii qorannoon irratti qoramataame hinarganne.

Hanga qorannoo kanaaf qorannoolee garagaraa sakatta’eetti qorannoo dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa-heerumaa keessatti xiinxaluu jedhu irratti xiyyeeffate qoratame

dhabamuus, qorannoon goorowwan afoolaatiin walqabatanii qorataman garuu hindhabamne. Qorannooleen qoratamanis itti guutannaa digrii lammaffaa, sadaffaa (PhD)fi joornaaloota garaagaraarratti hojjetamanii maxxanfaman irratti hundaa'uun wanti isaan qoratan goorowwan afoolaan walqabsiisanii dubartummaan yookiin koorniyaan walqabatanii qorataman maal akka fakkaatan akka armaan gadiitti ibsamanii dhiyaataniiru.

Haaluma kanaan, qorannooleen sakatta'aman, qorannoo Gonfa (2007) mata duree "The Images of Women in the Proverbs and Sayings of the Oromo: The Case of West Arsi Zone" jedhuun digrii lammaffaa (MA) guuttachuuf qorannoo qorattee jirti. Qorannoon ishees ilaalchi hawaasaa dubartootaaf qabu mammaaksotaafi jechamoota Oromoo Arsii lixaa keessatti mul'atan qorachuu ture. Qorannoon koo ammoo, dubartoota akka hawaasni isaan ilaalu qofa osoo hintaane, akka isaan ofii isaanii yaada, miiraafi miiraafi eenyummaa isaanii weedduu Roobilee-Rooboo keessatti ibsatan irratti xiyyeeffatata. Kanaaf, Gonfa'n ilaalcha hawaasaa dubartootaaf qabuu mammaaksaafi jechama keessatti qorachuu yoo ta'u, qorannoon koo ammoo sagalee dubartootaafi calaqqee dubartummaa weedduu keessatti qorachuudha waan ta'eef qorannoon koo qorannoo Gonfaarraa adda. Ahmed Dede (2010) mata duree "Image of Women in Selected Oromo Folktales, Folksongs and Proverbs with Particular Reference to East Arsi Zone" jedhurratti digrii lammaffaa (MA) guuttachuuf hojjete. Qorannoon isaas, ilaalcha hawaasni dubartootaaf qabu afseenaalee, sirbootaafi mammaaksota keessatti mul'atan irratti xiyyeeffateera. Akkasumas qorannoon Ahmed ilaalcha dubartootaa waliigalaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, sirboota fuudhaa-heerumaa addatti adda baasee hinqoranne. Qorannoon koo garuu, weedduu durbaa filatame keessaa Roobilee-Rooboo irratti xiyyeeffachuun, akkasumas fuudhaa-heerumaa irratti hundaa'uun yeroo ce'umsa jireenya kana keessatti gaheen weedduun kun qabuufi dubartummaan akkamitti dhiyaate jedhu irratti xiyyeeffadheen waan ta'ee adda.

Shelema (2010) mata duree "Role of Proverbs as a Means of Constructing and Perpetuating Gender Inequality in West Shoa Oromo Culture: The Case of Tukur Echine" jedhurratti digrii lammaffaa (MA) guuttachuuf qorannoo qorateera. Ijoon qorannoo isaas gahee mammaaksi loogii koorniyaa ijaaruufi itti fufsiisu keessatti qabu qorachuudha. Kanaaf, Shelema'n irra caalaatti hacuuccaafi walqixxummaa dhabuu koorniyaa mammaaksa keessatti ilaaleera. Qorannoon koo ammoo, koorniyaa qofarratti hindaangeffamu; dubartoonni ilaalcha isaanii,

hawwii isaanii, soda isaanii, eenyummaa isaaniifi muuxannoofi muudannoo heerumni qabu weedduu fuudhaa-heerumaa keessatti gahee weedduu Roobilee-Rooboo akkamitti ibsataniifi akka qorataatti dubartummaan akkamitti dhiyaattee qorata. Kanaaf, inni loogii koorniyaa irratti ani ammoo dubartummaa irratti xiyyeeffadhe waan ta'eef kanaan adda ta'a. Bekele B.S. (2015) mata duree "Gender Roles and Society's Perception of Women in Macha Oromo Verbal Arts: A Feminist Approach" jedhuun digrii sadaffaa (PhD) guuttachuuf qorannoo adeemsiseera. Qorannoon isaas gahee koorniyaafi ilaalcha hawaasni dubartootaaf qabu afoola maccaa Oromoo irratti qorateera. Innis afoola bal'aa irratti hojjetee. Akkasumas, hawaasni dubartoota akkamitti akka hubatu xiyyeeffateera. Qorannoon koo garuu, afoola bal'aa irratti osoo hintaane, weedduu durbaa fuudhaa-heerumaa keessatti bu'uura godhachuun weedduu akka gooroo afoolaa tokkotti adda baasee, dubartoonni ofii isaanii, eenyummaa isaanii akkamitti ijaarataniifi dubartummaa akkamitti ibsaniirratti xiyyeeffadheera. Kanaaf, garaagarummaan qorannoo koofi isaa sadarkaa qorannoo (broad verbal arts Vs specific marriage songs)fi qabiyyee qorannoo (Gender role vs Womanhood)tiin adda ta'a.

Dabalataan, qorannoolee Joornaalootaa garagaraarratti maxxanfamaniin walqabatee sakatta'aman keessaa Assefa Tefera (2013) mata duree "Salale Oromo Women's Songs of Resistance" jedhuun weedduu mormii dubartootaa irratti hojjete. Kana keessatti dubartoonni weedduudhaan hakuuccaafi rakkoo hawaasummaa irratti mul'atan akkamitti akka falman agarsiisa. Haa ta'u malee, weedduun inni qorate weedduu mormii yoo ta'u, qorannoon koo ammoo, weedduu fuudhaa heerumaa irratti xiyyeeffate. Kanaaf, garaagarummaan gidduu kana jiru inni mormiifi falmii irratti xiyyeeffate yoo ta'u, ani ammoo gahee weedduun Roobilee-Rooboo kaayyoolee qabadhee ka'ee keessatti qabuufi dubartummaan akkamittitti xiinxalame jedhu irratti xiyyeeffadhe waan ta'eef kanaan adda. Megersa Regassa (2017) mata duree "Females' Voice through Oral Poetry among Limmuu Oromo" jedhuun sagalee dubartootaa walaloo afoolaa keessatti qorateera. Innis dubartoonni walaloo afoolaa keessatti yaada isaanii akkamitti akka ibsatan irratti xiyyeeffateera. Haa ta'u malee, walaloo walii galaa qorate malee weedduu durbaa fuudhaa-heerumaa keessatti calaqqee dubartummaa addatti hinqoranne. Qorannoon koo garuu dubartummaa akka yaada ijoo tokkotti fudhadheen qoradhe.

Ashenafi Belay fi Sena Gonfa (2017) mata duree "Symbolic Representation of Nature and Women in Oromo Oral Narratives" jedhurratti dubartootaafi uumama af-seenaalee Oromoo

keessatti akkamitti walqabsiisanii akka dhiyeessan qorataniiru. Akkasumas, qorannoon kun “Ecofeminism’ fayyadamuun afseenaalee xiinxalaniiru. Haa ta’u malee afseenaalee irratti xiyyeeffatan malee weedduu durbaa fuudhaa-heerumaa keessatti dubartummaa hinqoranne. Qorannoon koo yaadiddamoota dubartummaa jiran keessaa yaadiddama ‘African Indigenous feminism’ fi ‘Cultural feminism’ bu’uureffatame qoratame waan ta’eef kanaanis adda. Akkasumas, Leila Qashu (2019) mata duree “Singing as Justice: Ateetee, an Arsi Oromo Women’s Sung Dispute Resolution Ritual in Ethiopia” jedhuun sirna ateetee keessatti gahee sirbi dubartootaa mirga isaanii kabachiisuu keessatti qabu qorattee jirti. Qorannoon kun dubartoonni sirba akka meeshaa falmii haqaatti akka fayyadaman agarsiisa. Garuu, sirna ateetee irratti xiyyeeffattee yoo ta’u, weedduu durbaa fuudhaa-heerumaa keessatti dubartummaa irratti hinhojjatanne.

Dhuma irratti, Alemitu Oli Aleta (2021) mata duree “Thematic Analysis of Oromo Proverbs Said about Women” jedhuun ilaalcha dubartootaa mammaaksota Oromoo keessatti calaqqisu qorattee jirti. Qorannoon kun dubartoonni karaa gaariifi karaa hamaa akkamitti bakka bu’an/dhyaatan ibsuuf yaaltee jirti. Haa ta’u malee, qorannoon kun mammaaksa irratti kan hundaa’e malee weedduu Roobilee-Rooboo keessatti dubartoonni akkamitti akka dhiyaatan, dubartummaan akkamitti ijaaramtee calaqqifamteefi gaheen weedduu kanaa ilaalcha hawaasaafi intalli tokko yeroo heerumtu jireenya haaraa barsiisu keessatti qabu irratti hinxiyyeeffanne. Kanaafuu, qorannoon kun weedduu Roobilee-Rooboo keessatti calaqqee dubartummaafi gahee weedduu kanaa xiinxaluudha.

Gabaabumatti, qorannooleen sakatta’aman kunniin garaagarummaa haa qabaatan malee akkuma garaagarummaa qaban walfakkeenya hinqaban jechuu miti. Walfakkeenya isaanii qorannooleen sakatta’aman hundi isaanii kaayyoleefi argannoo garaagaraa qabaatanis weedduu sirna fuudhaaf heerumaarratti xiyyeeffachuun beekumsi aadaa Oromoo maal akka fakkaatu hubachiisuuf akka kaayyoo qorannoo isaaniitti kan gumaachan qabu waan ta’eef walfakkeenya qorannoo kanaati. Kanaaf, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa: ‘Dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa-heerumaa Oromoo Ituu keessatti weedduu filatame keessaa Roobilee-Rooboo’ irratti xiyyeeffachuun kan xiinxalameedha. Haaluma kanaan, qorannoon kun qabeenya afoolaa kana galmeessuun, hiika isaa xiinxaluuniifi gahee inni hawaasa keessatti qabu ifa gochuun,

qorannoo afoolaa Oromoofi qo'annoo aadaa bal'inaan gabbisuuf gumaacha akka taasisu abdadha.

Walumaagalatti, beekumsa aadaa weedduu fuudhaaf heerumaan walqabatee qorannoolee godinoota garagaraa keessatti hojjetaman jiru. Qorannooleen hojjetaman irra caalaan isaanii weedduu arrabsootiin kan walqabatan yoo ta'u, ergaa/qabiyyee, yoomessa, hirmaattootaa fa'a irratti kan xiyyeeffataniidha. Kanaaf, qorannoolee hojjatamaniifi qorannoo koo wajjiin walbira qabe yoo ilaallu, gahee qorannoo koo weedduun Roobilee-Rooboo qabu, kaayyoon dhiyaatuuf, walaloon isaa, akkaataan itti dhiyaatu, adeemsi taphichaafi aadaan hawaasichaas garaagarummaa guddaa qaba. Yaada kana bu'uura godhachuun qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii deebiseera.

1.3. Gaaffilee Bu'uura Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti akka bu'uura qorannichaatti gaaffilee armaan gadii deebisuuf hojjetame.

- a. Weedduun durbaa Roobilee-Rooboo adeemsa akkamii hordofa?
- b. Weedduun durbaa Roobilee-Rooboo jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti dubartummaa haala kamiin dhiyeessa?
- c. Weedduun durbaa Roobilee-Rooboo gaheen dubartoonni dinagdee ijaaruu keessatti qaban haala kamiin ibsa?

1.4. Kaayyoo qorannichaa

Kaayyoo qorannichaa irratti xiyyeeffachuun qorannoon kun kaayyoowwan lama qaba. Isaanis; kaayyoo gooroofi kaayyolee gooree jedhamuun haala armaan gadiitiin kan dhiyaataniiru.

1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon Gooroo Qorannoo Kanaa, Dubartummaa Weedduu Durbaa Sirna Fuudhaa-Heerumaa Keessatti Xiinxaluudha.

1.4.2. Kaayyolee Gooree Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti kaayyooleen gooree hammatamanii gaggeeffamaniiru:

1. Adeemsa weedduu Roobilee-Rooboo ibsuu.

2. Gahee weedduun durbaa Roobilee-Rooboo dubartummaa jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti agarsiisuu.
3. Gahee weedduun durbaa Roobilee-Rooboo dubartoonni dinagdee ijaaruu keessatti qaban addeessuu.

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun, qaamota garaagaraa fayyada. Haaluma kanaan barbaachisummaan qorannoo kanaa jiruufi jireenyaa jiraannu keessatti weedduun dubartummaa ibsuu keessatti gaheen inni qabuu guddaa waan ta'eef dhaloonni ammaa weedduu keessatti jireenya hawaasummaa isaanii, gahee dubartoonni dingadee isaanii ijaaruu keessatti qaban maal akka fakkaatu akka hubataniif beekumsa kennuufii danda'a. Akkasumas qorannoon kun guddina qorannoo fookiloorii Oromoo keessatti gahee mataa isaa taphachuu kan danda'u yoo ta'u, namoonni qorannichaa dubbisuun aadaa Oromoo Ituu weedduun durbaa Roobilee- Rooboo akkamiin akka dubartummaa mul'isu akka hubataniif gargaara. Dabalataan qaamonni gara fuulduraatti mata duree walfakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti isaan tajaajiluu danda'a. Isaanis; kana bu'uura godhachuun qorannoo isaanii akka gabbifataniifi bifa dokimantiin yoo kaa'ame isaaniif odeeffannoo kan kennu ta'a. Kana malees, namoonni dhuunfaa, waajjiraalee aadaa Oromoo irratti hojjetan beekumsa waraqaa irratti kuusee kana akka hambaa seenaatiin kaa'uun kan irraa fayyadaman ni ta'a. Akkasumas, qorannichaarraa bu'aan akka argamuuf waraqaa qorannichaa midiyya hawaasaa irratti yookiin intarneettiirratti maxxanfamuun dubbistoota bira akka gahu taasisuudha. Kanaaf, qorannoon kun guddina fookiloorii Oromoo keessatti gahee mataa isaa taphatu qaba jedhamee yaadamuun kan gaggeeffameedha.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun mata duree: 'Dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa heerumaa keessatti xiinxaluu' irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qorannoon kunis akkaataa lamaan daangeeffame; innis qabiyyee (mata duree qorannootiinii)fi bakka qorannootiin kan daangeeffameedha. Qabiyyeedhaan jiloota Oromoo keessaa sirna fuudhaa-heerumaa irratti, gosoota afoola keessaa weedduu irratti, gosoota weedduu garaagaraa jiran keessaa immoo weedduu fuudhaa heerumaa irratti, gosoota weedduu fuudhaa heerumaa Oromoota Ituu biratti beekaman keessaa ammoo Roobilee-Rooboo irratti xiyyeeffate. Sababni qabiyyeedhaan daanga'eefis, qorannoon kun qorannoo aadaati waan ta'eef uummata Ituu irratti daangeessuun beekumsaafi falaasama

Oromoo Ituu sirna fuudhaaf heerumaa irratti gahee weedduun Roobilee-Rooboo qabu qorachuun barbaachisaa waan ta'eefi. Bakkaan immoo, Oromoo Ituu irratti xiyyeeffachuun Godina Harargee Lixaa Aanaa Mi'eessoo irratti daanga'e yoo ta'u, aanaan Mi'eessoo gandoota ykn araddoota magaalaa lama (2)fi gandoota ykn araddoota baadiyyaa soddonii tokko (31), waliigalaa soddonii sadii (33) kan qabduu yoo ta'u, gandoota kanneen keessaa qorannoon kun gandoota shan irratti kan xiyyeeffateedha. Gandoonni shanan kunis: araddaa Magaalaa Mi'eessoo, Qiqilliftuu, Waltaanee, Burii Mulluu, Soddoma Gooroo Misraa irratti daanga'e. Sababa bakka kana filadheef ammoo, hamman qorannoo adeemsiseetti yookiin immoo hamman beekumsa naannoo sana beekuutti aanaa kanatti ragaaleen qorannoo kanaaf ta'aan bakka biroo caalaa ragaa ititee jiruu waan jiruufi. Sababoota kanaaf, qabiyyeefi bakkaan daanga'e qorannoon kun kan qoratamee.

1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa-heerumaa keessatti ija yaadiddama dubartummaatiin xiinxaluuf kan yaadame ta'us, hanqina muraasa qaba. Hanqinoonni kunneen, qorannichi bakka murtaa'aa qofatti kan daangeffame waan ta'eef, bu'aan qorannichaa kana Oromiyaa guutuutti yookiin hawaasa Oromoo hunda irratti waliigalaan fayyadamuun rakkisa ta'uu danda'a. Aadaaniifi sirni fuudhaa-heerumaa naannoo garagaraatti garaagarummaa qabaachuu waan danda'uuf, bu'aan qorannoo kun bakka hunda bakka bu'uu dhiisuu danda'a. Sababni isaas, sirni fuudhaa-heerumaafi hiikni weedduuwwan durbaa naannoo garagaraatti garaagarummaa aadaa, seenaafi hawaasummaa qabaachuu danda'uudha. Akkasumas, qorannichi gosoota weedduu durbaa muraasa qofatti, addatti weedduu Roobilee-Rooboo irratti xiyyeeffachuun gaggeeffame. Kanaafuu, gosoota weedduu durbaa sirna fuudhaa-heerumaa keessatti argaman hunda hammachuun hindanda'amne. Kunis hubannoo guutuu dubartummaa weedduuwwan kanaa irratti daangaa uuma. Akkasumas, qorannichi yaadiddama dubartummaa keessaa yaadiddama dubartummaa xabboofi yaadiddama dubartummaa aadaa fayyadamuun kan daangeffame waan ta'eef, yaadiddamoota biroo fayyadamuun xiinxala bal'aa gaggeessuun hindanda'amne. Kanaafuu, dubartummaa weedduuwwan durbaa sirna fuudhaa heerumaa keessatti mul'atu karaa yaadiddamaa hedduun ilaaluufi hiikuuf yaadiddamni dhimmi bahaame daanga'a ta'uu. Walumaagalatti, hanqinoonni kunneen bu'aa qorannichaa laaffisuu/hanqisuu osoo hintaane, daangaa qorannichaa ifatti kaa'uudhaan, qorannoowwan gara

fuurduraatti gaggeeffaman akka naannoolee adda addaa, gosoota weedduu durbaa bal'inaan, akkasumas yaadiddamoota garagaraa fayyadamuun gaggeeffamaniif kallattii akka ta'an ni gorsa ykn qorannoo bal'inaan gaggeeffamuuf kaka'umsa (suggestions for further research) ta'uun isaa ni amanama.

1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamuun dhiyaate. Boqonnaan jalqabaa seensa kan ofkeessatti hammate yoo ta'u, seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee bu'uura qorannichaa, kaayyoolee qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaatu dhiyaate. Akkasumas, ibsi naannoo qorannichaas boqonnaa kana keessatti dhiyaateera. Boqonnaa lama jalatti immoo sakatta'a barruulee wal-fakkiifi yaadiddama qorannichaatu dhiyaate. Itti aansuun boqonnaa sadaffaa keessatti ammoo, malleen qorannichaa kan dhiyaate yoo ta'u, isaanis: saxaxa qorannichaa, madda ragaalee qorannichaa, iddattoofi malleen iddatteessuu qorannichaa, malleen funaansa ragaalee qorannichaa, mala xiinxala ragaaleefi naamusa qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa afraffaan ammoo, qaaccessa ragaalee qorannichaati. Boqonnaa afraffaa kana keessatti mata dureen ijoo sadii kan dhiyaate yoo ta'u, kana jalattis, mata dureewwan xixiqqaa garagaraa jalatti ragaaleen qorannichaa xiinxalamanii dhiyaatanii jiru. Dhumarratti boqonnaa shanaffaa keessatti ammoo, goolaba, argannoofi yaboo qorannichaatu dhiyaate. Itti aansuun wabiilee qorannoo kanaaf wabeeffataman dhiyaataniiru. Dhumarratti immoo dabaleewwan kutaa garagaraatti qoodamuun dhiyaataniiru.

1.9. Ibsa Haala Naannoo Qorannichaa

Mata duree kana jalatti, waa'ee hidda latiinsa Oromoo Ituu fi sirna gadaa, gogeessota sirna gadaa Oromoo Ituu, argama Mi'eessoo, haala teessuma aanaa Mi'eessoo, akkaataa itti Oromoon Ituu addunyaa hubatuufi ibsu, falaasama Oromoon Ituu hormaataratti qabuutu dhiyaataniiru.

1.9. 1. Hidda latiinsa Oromoo Ituu

Oromoon Booranaafi Baarentuutti qoodama. Dameewwan gurguddoon kunneen maatii hedduu of jalaa qabu. Xiyyeeffannoon qorannoo kiyya Oromoo Ituu waan ta'eef, quxisuu Booranaa kan ta'e damee Baarentuu kan Oromoon Ituu keessatti argamu ibsuurraan eegala. Damee Oromoo Baarentuu jala Qomoo Oromoo shantu jira. Isaanis: Arsii (ilma Dhummuugaa), Anniyyaa (ilma Humbannaa), Karrayyuu (ilma Baarentuu), Ituu (ilma Murawwaa) fi Arfan Qal'oo (Ilmaan

Qal'oo)dha. Qomoon Oromoo shanan kunneen walitti shanan Baarentummaa jedhamu. Bakka birootti ammoo Walloofi Raayyaa itti dabaluun torban Baarentummaa kan jedhanis jiru. Raayyaan ilma Murawwaa ta'uun beekamaadha. Qorannoon dhimma hidda latiinsaa kanaan walqabatu geggeeffamuu akka qabun dhaama. Ilmaan Baarentummaa keessaa Ituu, Arfan Qal'oofi Anniyya akkuma qubsumti isaanii baha Oromiyaa ta'e, Baarentummaa sadeen bahaa jedhamanii beekamu. Kanaaf Oromoon Ituu Baarentummaa sadeen Bahaa keessaa tokko jechuudha (Booruu, 20215-6).

Latiinsa Ituutti yeroo deebinu, Ituun ilma Murawwaa Baarentuuti. Murawwaan ilma tokko qaba. Ilmi sunis Ituudha jechuudha. Ituun ammoo ilmaan kudhan (10) hore. Ilmaan Ituu kurnan kun: Baabboo, Gaadullaa, Waayyee, Alga, Elelle, Gaamo, Addaayyo, Beerree-Hidhabuu (Qaalluu), Arroojjiifi Baaye. Ilmaan Ituu kurnan kun kudhan Ituu jedhamuun beekamu. Hidda latiinsaarratti hundaa'uun gosti kurnan Ituu kun bakka lamatti qoodamu. Qoodamni lamaan kun Kuraafi Galaan jedhamu. Gosti kurnan Ituu kunniinis qoodamiinsa lamaan kana jalatti hiramuu jechuudha. Haaluma kanaan gosti damee Kuraajalatti ramadaman shan. Isaanis, Adaayyo, Alga, Arroojjii, Gaadullaafi Waayyeedha. Isaan kunneen shanan Kuraajedhamu. Gosoonni damee Galaan jalatti ramadamanis shan. Isaanis: Baabboo, Elelle, Beerree-Hidhabuu, Gaamoofi Baaye. Namoonni tokko tokko immoo Beerree Hidhabuu ykn Beerree-Kuttaayyee addatti baasuun Beerree-Hidhabuun addatti haadha manaa biraa irraa dhalate jedhu. Tokkoon tokkoon gosoota kurnan Ituu armaan olii caasaa ibididda, gosa, balbala, warraafi abbaa warraa jedhamanitti diddiriiru.

Oromoon Ituu kun ammas Man-Bultii gaafa Odaa Bultum bulan irratti hundaa'uun qoqqoodamiinsa biraa qaba. Qoodama kanarratti hundaa'uun, Ituu-kurnan qoodama lama kanneen Man-Baabboofi Man-Ituu jedhaman qabu. Gosootuma kurnan olitti Kuraafi Galaan jennee caasessine sanatu caaseffama kana jalatti bakka garaa garaatti qoodama jechuudha. Haala kanaan gosoonni Ituu gaafa Man-Bultii Odaa jala bulan 'Man-Baabboo'jedhamu. Gosoonni kunniin Baabbo, Alga, Gaadullaafi Elelle hoggaa ta'an, 'Arfan-Man-Baabboo jedhamu. Gosoonni qoodama man Ituu jala jiran immoo: Adaayyoo, Arroojjii, Baaye, Gaamoofi Waayyeedha. Kunis 'Shanii Mana Ituu' jedhamu. Waa'een qoodamiinsa lammataa kan kallattii Man-Bultii irratti hundaa'uun taasifamu kana Oromoon Ituu Mirriga keessatti ni ka'a. Gosoota

kamtu kallattii bahaafi Kaaba bahaa Odaa Bultumiin akkasumas kallattii kibbaafi kibba lixa Odaa Bultum (Darrabbaa) bule kan jedhu mirriga keessatti yoo ibsan:

Afuriin Odaa bule, shaniin Darrabbaa bule

Gaafattii halkan heeraa, hayyuun hasaasaa bule

Hayyuun hinhasaasuu; maaliif hasaasaa bule? (Booruu, 2021:8)

Mirriga kanarraa Man-Baabboofi Mana Ituu akka ibsu hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee qoodamiinsi Man-Baabboofi Man-Ituu kun qoodamiinsa dhiigaa hinibsu jechuudha. Kanaaf qoodamiinsa Ituu kan ulaagaa garaa garaa lamaan kana irratti hundaa'uun taasifamu kana sirriitti akka adda baafachuu qaban dhaameen darba. Kanaaf hiddi latiinsaa dhiigummaarratti hunda'uun Ituun Kuraafi Galaaniitti qoodama (Isuma f.8). Mirriga armaan olii kana kessatti, warri afurii heera tumaa bule. Warri shaniin darrabbaa bule taphataa bule. Gosti arfan heera tume aanaa Odaa Bultum keessa ni jira. Gara Mi'eessoofi Bordoddees gosti arfanuu ni jira. Shanan Darrabbaa bule, laga arbaa jiru. Magaalaa Koraa ykn Bordoddee baay'inaan jiru. Warri gaaddisa Odaa bulan heera namaa, biqilootaa, bineeldotaa, bishaaniifi lubbu maleeyyii hasaasaa bulan.

1.9.2. Sirna Gadaa Ituu

Uummanni Oromoo baroota dheeraan dura sirna gadaatiin caffee takko jalatti bulaa turan. Haa ta'u malee, gara boodarra baay'inni uummataa dabalaa dhufuufi dhiibbaawwan biroo irraa ka'uun caffee tokko jalatti buluun ni hafe. Gaafa kanarraa kaasee gosoonni Oromoo hunduu ona isaanitti caffee mataa ofii hundeeffatan. Kanumarraa ka'uun Oromoon Ituullee Odaa Bultumitti caffee ofii hundeeffatanii ittiin buluu eegalan. Oromoon caffee tokko jalatti buluu haa dhiisuyyu malee sirni gadaa Oromoo bakka hundattuu bifuma wal fakkaatuun itti fufe (Boruu, 2021). Yaada kanarratti maanguddoonni Ituu, "Oromoo akkuma hundeen takkaa heerris tokko; goorontoon addaani" jedhu.

Sadarkaaleen gadaa Oromoo Ituu Maxxaarrii (0-8), Rubboo, (9-16), Goobama (17-24), Kuusa (25-32), Raabaa Doorii (33-40), Qondaala/Gadooma (40-48) fi 34 Qondaala/Gadoomarra kaasee hamma waggaa torbaatamii sadiitti kan jiran Hayyuu ykn Yuuba jedhamu. Waggaa (73-80) kan jiran immoo Guutuu jedhamu. Guutuu booda kan jiran waggaa (80 olitti) hunduu maqaa Qululluu jedhamuun beekamu. Abbaan Gadaa tokko hoggaa luboomee gadaa fudhatu gosoota

Oromoo baay'ee biratti baalliin guchii akka mallattoo aangootti waliif kennama. Oromoo Ituu biratti garuu, akka mallattoo aangootti halangee roobiitu waliif dabarfama (Shaamil Hammaduu). Gosoota Ituu kurnan keessaa warri halangee fudhatanii abbaa gadaa ta'uu danda'an gosoota saddeeti. Gosoonni saddeettan kunneen "saddeet daadhii" jedhamu. Gosoonni saddeettan kunneen waggaa saddeet saddeetin gaafa abbaan gadaa halangee dabarsu Odaa Bultumitti tarreedhaan mana heeraa ijaarratu. Kana malees, guyyaa duraa hoggaa odaa dhufan, bishaan daadhiin naqamu maddaa yoo waraaban, eela yoo qotan, siidaa Dandee yoo godaananiifi galanis akka hangafaa quxisuutti tarreedhaan deemanii "tarree gadaa" jedhamuunis ni waammamu.

Gama Heera gadaatti yoo dhufnu Odaa Bultum jalatti heerri gadaa Oromoo akka guutameefi isa dura guutuu akka hinturre ragkennitoonni ni ibsu. Kanas osoo sirni gadaa Odaa Bultum hinhundeeffamin dura uummanni Oromoo sirna Gadaa tumatanii giddugaleessa isaanii bakka adda addaa godhatanii ittiin wal bulchaa akka turan ni himama. Iddooleen giddu galeessa sirna gadaa Oromoo ta'uun tajaajilaa turan keessaa muraasni Odaa Nabee, Odaa Bisil, Odaa Roobaafi Odaan Bulluq isaan hangafa turan jedhama. Boodarra Odaan Bultum hundaa'ee gidduu galeessa sirna gadaa Oromoo tahee tajaajilu jalqabe (Roobaa Raareefi kanneen biroo).

Heerri yeroo sana Odaa Bultum jalatti tumame heera bulchiinsa, heera amantii, heera daangaa ofii eeggachuu, heera hariiroo alaa, heera ijoollee, heera dubartii, heera dargaggootaa, heera loonii, heera nama nama ajjeesse, heera nama ija baasee, kan cabsee, heera akkaataa abbaa Gadaa itti filatan, heera nama heeyyama malee muka muree, heera nama icciitii baaseefi kan kana fakkaatan Odaa Bultum jalatti tumataman. Boodarraa Odaan Bultum kun giddu galeessa sirnaa Gadaa Oromoota baha Oromiyaa qofa osoo hintaane gidduu galeessa sirnaa Gadaa Oromoo hundaa akka tahu labsan. Odaan Bultumis Odaa quxxisuu hangafa akka tahu ta'u taasifame. Sababni isaas osoo Odaa Bultum giddugaleessa Oromoo tahee hinhundaa'in dura heeraafi seerri Oromoo hinguutamne. Booda garuu heeraafi seerri ummata Oromoo kan guutame Odaa Bultum jalatti ta'uu isa Shamsaddiin ni ibsa. Hawaasni naannawaa kana jiraatus dinagdee isaa horsiisaa gaalaafi re'ee akkasumas jimaarratti hunda'a (Boruu, 2021:75; Shamsaddiin 2008:49).


1.9.3. Gogeessota sirna gadaa Odaa Bultum

Miseensoonni (Gogeessonni) gadaa shanan Odaa Bultum baay'inaan shan yoo ta'an, isaaniis: Miseensa gadaa Horataa, miseensa gadaa Sabbaaqaa, miseensa gadaa Badhaadha(Dhiphisaa), miseensa gadaa Fadataafi Miseensa gadaa Daraaraa jedhamu. Miseensi gadaa horataa akkuma beekamu Oromoon Bareentumaa jalqaba dhufanii Odaa Bultum kan qubatan naannoo laga mormor ture jechuun maanguddoonni ibsu. Sababiin Bareentumni naannoo laga momor gadi dhiisee dhufee naannoo Odaa Bultum kana qubateef rakkoon addaa addaa waan irraa gahaa tureef akka ta'e maanguddoonni Ituu ni dubbatu. Rakkoon yeroo sanatti isaan mudatee ture rakkoo akka du'aafi beelaa yoo ta'u, yeroo sanatti horiiniifi namni walhin horu, kan dhalatus ni du'a ture, jiboonni hinbaroodan, harreen hiniyyitu, horii hinrima'u, namnii hinulfaa'u ture. Erga Odaa Bultum bulanii duutii irraa haftee, horiifi namniis walhoruu jalqabe kanuma irraa ka'uun gogeessa kana Oromoon Bareentumaa maqaa Horata jedhu kana akka baasaniif dubbatu. Horatis haala kanaan gogeessa gadaa isa jalqabaa jedhame jechuudha.

Gama gogeessa gadaa Sabbaaqaatti yeroo dhufnu uummanni kun jalqaba rakkoo beelaafi du'aan miidhamaa turee beelaafi du'arraa hafee hormaata jalqabe. Erga hormaata eegalaniin booda waggaa saddeet yeroo ga'uuf jedhan hormaanni isaa dachaan waan dabaleef gadaa itti aanuu maqaa maal jedhu baasna jedhanii waliin mari'atani. Kana booda Sabbaaqa baasaniif. Sabbaaqa jechuun hormaanni dachaan dabaluu jechuudha. Achiin sabbaaqni lammaffaarratti fudhate. 3^{ffaa} irratti immoo gadaan dhiphisaa kan ba'eef bara sana rakkinaa (beelaa)fi hongeen hammaachuu isaa ibsa. Haa ta'u malee, bara xumura gadaa dhiphisaatti gogiinsi dhufe hunduu darbee, horiin aannan kennuufi hormaanni qajeeluu akka jalqabe maanguddoonni Ituu ni ibsu. Sababa rakkinni kun hunduu gara bal'inaatti jijjiiramaa dhufeef gadaan kun dhiphisarraa badhaadhaan bakka akka buufame illee ni ibsu. 4^{ffaa} irratti gadaa gogeessi argamu gogeessa gadaa Fadataati. Gogeessi gadaa fadataa gadaa hormaata itti eegalanii turan dhiphisa ykn badhaadha keessa kan ture dachaanitti babal'ifataa turan akka ta'e himama. Kanaaf fadata jechuun babal'achuu yookiin dachaan dabaluu jechuudha. 5^{ffaa} irratti gogeessi gadaa daraaraa kan fudhate yoo ta'u, gadaa hormaataafi lafaan irra caalaa itti babal'atan akkasumas duutiifi waraansi hinjirre ta'e garuu xumurarra barri gadaa kanaa waggaa tokko yeroo hafu sirna nafxanyaatiin sirni gadaa Odaa Bultum akka addaan cituuf sababa ta'e (Shamsaddiin 2008:56-58)

1.9.4. Argama Mi'eessoo

Aanaan Mi'eessoo aanaalee 20 Godina Harargee Lixaa keessaa tokko yoo ta'u, naannoo Oromiyaa keessatti argama. Akka ragaan aanichaa agarsiisutti Mi'eessoo Magaalaa gudditti Oromiyaa, Finfinnee, irraa kiloometira 282, Magaalaa guddittii Godina Harargee Lixaa, Ciiraa, irraa kiloometira 25, Fagaattee argamti. Gandoota Aanaan Mi'eessoo qabdu keessaa baadiyaan gandoota soddomii tokko (31)fi magaalaa gandoota lama (2) ofkeessaa qabdi. Akka walii galaatti gandoota soddomii sadii qabdi. Aanaan Mi'eessoo aanota adda addaan kan daangeffamtuu yoo ta'u, kallattii bahaan aanaa Doobbaa, kan daangeffamtu yommuu ta'u, kallattii dhihaan aanaa Gumbii Bordoddee, kallattii kaabaan aanaa Naannoo Affaariifi, kallattii Kibbaan Ciiraa daangeffamtee argamti. Walumaagalatti bal'inni waliigalaa aanaa Mi'eessoo heektara 186,716 qabatee argama (Madda: Waajjira Maallaqaafi Misooma Dinagdee Aanaa Mi'eessoo guyyaa 24/08/2018).



Suura: 1.9. Kaartaa bakka argama Mi'eessoo

1.9.5. Haala teessuma Mi'eessoo

Haala teessuma Mi'eessoo ilaalchisee Mi'eessoon tulluuwwaniifi olka'insa lafaa beekamoon keessattti argamti. Isaanis: Tulluu Dirribaa, Orfoo, Tukaa, Husee, Daalachaa, Asabootfi Suufiiti. Olka'insi guddaan tulluu Asaboota irratti kan argamu yoo ta'u, meetira 2506'dha. Olka'insi gadi aanaan ammoo meetira 900 dha. Laggeen gurguddoon aanaa kanaa: Dirribaa, Qoraan Gogoo, Lakkuu, Ciroo, Jijjigaa, Bacceeysaafi Mi'eessoodha. Laggeen kanneen irra caalaan isaanii hojii jallisiif itti fayyadamu. Haroon uumamaa yookiin mootummaa keessatti hojjetame hinjiru. Naannoon kun haala qilleensa garaagaraa qaba. Kutaaleen tokko tokko ho'aafi gogaa yoo ta'an kaan ammoo qilleensa qabbanaa'aa qaba. Ho'i waggaa giddu galeessaa 22°C hanga 39°C'dha. Roobni waggaa giddugaleessa 400mm-750mm gahuu danda'a. Gosti biyyee keessatti argamu: biyyee gurraachaa, diimaa, bunaafi cirracha. Bal'ina lafa keessaa harka guddaa kan qabu biyyee gurraacha yoo ta'u tilmaamaan %60 ta'a. Akka tilmaama mootummaa bara 2016fi 2017tti baay'inni uummata aanaa Mi'eessoo namoota 144,750 ta'a. Kana keessaa ammoo jiraataan magaalaa keessatti 29,126, baadiyyaa 115,624dha. Uummanni baadiyyaa irra caalaan isaanii hojii qonnaa irratti hirkatu.

1.9.6. Aadaa Fuudhaaf Heerumaa Oromoo Ituu

Gosoonni aadaa fuudhaa-heerumaa Oromoota Ituu biratti beekkaman hedduudha. Isaan keessaa bal'inaan kan raawwataman kaadhimannaa, hawadii ykn jala deemmaafi man-tumee ykn dhaala. Gosoonni fuudhaa kanneen akka buttaafi cabsaa fa'a duraan raawwatamaa kan turan yoo ta'anillee yeroo ammaa kana hafa dhufanii jiru. Jala deemmaa ykn hawadiin gosa fuudhaa heerumaa ka gurbaafi micayyoon wal jaalatanii waliin galaniidha. Akka maanguddoonni jedhanitti, dur fuuni jala deemmaa kan mirkanaa'ee gurbaafi intalli maatii ta'an yoo intalli achi dura karra ambaa ta'uu baattedha. Ituun duratti intala karra namaa taate hin fuudhu. Yeroo as dhiyoo keessa garuu aadaan tun cabdee namni intala karra namaa taatellee fudhachuun akka eegalamte maanguddoonni ni dubbatu. Dhaalli immoo gosa fuudhaa heerumaa dubartii abbaan manaa irraa du'e obboleeyyan ykn fira isaa keessaa fuusisaniidha. Kunis, akka aadaatti dubartiin sun yoo nama ambaatti heerumte ijoolleen nama du'e sanii akka hinmiidhamneef jedhameeti (Rattaa 2023).

Gosoota fuudhaa-heerumaa jiran keessaa Ituu biratti baay'inaan kan raawwatamuufi jaalatamaan kaadhimannaadha. Yeroo har'aa kana garuu jala deemmaan haalaan babal'achaa

jiraachuu maanguddoonni ni dubbatu. Kaadhimannaan sirna duudhaa hawaasichaa eegee waan raawwatamuuf gosoota kaawwan caalaa bal'inaan ilaaluun gaarii ta'a (Xaahir Sa'iid). Kaadhimannaan Oromoota Ituu biratti fuudha-lookoo ganamaa jedhamuun beekama. Fuudha lookoo ganamaa jechuun immoo kan dhufe ulee fuudhaa-heerumaa lookoo jedhamtu gurbaafi intalli qabatan irraa ka'eeti. Gurbaan muka urgeessaarraa ulee lama muratee qabatee fuudha dhaqa. Intalaafis maatiin siinqeefi lookoo urgeessaa takka qopheessuuf. Haala kanaan ijoolleen lamaanuu lookoo urgeessaa waan harkatti qabataniif gosti fuudhaa-heerumaa kunillee baay'inaan fuudha lookoo ganamaa jedhamee beekama. Gosti fuudhaa kun maatiin gurbaa ilma isaanitiif warra jaalatan tokkorraa intala kaadhimatanii itti fuudhu. Aadaan fuudhaa-heerumaa kuni adeemsa garagaraa keessa darbuun raawwatama.

Adeemsonni kunneenis Kaadhimannaa, guyyaa guduunfaa, guyyaa fuudhaa, mana hawataafi karra seennaadha (Alii sa'iid, Xaahir Sa'iid). Aadaa Oromoo Ituu keessatti maatiin gurbaa intala ilma isaanitti fuudhuu barbaada erga laallatanii waa hunda qoratan booda guduunfaa geeffatu. Guduunfaa mayra tu geeffama. Abbaan gurbaa guyyaa guduunfaa geeffatu kana jaarsa ambaa nama tokko qabatee qa'ee warra dubraa dhaqu. Akkuma qa'ee warraa gahanii erga oofkaltii gaafatan booda warra intalaatin, mayra sinirratti argannee dhufnee, “nu magarsaa jedhuun. Hoggaa isaan kana jedhan abbaan intalaa “mayra nutu qabaa seenaa” jedhaan. Kana booda hoggaa gara manaatti seenuuf jedhan abbaan gurbaa qarmammee manaarratti marga fuudhee dhufe guduunfatee gara manaatti ol seenu. Erga mana seenan boodallee akkuma hoggaa alaa sanitti oofkaltii erga gaafatan booda “nu magarsaa” jedhuun. Abbaan warraa sunis akkasumatti deebii kennaaf. Kana booda beellama qabatu. Guyyaa beellama itti aanuu osoon ga'in warri intalaa eessummaan, adeerran, adaadaa, akkoofi akaakaan, akkasumas ollaan waa'ee warra marga itti geeffatee qoratani, irratti mar'atu Akkuma warri gurbaa qoratee dhaqe, warri intalaas qoratani kennuuf jechuudha.

1.9.7. Falaasama Oromoo Ituu gama Hormaataatiin

Dubartii ilmaan hortu yoo dhiira sagal deesse namni bishaan dura hinwaraabbatu. Bitaa'oo tumte jedhamnti. Cibraa dhaawwatti. Gateeyyii jedhamti. Kana jechuun hormaata jabeessite kanaaf ni kabajamti jechuudha. Haadha Bitaa'ooti hineegan jedhamti. Malkaa tarramuurrattis isheefi abbaa manaa isheef dursa kennamaaf. Bitaa'oo tumuufi kallacha tolchuun hormaata jechuudha. Nama ijoollee dhiira sagal deesseef hundi walitti baasee fardaan ijoollee isaa taphachiisa. Abbaa fardaa

heetoo heetoo buli buli jechuun taphachiisa. Dubartiin dhiira kudhan walitti aansitee deesseef ammoo abbaa fardaa kana irraa buufatti. Kanaaf, kan dubartiin isaa sagal deesse kan mootutu jira. Hoggaa dhalaa ta'ee gatuun isheedhaa ajjeechaan biyyatti kan bulchu dhiira kana jechuudha. Dhalaadhan ta'e malee cibraan hedduu da'ee. Duulli dubartii dhaluu dhiira kudhaniin dhalee bu'i aabboo fardarraa jettee buufatti (Abdii Jiloo, Sa'iid Aliifi kanneen biroo).

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE WAL-FAKKII

Boqonnaa kana keessatti; qorannoo kanaan walqabatee hojiiwwan yookiin qorannoowwan kanaan dura hojjetaman sakatta’ama. Qabiyyeewwan boqonnaa kanaa keessatti hammatamanis; yaadrimee fuudhaa-heerumaa, gosoota fuudhaa-heerumaa, maalummaa weedduu, weedduu fuudhaa-heerumaa, gosoota weedduu fuudhaa- heerumaa dubartootaa, dubartiifi dubartummaa, akkasumas dubartummaafi weedduu fuudhaa-heerumaatu ibsameera. Akkasumas yaadiddama qorannichaa adeemsisuuf dhimma bahaamantu sakatta’amaniiru.

2.1. Yaadrimee Fuudhaa-Heerumaa

Fuudhaa-heerumni dhaabbata hawaasummaa, aadaa, seeraafi mallattoo ta’ee walitti dhufeenya namoota lamaa akka aadaatti seeraan eeyyamameefi beekamtii hawaasaatiin mirkanaa’edha. Kaayyoon isaa ijoo maatii ijaaruu, dhaloota itti fufsiisuu, sirna hawaasummaa eegu, qabeenya wal-qooduufi safuu hawaasaa tikfachuudha. Haallifi hiikni fuudhaa-heerumaa akka addunyaatti, biyyatti, sabaatti, aadaafi yeroo garagaraatti garaagarummaa qabaatus, hojiin isaa waliigalaa ta’e keessaa tokko walitti dhufeenya saalaa seeraan sirreessuu, hariiroo firootan ijaaruu, dhaala qabeenyaafi itti gaafatamummaa hawaasaa murteessuudha. Hayyoonni saayinsii hawaasaa fuudhaa- heerumaa akka dhaabbata hawaasummaa tokkootti ilaalu. Akka Murdock (1949) ibsetti, Fuudhaa-heerumni walitti dhufeenya dhiiraafi dubartii seeraan mirkanaa’e kan dhaloota seeraan eegufi itti fufiinsa hawaasaa mirkaneessudha. Kunis fuudhaa-heerumni itti fufiinsa hawaasaafi dhalootaaf shoora guddaa qabaachuu isaa agarsiisa. Giddens (2009) ibsetti, fuudhaa-heerumni waliigaltee hawaasaa kan jireenya waliinii, mirga, dirqamaafi itti gaafatamummaa namoota walitti hidhame murteessuudha jechuun ibsa. Kanaaf, fuudhaa-heerumni filannoo dhuunfaa qofa osoo hintaane seera hawaasaa bal’aa keessatti hammatama yookiin aadaa hawaasaa keessatti hariiroo cimaa qaba. Haaluma kanaan, Fuudhaaf heerumni addunyaa seera mootummaafi waliigaltee dhuunfaa irratti caalaatti hundaa’a; fuudhaa- heerumni Oromoo ammoo safuu, seera, aadaafi waliigaltee hawaasaa irratti kan ijaarameedha.

Sabni kamiyyuus ta’e yookiin uummanni kamiyyuu aadaa eenyummaa isaa ittiin ibsatu keessaa sirni fuudhaa-heerumaan isa tokkoodha. Aadaan fuudhaa-heerumaa akka maanguddoonni Oromoo jedhanitti qaamni lama kan saalaan garaagaraa ta’an fedhiifi jaalala namoota sanaa irratti hundaa’uun yoo milkiin walii isaanii tole kan walfuudhaniidha (Xaahir, 2021:14). Sirni fuudhaa-heerumaa adeemsa dhiirriifi dubartiin walfuudhuun ijoollee godhatanii abbaa manaafi

haadha manaa ta'anii tokkummaan jiraataniidha. Akkasumas, akka aadaa Oromootti fuudhaa-heerumni waliigaltee dhuunfaa namoota lama qofa osoo hintaane, waliigaltee maatiifi gosa irratti kan hundaa'edha.

Fuudhaa-heerumaan seera, aadaa, safuufi gorsa jaarsolii jalatti qindaa'ee raawwatama; sirni kun tasgabbii hawaasaafi kabaja miseensota hawaasaa hundaaf bu'uura ta'a (Dirribii, 2009). Fuudhaa-heerumni Oromoo ofdanda'uu qabeenya, itti gaafatamummaa maatiifi hariiroo gosa lamaa sirnaan ijaaru keessatti gahee olaanaa qaba (Bayen, 2002). Kanaaf, fuudhaaf heerumni akka dhaabbata hawaasaafi dinagdee hawaasaa ijaaru keessatti gahee guddaa akka qabutti hubatama. Safuu Waaqaa birattis ta'ee akka aadaa Oromootti, fuudhaa-heerumni kan raawwatamuu namoota lama gidduutti; kunis dhiira tokkoofi dubartii tokko gidduutti gaggeeffama (Filee, 2016). Safuun Oromoo sirna fuudhaa-heerumaa keessatti iddoo olaanaa qaba. Safuun seera hinbarreeffamne kan amaloota, murtiifi gocha hawaasaa to'atudha. Fuudhaa-heerumni safuu cabsuun raawwatamu akka yakka aadaafi seeraa ta'etti hawaasa keessatti ilaalama (Kuwee, 2004). Kanaafuu, fuudhaaf heerumni Oromoo addunyaa irraa adda ta'een, safuufi seera aadaa irratti caalaatti hirkata. Walumaagalatti, sirna fuudhaa-heerumaa keessatti wantoonni raawwataman adeemsa mataa isaanii eeggatanii raawwataman keessaa weedduun durbaa isa tokkoodha. Uummanni Oromoo Ituus weedduu durbaatti gargaaramuun haala jiruufi jireenya isaanii keessattuu dubartoonni gahee isaan taphatan yookiin miira isaaniittii dhaga'ame baafatanii ittiin ibsataniidha.

2.2. Gosoota Fuudhaa-Heerumaa

Aadaa Oromoo biratti fuudhaaf heerumaanii sirna hawaasaafi safuu irratti hundaa'edha; godinaalee Oromiyaa Sabboo goonaa, Maccaaf Tuulama, Sikkoof Mandoo, Karrayyuufi Ituu keessatti adeemsi sirna fuudhaa-heerumaa raawwatu hamma tokko adda addaa ta'uu isaa qorannooleen agarsiisu. Haaluma kanaan qorannoowwan adda addaa akka mul'isanitti gosoonni fuudhaa heerumaa Oromoo biratti beekamoon: Naqataa (Kaadhimannaa), Sabbat-Marii, Haawwii, Gabbaraa, Butii, Ascennaafi dhaalaa kanneen isaan ijoodha (Gemechu'fi Assefa 2006). Gosoonni fuudhaa-heerumaa hundi isaanii aadaa, duudhaa, safuufi seera hawaasaa irratti hundaa'uun raawwatamu. Akkasumas, naannoolee adda addaa keessatti maqaafi akkaataa raawwii isaanii keessatti garaagarummaan jiraatus, kaayyoon isaanii maatii ijaaruufi hariiroo hawaasummaa cimsuudha.

Oromoo Ituu birattis gosoonni fuudhaa-heerumaa garaagaraa beekamu. Isaan keessaa kaadhimannaa, jala deemmaa, dhaalaa (man- tumee), butiifi cabsaa yookiin irra- ejjennaan isaan beekamoodha (Ragaa af-gaaffii: Xaahir Sa'iid) irraa argame. Gosoota kanneen keessaa kaadhimannaan isa bal'inaan beekamuufi hawaasni irra caalaatti itti fayyadamuudha. Haaluma kanaan, gosoota fuudhaa-heerumaa Oromoo Ituu keessaa, weedduun Roobilee-Rooboo sirna fuudhaa heerumaa Kaadhimannaa irratti weeddifama. Yeroo intala heerumtuuf maatii, firootaniifi dubartoota hawaasaa biratti weeddifamuun gorsa, jajjabinaafi dhaamsa garaagaraa dabarsuu keessatti shoora olaanaa taphata. Kanaaf, weedduun kun qaama sirna fuudhaa-heerumaa keessaa ta'ee duudhaa, safuufi ilaalcha hawaasaa calaqqisiisuun beekama.

2.3. Maalummaa Weedduu

Weedduun gosa afoolaa keessaa tokko yoo ta'u, bifa walalootiin kan dhiyaatu, sagalee laafaa, qallaafi midhagaa yaada namaa haawwatu, bashannansiisu qalbii fuudhu; yeroo baay'ee meeshaa muuziqaa ykn sochii qaamaan kan tumsamuudha. Dubbii barreeffame caalaa, haala raawwii (performance context) irratti kan hundaa'eedha. Kana jechuun, hiikni weedduu jechoota qofa irratti xiyyeeffata osoo hintaane, sagalee, yeroo, bakkaafi namoota raawwatan irratti hundaa'a. Finnegan (1976) akka ibsiteetti, weedduun ogbarruu afoolaa kan ta'e jireenya hawaasaa keessatti hojii ogbarruufi aadaa walitti hidhuu qaba. Kanaaf, weedduun waan dubbifamu qofa osoo hintaane, waan dhaggeeffatamuufi hirmaannaa hawaasaa keessatti kan raawwatamuudha. Weedduun akka ogbarruu afoolaa ta'uun isaa, akka Bascom ibsutti, hojii hawaasummaa waliin hidhata qaba. Inni akka ibsutti, afoolli keessumaa weedduun, karaa itti hawaasni of- qajeelchu, of-barsiisuufi aadaa isaa tikfatuudha (Bascom, 1965, f.344-345). Yaadni kun weedduun bashannansiisuu qofatti kan daangeffamuu osoo hintaane akka meeshaa of- bulchiinsa hawaasaa akka ta'e hubachuuf nu gargaara.

Akkasumas, weedduun akka sirna qunnamtii hawaasaa tokkotti hubatamuu qaba. Namoonni hawaasa tokko keessatti yaada isaanii ifatti ibsachuu hindandeenye yeroo tokko tokko, karaa weedduutiin of ibsu. Kanaafuu, weedduun sagalee uummataa ta'uun, rakkoo, abdii, gammachuufi gadda hawaasaa calaqqisiisa. Weedduun Oromoo sirna jireenya hawaasaa keessatti dhalatee, akka seera barreeffamaa hinqabneetti hawaasa keessatti hojiira oola. Weedduun Oromoo akka ogbarruu afoolaa jiraataa (living oral literature) ta'etti ilaalamuu danda'a (Assefa, 1991).

Weedduun ogbarruu afoolaadha, raawwiidhaan malee hiikni isaa guutuu hinta’u, hawaasa waliin hidhata qaba, seenaa, aadaafi yaada uummataa calaqqisiisa. Kana malees, weedduun akka meeshaa barnootaa hawaasaa tokkotti hubatamuu danda’a. Hawaasni karaa weedduutiin seerota aadaa, safuu, qooda saalaafi walitti dhufeenya hawaasaa barsiisa. Kana jechuun barnoota idilee hinbarreeffamne (informal education) akka ta’etti hojiirraa oola. Afoolli keessumaa weedduun, barnoota hawaasaafi eegumsa aadaa ta’e tajaajila (Bascom1965). Kanaaf, weedduun qunnamtii hawaasaafi eenyummaa, seenaa, aadaafi barnoota hawaasaa tamsaasa, akkasumas, yoomessa irratti jijjiirama qaba.

Weedduu ilaalchisee hayyoonni yaada garagaraa kaasanii jiru. Finnegan (1976), “Oral literature is society’s stored knowledge transmitted artistically through performance” jetti. Kana jechuun weedduun kuusaa beekumsa hawaasaa ta’ee dhaloota irraa gara dhalootaatti darbuun qooda olaanaa qaba. Akkasumas, Finnegan (1970) irratti, weedduun “Artistic communication rooted in collective experience” jechuun ibsiti. Yaada kana irraa wanti hubatamu weedduun sirba qofa osoo hintaane, qajeelfamaafi seenaa hawaasaa ofkeessaa qaba. Akkasumas, afoolli akka weedduu “text” qofa osoo hintaane, “event” ta’ee ilaalamu qaba. Kana jechuun hiikni isaa raawwiidhaan malee guutuu hinta’u (Finnegan, 1976). Bartels (1983) weedduu Oromoo xiinxaluudhaan “The Oromo song is an echo of their moral order, their waaqa based world view and Gadaa ethics” jedha. Weedduun calaqqee safuu, amantii, waaqeffannaafi seera Gadaa ofkeessaa qaba. Assefa (1991) weedduun, “Teaches social norms, strengthens unity, and regulates social behavior” jechuun ibsa. Kana jechuun weedduun hawaasa keessatti gahee tokkummaa, qajeelfama aadaafi mala bulchiinsaa ofkeessatti qaba. Kanaaf, weedduun haala raawwii (performance) keessatti, sagalee, sochiifi hirmaannaa dhageeffattootaa waliin hidhata cimaa qaba. Uummanni Oromoos haala jiruufi jireenya isaa keessatti gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsatuufi gorsa isaa ittiin dabarfatuudha. Kanaaf, weedduun akkaataa ittiin hawaasni yaada, seenaa, hubannoofi duudhaa isaa dabarfatu ofkeessaa qaba.

2.4. Weedduu Fuudhaa-Heerumaa

Weedduu fuudhaa heerumaa jechuun sirna fuudhaa-heerumaa irratti sirbamu/ weeddifamu jechuudha. Weedduun fuudhaa heerumaa Oromoo aadaafi duudhaa Oromoo keessatti iddoo olaanaa qaba. Weedduun kun sirna fuudhaa heerumaa keessatti dhimmoota jaalalaa, miira, aadaa, safuu hawaasummaa, seera fuudhaa-heerumaa, kabaja maatiifi hawaasa keessatti walitti

dhufeenya calaqqisiisa. Weedduun fuudhaa- heerumaa sirna aadaa Oromoo keessatti, qabeenya seenaa dhalootaaf dabarsu, aadaafi miira hawaasummaa dabarsu, walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu; dhiirafi dubartii walitti fiduu, maatiifi hawaasa waliin hirmaachisuu keessatti shoora guddaa qaba (Mekonnen, 2010; Boru, 2015). Weedduun fuudhaa-heerumaa sirna aadaa Oromoo biratti, afoola (oral literature) ta'uun hubatama; kanaaf jecha qorannoo afoola Oromoo keessatti iddoo olaanaa qaba. Afoolli Oromoo ka'umsa guddina hawaasummaafi ilaalcha qalbii namoota ibsuuf tajaajila. Akkuma Finnegan (2012) ibsitetti, afoolli aadaa hawaasa tokkoo keessatti odeeffannoo seenaa, ilaalchaafi duudhaa jireenyaa dhaloota gara dhalootatti dabarsuuf tajaajila.

Haaluma kanaan, weedduun fuudhaa heerumaa aadaa Oromoo keessatti akka karaa hubannoo fuudhaa-heerumaafi hariiroo hawaasummaa cimsuutti hubatama. Weedduun fuudhaa-heerumaa yeroo sirna fuudhaa-heerumaa sirbamuun, miira dargaggoota akka jaalala, soda, abdiifi hawwii fa'a ifa godha (Finniga, 2012). Kana jechuun, weedduu kana akka karaa of-ibsannaa hawaasummaa, keessattuu dubartootaafi dargaggootaaf, tajaajila taasisa. Baay'inaan qorannoowwan afoolaa irratti hubatamutti, sagaleen shamarranii yeroo hedduu karaa weedduutiin hawaasa keessatti dhaga'ama yaada jedhudha.

Weedduun aadaalee biroo, seenaa, safuu, amalafi qajeelfama hawaasummaa dabarsuuf bakka guddaa qaba. Akka Hassen (1990) ibsetti, aadaaleen Oromoo hedduun seera hinbarreeffamne qaba; seeronni kunneen ammoo afoolaafi sirna aadaa garagaraatiin tamsa'u. Weedduun fuudhaa-heerumaa seera hawaasummaa akkanaa dabarsuuf shoora olaanaa qaba. Weedduuwan kana keessatti, seera eeyyamamaafi hineeyyamamne, akkasumas itti gaafatamummaa abbaafi haadha warraa, karaa fakkeenya qabuufi mammaaksaatiin ibsamu. Hayyoonni afoolaas akka jedhanitti: Sirni weedduu kun itti fufiinsa aadaafi ilaalcha waggoota dheeraaf jiru kan calaqqisiisuudha. Kunis weedduu kanaan dhalaonni haaraan ilaalcha fuudhaa heerumaa, kabaja maatiifi itti gaafatamummaa nama tokkoof dabarsa. Kana malees, weedduun fuudhaa- heerumaa keessatti safuu hawaasummaa calaqqisa. Innis karaalee garaagaraan calaqqisa: Itti gaafatamummaafi amanamummaa dargaggoonni fuudhaniifi heeruman mirgaafi itti gaafatamummaa qabaniin wal yaadachiisu, walqunnamtii hawaasummaa uumuu; maatiin, ollaaniifi hawaasni tokko bakka isaanii beekanii walqunnamtii cimsu.

Hayyoonni seenaa, aadaafi afoolaa akka ibsanitti, weedduun fuudhaa heerumaa mammaaksaafi fakkeenya jireenyaa ofkeessaa qaba; kunis ogbarruu afoola Oromoo keessatti bakka olaanaa qaba. Kanaaf, weedduun fuudhaa-heerumaa keessatti jaalalaafi hubannoo walqunnamtii calaqqisiisa. Weedduun tokko tokko jaalala walqixxummaafi walhubannoo dhugaa ittiin ibsu. Hayyoonni aadaa akka jedhanitti filmii (diraamaa) afoolaa keessa jiru fakkeessanii ilaalanii: weedduun fuudhaa-heerumaa dargaggoota keessatti yaada jaalalaafi fuulduratti tarkaanfii jireenyaa sirna qabu kennuuf gargaara. Kunis akka hubannaa jaalalaafi walqunnamtii hawaasummaafi seenaa Oromoo keessatti gahee guddaa qabaatu ifa taasisa. Walumaagalatti, weedduun fuudhaa- heerumaa safuu Oromoo calaqqisiisa. Safuun kun kabaja maatii, wal kabajuu maatii lamaa, amanamummaafi waliif yaaduu kan ofkeessaa qabuudha. Kanaaf, fuudhaaf heerumni dhimma dhuunfaa qofa osoo hintaane, dhimma hawaasa guutuu akka ta'e weedduun hubachiisa.

2.5. Gosoota Weedduu Fuudhaa-Heerumaa Dubartootaa

Qoqqooddii weedduu ilaalchisee hayyoonni garagaraas ta'e qorattoonni akkaataa qoqqooddii isaa irratti garaagarummaa qaba ykn qaawwa kan qabuudha. Gosoota weedduu ilaalchisee Birhaanuun (2014, f. 17) qorannoo isaa keessatti Gammachuu (2003, f. 6) wabeeffachuun akka ibsutti, gosoonni weedduu iddoo lamatti qoodamu. Isaanis: Weedduu aadaafi weedduu ammayyaa yoo ta'u, weedduun aadaa dirqama meeshaa muuziqaa kan barbaadu miti. Weedduu ammayyaa garuu dirqama meeshaa muuziqaan deeggaramu barbaada. *A song can have one of the types. These are art song and folk song; the folk song does not need musical composition (Encyclopedia Britanica 1993, vol.11).* Birhaanuu (2014, f. 17)fi kanneen biroo qorannoo isaanii keessatti Orgin (1986:65) wabeeffachuun akka ibsanitti, “Art songs have identifiable composers and are intended for performance by professional or at least careful taught singers.” jedha. Yaadni kunis weedduun aadaas ta'e kan ammayyaa akkaataafi qabiyyee isaa irratti hundoofne weedduu loonii, weedduu amantii, weedduu hojii, weedduu gootaa, weedduu cidhaa jedhamanii qoqqoodamuu akka danda'an ni kaasuu. Qorannoon kunis gosoota weedduu keessaa weedduu dubartootaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, weedduu dubartootaa keessaa immoo weedduu cidhaarratti kan xiyyeeffatedha. Weedduu cidhaa dubartootaa irratti kanneen weeddifaman immoo weedduuwwan kanneen akka mararoo, baye-bayee, heelleefi Roobilee-Rooboo fa'a. Haaluma kanaan, qorannoon kunis gosoota weedduu cidha keessaa weedduu Roobilee-Rooboo Oromoo Ituu irratti xiyyeeffate.

2.5.1. Weedduu Heellee

Weedduun heellee Oromoota Harargee biratti kan beekamu ta'e, heelleen tapha shamarranii yookaan dubartootaati. Taadalaan (2016) qorannoo isaa keessatti waa'ee heellee akka ibseetti, heelleen dhalaadhaan yookiin hawwaniifi shamarranin weeddifama. Akkasumas, heelleen kan weeddifamus gurbaan fuudhu mucayyoo mana warra intalaa yeroo baafatuufi mana maatii isaa yeroo galfatu hiriyyoonni intala heerumtuufi dubartoonni gaa'ela kana irratti argamaniin akka weeddifamu ibsa. Kana malees, yeroo gurbaan mucayyoo fudhatee mana maatii isaa yeroo galfatu shamarraniifi dubartoota ollaa gurbaa fuudheen kan weeddifamuudha. Geremew'fi Hunduma (2018) qorannoo isaanii keessatti heelleefi sirboota biroo akka mirriysaa, shaggooyyee fa'a dirree aadaafi gorsa hawaasaa akka agarsiisu ibsan. Sirboonni kunniin miira, seenaafi hubannoo hawaasaa dabarsu, akkasumas sirna tokko cimsachuu keessatti gahee olaanaa qaba. Qorannoowwan adda addaa irraa wanti hubatamu, heelleefi sirboonni afoola Oromoo miira, aadaa, seenaafi hubannoo hawaasaa dabarsuuf kan oolan, akkasumas 'social cohesionfi cultural continuity' tiksuum tajaajila cimaa akka qaban ni mul'isa. Weedduuleen sirna fuudhaa heerumaa Oromoota Ituu biratti beekaman kanneen biroos akka; heellamaa, lakkoo, Roobilee-Rooboo fa'a yoo ta'u isaan keessaa qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu Roobilee-Rooboo irrattiidha.

2.5.2. Weedduu Roobilee- Rooboo

Weedduun Roobilee- Rooboo Oromoota Ituu biratti kan beekamu yoo ta'u, innis dubartootaan kan weeddifamuudha. Weedduun kun taphoota kaan irraa adda. Wanta adda isa godhu keessa taphoonni kaan dhaabbatanii kan taphatan yoo ta'u Roobilee- Rooboon garuu, tattaa'anii taphatu. Kaayyoon guddaa Roobilee-Rooboo intalaaf dhaamsafi gorsa kennuudha. Tapha garagaraa hedduu halkan Roobilee xiqqoofi guddoo taphatan keessaa Roobilee- Rooboon iddoo guddaa qaba. Roobilee-Rooboo kanaan intalatti waa hedduu dhaamu. Akka aadaa Ituutti taphni Roobilee-Rooboo kan taphatan halkan warra intalaatti dubartootaan galgala keessaa sa'aatti sadii hanga jahaatti taphatama. Halkan kana warri dubartootaa tapha roobilee kana wal jalaa qabuun, "Roobilee-Rooboo Yaa Rooboo Rooboo" yookiin "Roobilee-Rooboo" jechaa intala heerumaaf deemtuuf taphatu. Guyyaa kana booda miseensa maatii biraa ta'uufi maatii isheetiin adda bahuu isheetti huuba irraa fuudhanii itti himan. Gorsa warraafi hiriyaan intalaa guyyaa kana intala gorsuun haalaan murteessaadha jedhu maanguddoonni. Ituu "intala hiddaatu jaartii

nama godha” jedhu. Hidda jechuun warra intalaatuu intala isaanii gorse namaaf qajeelcha jechuudha.

Akka ragaan ragkennitoota irraa argameetti, Roobilee-Rooboo yeroo cidhaa weedduu intala heerumtuuf weeddifamuudha. Moggaasni maqaa “Roobilee-Rooboo” jedhu kun hiika garaagaraa qaba. Akka ragkennitoonni ragaa kennanitti, Rooboon haadha intala heerumsiiftu yoo ta’u, Roobileen ammoo intala Rooboo kan heerumtuudha. Karaa biraan ammoo, Rooboon Haadha gosa Oromoo Ituu akka taates ni ibsu. Dhimmi kun qorannoo gadi fagoo kan barbaaduudha. Weedduun kun, galgala kan taphatamu yoo ta’u, osoo intalli hinbahin dura ollaan walitti bahee intala heerumtuuf taphatama. Weedduun kun yeroo baay’ee gorsa, akeekkachiisaafi barsiisa jireenyaa ofkeessaa qaba. Gorsichi akkaataa intalli heerumaaf deemtu mana ishii itti eeggattu, jireenya maatii keessatti jiru itti of-qopheessituufi haala itti maatii haaraa wajjin waliigaltee uumtu irratti xiyyeeffata. Akkasumas, akkaataa itti haadha manaa gaarii taatee jiraattu, abbaa manaa ishii waliin kabajaafi wal-hubannaan jireenya ishii gaggeeffattu irratti akeekkachiisni ni kennama (Af-gaaffiifi marii gareetiin: Gurraandhala 05/2018, Seeyix Alii Sa’id, Xaahir Sa’id Waaqoofi kanneen biroo).

Roobilee-Rooboon gorsa qofa osoo hintaane muuxannoo jireenyaa darbe irraa kan maddeedha. Maanguddoonniifi dubartoonni muuxannoo qaban sirna kana keessatti weedduu kanaan intala heerumtu gorsu. Gorsu kun haala jireenya maatii keessatti uumamuu danda’u irratti xiyyeeffachuun, intalli heerumtu obsaan, hubannaafi kabajaan jireenya ishii akka gaggeessitu akeekkachiisa. Kanaafuu, Roobilee- Rooboon sirna aadaa keessatti intala heerumtuuf gorsa, barsiisa jireenyaafi qajeelfama dabarsuuf kan tajaajiludha. Dabalataan, muuxannoo jireenyaa maanguddootaafi dubartoota hawaasa keessaa gara dhaloota haaraatti dabarsuuf shoora guddaa qaba (Af-gaaffii: Amajjii 28/2018, Aashaa Alii Gulbee, Amiinaa Haajjima Doobatee). Intalli heerumtu sun itti gaafatamummaafi jireenya arguuf deemtu keessatti waan isheen gochuu qabdu bifa gorsaan akka armaan gadiitti dhaamuufi.

Akka Xaahir Sa’id Waaqoo af-gaaffii: Guraandhala, 05/2018 taasifame ibsanitti, manni maatii dhalootaafi manni heerumte itti deemtu adda ta’us, yeroo intalti heerumtu maatiin gorsa bal’aa itti kennu. Haadha gurbaa akka haadha isheetti, abbaa gurbaas akka abbaa isheetti ilaaltu itti himama. Akkasumas obboleeyyan gurbaas akka obboleeyyan isheetti kabajaafi ulfinaan akka waliin jiraattu gorfamti. Kana malees, miseensota maatii sanaa hundumaa maqaa kabajaa

qabuun waamti. Haadha gurbaa “aayyiiyyoo”, abbaa gurbaa “aabbii” jechuun waamti. Obboleessa gurbaa “duumaashaa”, obboleettii immoo “sayyuu” jetti. Kana malees, namoota maatii bal’aa keessaa jiran akka adaadaa, eessumaafi kanneen biroo maqaa kabajaafi firummaa agarsiisuun waamti. Kanaaf, Roobilee-Rooboon intalti akkamitti akka jiraachuu qabdu, maatii waliin wal-kabajuu qabduufi safuu hawaasaa eeguu qabdu barsiisu keessatti shoora guddaa qabaachuu isaa mul’isa.

Kanaafuu, weedduu kana kan taphatu shammarrani. Namoonni kaan ni dhageeffatu. Kunis gorsa namoonni Roobilee-Rooboo sirban sun dhaamaniif dhaggeeffachaa namoota weedduu taphatan sanaaf tajaajilli akka godhamuuf taasisu.

2.6. Dubartiifi Dubartummaa

Dubartiin saala baayoloojikaalawaa ykn uumamaan argattuudha. Dubartiin uumamaan saala dubartii qabattee kan dhalattuudha. Baaca (2022:10) yoo ibsu, “Dubartoonni qaama hawaasaati.” jedha. Akka barreeffama yaada kanaatti, dubartiin dhala namaa keessaa ishee ga’eessa taate, ga’eessumaan duratti, daa’ima dubaraa yookiin intala jedhamtee waamamtuudha jechuudha. Gama biraatiin, saala jechuun, uumamaan dhiira yookaan dubartii ta’anii argamuufi ulaagaa qaamni nama tokkoo uumamaan guutu yoo ta’u, koorniyaan immoo ilaalcha fi hubannoo hawaasni dhiira ykn dubartii ta’anii uumamuuf kennu; amala hawaasni dhiira/dubartiirraa eeguudha (Lee, 2005).

Dubartummaan aadaa hawaasaa keessatti akkaataa itti dubartiin bocamtuufi ibsamtuudha. Dubartummaan jecha dubartii, iddoo ishee hawaasa keessatti qabduufi haala jireenyaa ishee ibsuudha. Dubartummaan haala jireenyaa dubartootaa, seenaa isaaniifi rakkoo isaan mudatan hubachuuf kan gargaaruudha. Dubartummaa ilaalchisee barreessitoonni garaa garaa haala garagaraatiin hiika laataniiru. Aragon (2004) “Femininity is commonly understood to refer to a collection of qualities or attributes associated with women in distinction from men, whose own qualities are signified by the antonym masculinity” Akka yaada kanaatti, dubartummaan wantoota dubartoota dhiirarraa adda godhan bu’uureffata. Wantoonni dubartoota dhiira irraa adda godhan kunneen immoo dhiiraaf dubartii gidduu garaagarummaa jiru kanneen agarsiisaniidha. Dubartummaa kan jedhamu yeroo baay’ee ilaalcha dubartootaa kan dhiiraatiin bakka buusuurratti kan xiyyeeffatuudha (Schippers, 2007). Bifuma walfakkaatuun

Dubartummaan aadaa hawaasa keessatti qoqqooddii hojii bu'uureffata (Sointu, 2011). Kunis dubartootaaf akka daa'ima kunuunsuufi hojiiwwan xixiqqaa kennuufi bu'uureffata jechuun ibsa.

Jechi dubartummaa jedhu gama xiinsammuu, hawaasummaafi dinagdee, amalaafi ga'ee dubartootaaf kenname ibsuuf kan itti fayyadamuudha. Kunis amaloota dubartii kan akka garaa laafummaa, dhiiraan ajajamuu/bitamuu, gargaarsa barbaaduufi hirkattummaan kan ibsamuudha. Dubartummaan amala/ilaalcha hawaasni dubartiif qabuufi hariiroo hawaasaaf dubartii gidduu jiru agarsiisa. Kanarraa ka'uun dubartummaan qaama hawaasa tokkoof barbaachisaa ta'eefi akka walqunnamsiistuufi kunuunsituutti tajaajiluudha. Yaadrimeen dubartummaas haala kanaan yoo ibsameefi hubatame hiika qajeelaa argata (Clare 2017:1). Hiikti dubartummaaf kennamu koorniyaa wajjiin wal qabata. Wood fi Eagly's (2015) dhimma koorniyaa kallattii lamaan qorachuun akka danda'amu ibsu. Inni jalqabaa ilaalcha namoonni saala isaaniif faallaa qabaniifi akkaataa isaan hawaasa keessatti gama amalaa, xiinsammuufi hojiitiin itti ibsaniidha. Lammaffaan immoo ilaalcha dubartoonni ofiif qabaniifi iddoo isaan ofiif kennan bu'uureffata jechuun ibsu. Kunis namni tokko saala uumamaan kennameef irratti hundaa'ee akkamitti akka of ilaaluufi of ibsu akkasumas xiinsammuun akka of amansiisu xiyyeeffata.

Dubartiif dubartummaa ilaalcha hawaasaa Oromootiin gaafa ilaalamu hawaasni saalaratti hundaa'uudhaan dubartii yookaan dhiiraaf hiika adda addaa kenna. Waan adda addaatiinis fakkeessuudhaan ibsa. Oromoon dubartiifi dhiiraa uumaafi uumamoota adda addaatiin fakkeessuun ibsa. Yaada kana ilaalchisuun Faanoseen (2016), Kelbessa (2001:25) wabeeffachuun yoo ibsu, Oromoon Waaqa akka abbaatti, haadha immoo akka lafaatti ilaala jedha. Yaadni kunis:

They consider the earth as their mother. They underscore that they suck the breast of the earth as the baby sucks its mother's breast. All things originate from the earth and depend on the resources of the earth for their survival. The earth is the source of nourishment, survival and life,...Waaqa is like a father. He gives them rain and helps the earth grow different plants. In fact, the Oromo do not say that the earth is Waaqa's wife. What is clear is that Waaqa is considered as a male where as the earth is considered as a female.

Yaada olii kanarraa wanti hubatamu, Oromoon oolmaa lafti dhala namaaf ooltu akka oolmaa haati ilmoo isheef ooltutti hubachuun lafa yoo faarsu haadhaan fakkeessa. Lafaa koorniyaa dubartii kennee waan haati ilmoo isheef gootu oolma namni dacheerraa argatuun fakkeessa.

Lafti akkuma haati ilmoo isheef garaa laaftu, harma hoosiftee guddistu, nyaachistee obaastu, yoo dhalli ishee amala badaa illee qabaate/qabaatte ati hintaatu mucaa koo miti deemi narraa osoo hinjedhiniin obsaan hunda dandeessuutti, laftis dandeessuufi madda jireenya ta'uun gaheen haadhaa isheef kennanuun ibsamte. Abbaan immoo jechama Oromoo 'Abbaan ofii Waaqa' akkuma jedhamutti, Waaqaan fakkeeffame. Abbaa qabeenyaa ta'uun isaa akkuma Waaqni rooba roobee akka lafti waa hunda biqilchitu abbaan yookaan dhiirri gahee kana kan bahuu danda'u ta'uu isaa ibsame. Akka barreessaan kun ibsetti, Oromoon abbaa Waaqaan, haadha immoo lafaan haa fakkeessuu malee, Waaqaaf lafti hariiroo abbaafi haadha warraati qabu hinjedhu; Waaqaaf saala dhiiraafi gahee dhiiraa, lafaaf saala dubartiifi gahee dubartii kennuun, Waaqa dhiiraan lafa immoo dubartiin fakkeessuun ibse.

Akka ilaalcha Oromootti lafti dubartiin, Waaqni immoo dhiiraan kan fakkeeffaman ta'uu Getahun (2016) yoo ibsu, "The Oromo call their land Dachee haadha Margoo...Land is symbolized with mother jedha. Yaada Oromoon dacheen kan oolmaa guddaa isaa ooltu ta'uu, kan jiruufi jireenyaa isaa keessatti murteessituu taate ta'uu ibsuuf haadhaan fakkeessee dachee haadha margoo kan waa biqilchuun beekamtu, akkuma haati ilmoo deesse ofitummaa malee guddistu, laftis waa hunda biqilchitee of-duuba qabaa tokko malee kan namaaf gumaachituudha jechuun jaalala guddaa qabu haadhaan wal-bira qabee karaa argate hundaan ibsa.

2.7. Dubartummaafi Weedduu Fuudhaa Heerumaa

Sirna aadaa Oromoo keessatti, fuudhaaf heerumni sirna hawaasummaa qofa osoo hintaane, bakka eenyummaa, safuufi walitti dhufeenya maatii itti ijaaramaniidha. Sirna kana keessatti, weedduun fuudhaa-heerumaa akka qaama afoola Oromoo tajaajiluun, yaadaafi muuxannoo namoota hirmaatan karaa sagaleefi jechaatiin dabarsa. Keessattuu, weedduun kun bakka dubartoonni miira, yaaddoo, abdiifi hawwii isaanii ittiin ibsan ta'uun isaa kan hinhaalamnedha. Akkasumas weedduun fuudhaaf heerumaa dubartummaa akka waan sirna qofa jala jirtutti qofa osoo hintaane, akka haala jireenya dubartoonni itti of ijaaraniifi itti of ibsataniitti mul'isa. Dubartoonni yeroo fuudhaa-heerumaa irratti weeddisan, seera aadaa hordoofuu qofa osoo hintaane, muuxannoo isaanii, hubannoo isaanii ilaalcha isaanii karaa weedduutiin calaqqisiisuu. Kanaaf, weedduun kun bakka dubartummaan itti ibsamu, itti mar'atamuufi yeroo tokko tokko immoo itti falmatamuuti. Kanaaf, qorannoon kun dubartummaa weedduu fuudhaa-heerumaa keessatti akka haala hawaasummaa, dinagdee, aadaa adda addaan ibsamu irratti

xiyyeeffata. Kunis, dubartummaa akka waan uumamaan kenname osoo hintaane, akka waan afoolaan aadaatiiniifi muuxannoo jireenyaa dubartootaan ijaarameetti hubachuuf carraa banaa.

Hayyoonni qorannoo afoola (oral literature)fi qorattoonni koorniyaa (gender studies) addunyaa irratti hojjetan akka ibsanitti, weedduuwwan sirna fuudhaa-heerumaaa keessatti sirbaman/weeddifaman bakka dubartoonni itti muuxannoo isaanii calaqqisiisaniidha. Finnegan (2012) akka ibsitetti, afoolli yeroo baay'ee bakka sagaleen dubartootaa ifatti mul'atudha. Sababni isaas sirna barreessaa keessatti sagaleen isaanii danqamuun afoolaan ofdanda'u. Qorattoonni akka Ortner (1974)fi Butler (1990) yaada isaanii irratti, dubartummaan waan uumamaan kenname osoo hintaane, hawaasummaan ijaarame (socially constructed)dha. Haaluma kanaan, weedduun fuudhaa- heerumaa dubartummaaa akkamitti akka hawaasatti ijaarame, maal akka irraa eegamuufi daangaa ishee akkamitti akka kaa'ame ifa godha. Hayyoonni dubartummaa (feminist) akka Abu-Lughod (1990) akka ibsanitti, weedduuwwan dubartootaa yeroo hedduu meeshaa mormiifi marii dhokataa ta'u. Dubartoonni sirna aangoo dhiiraa keessatti yaada isaanii ifatti dubbachuu hindandeenye yeroo hedduu, weedduufi sirba fayyadamuun komii, gaddaafi yaada isaanii dabarsu. Kanaaf, weedduun fuudhaa-heerumaa akka karaa 'resistance & negotiation' dubartoonni itti fayyadamanitti hubatama.

Dabalataanis, qorattoonni akka Boserup (1970)fi Kabeer akka ibsanitti, dubartummaan dinagdeefi hawaasummaa waliin walitti hidhata cimaa qaba. Weedduu fuudhaa- heerumaa keessatti, dubartiin akka humna hojii, akka qabeenya maatii eegduufi akka bu'uura dinagdee manaatti dhiyaattii. Garuu, yaadni kun yeroo tokko tokkoo hojii dubartootaa akka waan uumamaan irraa eegamuutti dhiyeessuun, walqixxummaa irratti gaaffii kaasa. Qorattoonni Oromoo dubartummaa irratti hojjetan akka Alemayehu Kumsa (1997) akka ibsanitti, aadaan Oromoo yeroo tokko tokkoo dubartoota daangessuus, yeroo biraa immoo karaa aadaafi afoolaan dubartootaaf carraa aangoofi sagalee uuma. Kanaaf, weedduun fuudhaa-heerumaa fakkeenya gaariidha. Walumaagalatti, hayyoonni addunyaafi Oromoo akka waliigalanitti, weedduun fuudhaa-heerumaa meeshaa ijaarsa dubartummaadha, akkasumas akka meeshaa to'annoo hawaasummaafi mormii dhokataa ta'uu isaati. Garaagarummaan jiru immoo: hayyoonni addunyaa irra caalaa yaadiddama koorniyaa irratti hundaa'u, hayyoonni Oromoo immoo aadaa, safuufi hariiroo hawaasummaa irratti xiyyeeffatu.

2.8. Yaadiddama Qorannichaa

Bu`uura bu`aafi falaasama isaaniitiin yaadiddamoonni afoolaa hedduudha. Yaadiddamoota jiran keessaa qorannoo kana keessatti gumaacha kan qaban.

2.8.1. Yaadiddama Dubartummaa (Feminism Theory)

Yaadiddamni dubartummaa (feminism theory) yaadiddama hawaasummaa, aadaafi seenaa kan haala dubartummaa (gender/humanhood), hariiroo dhiiraafi dubartii, akkasumas walqixxummaa saalaa qorachuun, cunqursaa dubartii adda baasee hubachuufi hiikuuf yaaludha. Yaadiddamni kun dubartummaa akka uumamaan kennamu qofa osoo hintaane akka ijaarama hawaasummaatti hubata. Kana jechuun, haalli dubartoonni hawaasa keessatti ittiin ilaalaman, ittiin jiraataniifi sagalee isaanii ibsatan xiinxala. Kanaaf, yaadiddama dubartummaa keessatti, akka ija xiinxalaatti (analytical lens) fayyadamuun, haala dubartummaan aadaa, seenaa, dinagadeefi hariiroo hawaasummaa keessatti calaqqisu hiikuuf gargaara. Yaadiddamni dubartummaa sirna ‘patriarchy’ jedhamu kan humni, aangooniifi murtiin caalaatti harka dhiiraatti argamu adda baasee ibsa; akkasumas, bu’aa sirna kanaa jireenya dubartootaa irratti mul’atu ifatti agarsiisa. Yaadiddamni dubartummaa akka dhimmoota uumamaa yookiin seeraa qofaatti osoo hintaane, akka bu’aa ijaarsa hawaasummaa, aadaa, seenaafi haala jireenyaa ta’etti hubatama (Tong, 2009). Kana jechuun, dubartummaan haala hawaasa tokko keessatti akka itti hiikamufi akka itti muuxannoo ta’u qorannoo gadifageenyaan ilaala. Akka Hooks (2000) ibsutti, yaadiddamni dubartummaa kaayyoon isaa mormii dhiiraa qofa osoo hintaane, sirna hawaasummaa walxaxaa kan dubartoota daangessu hubachuufi ibsuu irratti xiyyeeffata.

Yaadiddamni dubartummaa yaada nama tokko qofaan jalqabee yeroo gabaabaa keessatti dagaage miti; bu’aa yaadaa, qorannoofi sochii hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti hayyoota, barreessitootaafi falmitoota mirga dubartootaa hedduun gumaachan irraa maddeedha. Kaayyoon yaadiddama kanaas dubartoonni hawaasa keessatti mirga, carraafi kabaja isaanii akka argatan gochuufi walqixxummaa saalaa irratti hubannoo uumuudha. Seenaa yaadiddama dubartummaa keessatti hayyoonni hedduun gahee guddaa taphatanii jiru. Isaan keessaa Mary Wollstonecraft kitaaba ishee ‘*A Vindication of the Rights of Woman*’ jedhu keessatti dubartoonni mirga barnootaafi carraa walqixxaa akka argatan cimsitee falmuun yaadota jalqabaa yaadiddama dubartummaa keessatti bakka guddaa qaban keessaa tokko dhiheessite (Wollstonecraft, 1792/2004). Boodarra immoo Simone de Beauvoir kitaaba ishee ‘*The Second Sex*’ jedhu keessatti dubartummaan uumamaan kan murtaa’u osoo hintaane, adeemsa

hawaasummaafi aadaatiin kan ijaaramu ta'uu ibsuun yaadiddama dubartummaa gara sadarkaa haaraa keessatti guddisuuf gahee olaanaa taphatte (Beauvoir, 1949/2011). Yaadonni hayyoota kanaafi kanneen isaanii fakkaatan, dubartummaan akka dhimmoota uumamaa qofaatti osoo hintaane akka ijaarsa hawaasaa, aadaafi seenaa waliin walqabatuutti akka ilaalamu taasisaa dhufaniiru. Kanaaf, yaadiddamni dubartummaa yeroo ammaa keessatti haala hawaasni dubartoota itti ilaalu, bakka isaan hawaasa keessatti qabaniifi walitti dhufeenya aangoo gidduu jiru xiinxaluuf bu'uura yaadaa barbaachisaa ta'ee tajaajilaa jira.

Seenaa yaadaa irratti hundaa'uun yaadiddamni dubartummaa jalqaba Awurooppaafi Ameerikaa kaabaa keessatti dhuma jaarraa 18^{ffaa} fi jalqaba jaarraa 19^{ffaa} keessa akka sochii seeraafi siyaasaarratti jalqabame. Garuu yeroo boodaa, haala seenaafi aadaa adda addaa Aashiyaafi addunyaa kolonii boodaa babal'ate. Haala kanaan yaadiddamoonni akka 'African/Indigenous' feminism kanneen aadaa Afrikaa keessatti dubartummaa haala ofii isaa qabuun ibsuuf yaalan, qorannoo aadaafi fookiloorii keessatti iddoo olaanaa argatan. Haaluma kanaan, jaarraa 20^{ffaa} keessa yaadiddamni dubartummaa saayinsii hawaasummaa, ogbarruu, seenaafi qorannoo aadaa keessatti akka meeshaa xiinxala (analytical framework) sirnaan hojiirra oole (Tong, 2009). Waa'ee dubartootaa ilaalchisee, Agonito (1979) akka ibsetti, dubartiin qaamaan baay'ee dadhabduufi dhiiraan gadi kan taate, hir'ina akka qabanitti yaadamaa akka ture ibsa. Yaada kana irraa wanti hubatamu, dubartootaaf hojiin adda bahee akka waan kennameetti, dhiira qixa hojjechuu akka hindandeenyetti ilaalcha badaa hawaasa adda addaa keessa akka turedha.

Yaadiddamni kuni dubartoonni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti olaantummaafi gadaantummaa haadha manaafi abbaa manaa jidduu jiran, akkaataa dubbii, hirmaannaa aangoo siyaasaa keessatti qaban, safuu dubartoonni qaban qorachuu irratti gahee olaana qaba. Yaadiddamni kun haala itti dubartoonni, hirmaannaa siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee keessatti qaban, ciminafi hanqina isaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti sadarkaalee adda addaatti qaban qorachuudhaaf kallattii qorannoo kanaaf kan laatedha.

Kaayyoon yaadiddama dubartummaa qorannoo kana keessatti dhimma itti bahaameef, yaadiddamni dubartummaa akka meeshaa mormii yookiin akka yaada deeggaruu tokkootti fayyadeera jechuu osoo hintaane, akka meeshaa xiinxala (analytical framework)tti fayyadeera. Kana jechuun, qorannichi yaadiddama dubartummaa fayyadamuun sirna fuudhaa-heerumaa

yookiin aadaa Oromoo akka sirna cunqursaa qofaatti balaaleffachuu yookaan akka sirna hanqina hinqabneetti dhiyeessuuf hindhiyaanne. Faayidaan yaadiddama kanaa, haala weedduuwwan durbaa keessatti dubartoonni of-ibsan, akkamiitti hawaasummaa, dinagdee, walqixxummaa saalaafi aadaa keessatti bakka isaanii mul'isan hubachisuuf gumaacheera. Haala kanaan, yaadiddamni dubartummaa qorannoo kana keessatti akka qorattuun ittiin ilaaltu ta'ee fayyadeera. Kunis, weedduu Roobilee-Rooboo keessatti sagaleen dubartii akkamitti dhaga'ama, yaadni ishee hawaasummaafi dingadee ijaaruu keessatti akkamitti ibsama, akkasumas hariiroon dhiiraafi dubartii akkatti aadaa keessatti calaqqisu adda baasee hubachuuf dandeessiseera. Kana malees, yaadiddamni dubartummaa akka muuxannoo jiraatamaa (live experience) ta'ee ilaaluun weedduu akka mala ibsa muuxannoo kanaa ta'ee hiikuuf bu'uura buuseera.

Yaadiddamni dubartummaa ilaalcha kana cimsuun, weedduu keessatti dubartiin dhiira waliin haala hirmaannaa, hirmaannaa murtiifi sagalee ishee ittiin dhageessisuun akkamitti akka calaqqisu hubachuuf gumaacheera. Haaluma kanaan gahee dubartoonni hawaasummaa, dinagdeefi aadaa keessatti qaban ifatti mul'isa. Walumaagalatti, yaadiddamni dubartummaa qorannoo kana keessatti bu'uura yaadiddama cimaa ta'ee fayyadeera. Sirna fuudhaa-heerumaa keessatti dubartummaa, hawaasummaafi dinagdee keessatti gahee isaan qaban hubachuufi hiikuuf dandeessiseera. Kanaaf, filannoon yaadiddama dubartummaa qorannoo kanaaf taasifame, mata duree, kaayyoo fi haala ragaa qorannoo waliin walsimuun, bu'aa qorannoo kanaa quubsaafi amanamaa ta'u taasiiseera.

Guddina isaa waliin, yaadiddamni dubartummaa yaada tokko qofa ta'ee hinhafne; gosoota adda addaa horate. Gosoonni yaadiddama dubartummaa kanneen akka: 'liberal, radical, Marxist, socialist, cultural, intersectional feminism' fikkf.jedhaman haala seenaafi hawaasummaa adda addaa irratti hundaa'uun uumaman (Lorber, 2010). Qorannoo aadaafi fookiloorii keessatti, addatti immoo qorannoo weedduu durbaa irratti gaggeeffamuuf, gosoota yaadiddama dubartummaa hunda fayyadamuun barbaachisaa miti; gosoota jiran keessaa kaayyoo qorannoo waliin walsimatan filachuun kan gaggeeffameedha. Haaluma kanaan, qorannoo kanaaf, 'African Indigenous Feminism, cultural feminism' tti dhimma bahaameera.

2.8.1.1. Yaadiddama Dubartummaa Xabboo (African Indigenous Feminism)

Kaayyoon qorannoo kanaa weedduu durbaa sirna fuudhaa heerumaa keessatti dubartummaan hawaasummaafi dinagdee keessatti akkamitti akka calaqqisu xiinxaluudha. Kaayyoo kana

bu'uura godhachuun, qorannoo kana keessatti 'indigenous feminism' dhimma bahaameera. Yaadiddamni dubartummaa kun bu'uurri isaa aadaa, seenaafi muuxannoo dubartoota Afrikaa irraa kan fudhatameedha (Amadiume, 1997; Oyewumi, 1997). Maqaa "Indigenous" jedhu kan kennameef, yaadiddamni kun dubartummaa dhihaa (western feminism) irraa adda; sababni isaas, dubartummaan akka dhimma siyaasaa ykn alaa qofaatti osoo hintaane, akka waan sirna hawaasummaa, aadaafi seenaa keessatti ijaaramaatti hubata. Hayyoonni kunniin yaada dubartummaa dhihaa qeequun, muuxannoo dubartoota Afrikaa irraa ka'uun yaadiddama haaraa uuman; dubartoonni Afrikaa hojii dinagdee, aadaafi hooggansa hawaasummaa keessatti gahee olaanaa akka qaban ibsaniiru.

Qorannoo kana keessatti, 'African indigenous feminism' fayyadamuun muuxannoo hawaasummaafi aadaa ijaarama hubachuuf bu'uura cimaa kenneera. Weedduu durbaa keessatti, yaadiddamni kun dubartoota akka madda seenaafi aadaa calaqqisan hubachuuf gahee isaan dinagdeefi ijaarsa hawaasaa keessatti qaban xiinxaluuf akka haala aadaafi seenaa keessatti calaqqisu ifa gochuuf gargaara.

2.8.1.2. Yaadiddama Dubartummaa Aadaa (Cultural feminism)

Yaadiddamni 'cultural feminism' bara 1970moota keessa, hayyoota akka Carol Gilligan fi Mary Daly'tiin guddate. Hayyoonni kunneen dubartoonni akkaataa itti yaaduu, ibsuufi walqunnamtii uuman qabaachuu isaanii ibsaniiru. Yaadiddamni dubartummaa xiyyeeffannoon isaa miira, qabeenya uumamaa, beekumsa aadaafi muuxannoo dubartootaa irratti kan xiyyeeffatuudha (Gilligan, 1982; Daily, 1973). Yaadiddamni kun dubartummaa akka madda beekumsa, miira uumamaa, ilaalcha, akkasumas dubartoonni aadaa hawaasa keessatti akkamitti gahee isaanii calaqqisan xiinxaluuf tajaajila. Kanaaf, yaadiddamni kun aadaa dubartootaa akka waan xiqqeessuu osoo hintaane, akka madda beekumsaafi ijaarsa hawaasummaa ta'eetti hubata. Yaadiddamni kun qorannoo kana keessatti, weedduu afoola keessatti weedduun kunniin aadaa fuudhaa- heerumaa, safuufi duudhaa dubartootaa, miiraafi yaada dubartootaa akkatti calaqqisiisan hubachuuf dandeessiseera.

Qorannoo kana keessatti yaadiddamoonni 'African Indigenous Feminism' fi 'Cultural Feminism' sababni filatamaniif weedduu Roobilee-Rooboo keessatti calaqqisiisan dubartummaa haala aadaafi hawaasummaa Oromoo Ituu keessatti hubachuuf waan mijataniifi. 'African Indigenous Feminism' dubartoota Afrikaa akka qaama sirna aadaa, seenaafi

hawaasummaa keessatti gahee murteessaa qabanitti ilaala. Yaadiddamni dubartoota kun akka garee miidhamtoota qofaatti osoo hintaane akka namoota hojii dinagdee, ijaarsa maatii, tikfannaa duudhaafi walitti dhufeenya hawaasaa keessatti shoora olaanaa qabanitti hubata. Kanaaf, weedduu Roobilee-Rooboo keessatti gahee dubartootaa, itti gaafatamummaa isaaniifi iddoo isaanii hawaasa keessatti qaban xiinxaluuf bu’uura ta’eera. Haaluma walfakkaatuun, yaadiddama ‘Cultural Feminism’ muuxannoo, miiraa, beekumsaafi duudhaa dubartootaa akka madda beekumsaatti ilaala. Weedduun Roobilee-Rooboo dubartootaan kan uumamuufi dubartootaan dhalootaa irraa dhalootatti kan darbudha. Kanaaf, yaadota, gorsa, safuufi muuxannoo jireenyaa dubartootaa qabiyyee weedduu keessatti calaqqisan hiikuufi xiinxaluuf yaadiddamni kun mijataa ta’ee argameera.

Kana malees, qorannoo kana keessatti qabiyyeewwan weedduu keessaa argaman akka ibsa qofaatti osoo hindhiyaatin, ilaalcha hawaasni dubartootaaf qabu, gahee isaan irraa eeggamu, akkasumas dhiibbaa yaadota kanaa jireenya hawaasummaafi dinagdee dubartootaa irratti geessisan akka qorataatti xiinxalamanii hiikamaniiru. Haaluma kanaan, yaadiddamoonni filataman kun ilaalcha dubartummaa weedduu keessatti ijaaramu, gahee dubartootaafi hariiroo isaanii hawaasa waliin qaban hiikuu, ibsuufi xiinxaluuf tajaajilaniiru. Kanaafuu, yaadiddamoonni kun kaayyoo qorannoo kanaafi mala xiinxala ragaa keessatti kallattii kennuun hojii irra oolaniiru.

2.9. Qorannoo Aantee

Qorannoowwan garagaraa kanaan dura gaggeeffaman sakata’amanii jiru. Hanga ammaatti garuu, qorannoon kallattiidhaan Dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa heerumaa keessatti, weedduu filatame keessaa Roobilee-RoobooOromoo Ituu irratti gaggeeffame jiraachuu baatanillee, qorannoon tokko tokko kan qorannoo kana deeggaran dhiyaataniiru. Qorannoowwan sakatta’aman keessaa; Aliyyii Abdullaahi (2013) “Xiinxala qabiyyee sirba heellee: Oromoo Harargee bulchiinsa magaalaa Dirree Dhawaa xiinxalu” jedhu irratti Yuunivarsiitii Haramayaatti ulaagaa digrii lammaffaa guuttachuuf qorateera. Qorannoon kun qoqqooddii sirba heellee, sirbi heellee dubartoonni warra dhiirarraa addatti kan qaban ta’u xiyyeeffateera. Garaagarummaan qorannoo kanaafi qorannoo qoratichaa giddu jiru; qorattichi sirba heellee irratti sirbaman ragaa afoolaa maanguddootarraa argaman xiinxaleera. Haa ta’u

malee, xiyyeeffannoon weedduu Roobilee-Rooboo qorannoo kana keessatti dubartummaa haala kamiin akka calaqqisiisu, intala heerumtuu jireenya haaraa kan hubachiisuufi kan gorsuudha.

Aliyyii Abraahiim (2015) “Xiinxala qabiyyee fi tajaajila sirboota gaa’ela Oromoo Harargee Aanaa Baddanoo: Heelleefi Heellama” irratti ulaagaa digrii lammaffaa guuttachuuf qorannoo hojjeteera. Qorannoo kana keessatti heelleefi heellamaan qabiyyeewwan garagaraa akka qaban, heelleen kan dubartootaa ta’uufi heellamaan immoo kan dhiirota ta’uu ni kaasa. Qorannoon kun kan dubartootaafi kan dhiirotaatiin adda baase haa ibsamuu malee, haala qabatamaa hawaasichaatiin dubartummaa yookiin dhiirummaa haala kanaatiin ibsaa kan jedhu irratti kan xiyyeeffatu miti. Qorannoon koo immoo, weedduun filatame kun dubartummaa akka qaama jiruufi jireenya hawaasummaatiin haala kamiin agarsiisaa kan jedhu irratti xiyyeeffata. Akkasumas, Balaayiness Yessuyyee (2013) “Qaaccessa sirba Lakkoo haala raawwii gaa’ela Oromoo Ituu Aanaa Habroo keessatti” jedhu irratti ulaagaa digrii lammaffaa guuttachuuf qorannoo hojjetee jirti. Qorannoon ishees gama qabiyyee fi yoomessa isaatiin yoomiifi eessatti akka jedhamu irratti kan xiyyeeffatedha.

Qorannoon kunis qabiyyee fi yoomessa irratti xiyyeeffatus, qorannoon qorattuu kanaa garuu, kaayyoolee qorannoo kun weedduu filatame irratti kan xiyyeeffate miti. Akkasumas, Taaddalaa Olaanaa (2016) “Qaaccessa weedduu Lakkoo: Haala Oromoo Gaamoo Godina Harargee Lixaa Aanaa Gubbaa Qorichaa” irratti barnoota digrii lammaffaa guuttachuuf qorannoo hojjeteera. Qorannoo kana keessatti gosoota weedduu, ga’ee weedduu lakkoo adda baasuu irratti xiyyeeffata. Akkasumas, qabiyyeen qorataa dhimmoota garagaraa bu’uurefata. Kanaaf, qorannoon kun qorannoo koo waliin garaagarummaa qaba. Kanaafuu, garaagarummaan qorannoon kanaafi qorannoowwan armaan oliitti kaafaman wanti adda godhuus, kaayyoo qorannootiin garaagarummaa qaba. Akkasumas, qorannoon koo weedduu roobilee-rooboon dubartummaa haala qabatamaa hawaasichaatiin akkamiin akka agarsiisuu irratti xiyyeeffachuun xiinxaleera. Qorannooleen armaan oliitti kaafaman kunniin gosa Oromoo Ituu irratti kan xiyyeeffatan yoo ta’u, wanti isaan kaasan waa’ee weedduu heelleefi heellama, dikkoo, shaggooyyee, dhichiisaa, fa’a irratti xiyyeeffachuun kan hojjetamaniidha. Weedduuwwan kunniin sirna fuudhaa-heerumaa qofa irratti kan xiyyeeffatan osoo hinta’iin jiloota kan biroo irrattillee dhimma bahaamu akka danda’aniifi yoomessa garagaraa akka qaban ni kaasuu malee Oromoon Ituu weedduu Roobilee-Rooboo jedhamu qabaachuu isaafi weedduuwwan biroo

keessatti illee dubartummaan haala jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti weedduudhaan haala kanaan dhiyyeessa jedhu kan qoratame miti. Kun ammoo kallattii isaan qorataniin beekumsa gumaachu qabaatus, beekumsa aadaa gama weedduu Roobilee-Roobootiin qabu gumaachuurratti qaawwi mul'achuu isaati. Haa ta'u malee, qorannoowwan qortoonni armaan oliitti qoratan kun akka waliigalaatti, aadaa Oromoo Ituu beeksiisuu yookiin hubachiisuu keessatti wanta isaan gumaachan ni qabu jedheen amana.

Dabalataan weedduu fuudhaaf heerumaan walqabatee qorannoolee godinoota garagaraa keessatti hojjetaman jiru. Faaxumaa Hasanii (2012) “Qaacceessa ergaa weedduu fuudhaafi heerumaa Godina Illuu Abbaa Boor” irratti Yuunivarsiitii Jimmaatti gaggeessite jirti. Birhaanuu Gabbisaa (2014) “Qaacceessa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Liiban Jaawwii” irratti Yuunivarsiitii Ambootti qorateera. Daalachaa Hajjii Badhaasoo (2019) “Xiinxala qabiyyee faaruu baye-bayee: Godina Arsii Lixaa Aanaa Qoree” irratti Yuunivarsiitii Haramayaatti qorateera. Inasarmuu Waaqjiraa (2013) “Qaacceessa sirboota Arrabsoo Gaa'elaa Oromoo Maccaa Aanaa Horroo” irratti Yuunivarsiitii Haramayaatti qorateera. Makuriyaa Ijjataa (2013) “Qabiyyeewwaniifi ergaalee weedduu arrabsoo gaa'elaa kan Oromoo Tuulamaa Godina Arsii Aanaa Muunessaa” jedhu irratti Yuunivarsiitii Haramayaatti qorateera.

Maammoo Badhaasaa (2009) “Qaacceessa qabiyyeefi unka weedduu arrabsoo durbaa sirna naqatanii fuudhuu Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Haaruu” irratti Yuunivarsiitii Addis Ababaatti qorateera. Seefuu Gaaddisaa (2008) “Qaacceessa Weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa aanaa Amboorratti kan xiyyeeffate” jedhu irratti Yuunivarsiitii Addis Ababaatti qorateera. Dirribee Bayeechaa (2014) “Xiinxala qabiyyee afwalaloo weedduu waarisiisaafi arrabsoo cidha Oromoo Tuulama Godina addaa Oromiyaa naannawwa Finfinnee Aanaa wal maraa” jedhu irratti Yuunivarsiitii Addis Ababaatti qorateera. Waaqjiraa Lammeessaa (2011) “Qaacceessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo Wallaggaa Lixaa aanaa Jaarsoo ija yaaxxina caasaan” jedhu irratti Yuunivarsiitii Addis Ababaatti qorateera. Qajeelaa Galataa (2013) “Xiinxala qabiyyeefi unka weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee” jedhu irratti Yuunivarsiitii Jimmaatti qorateera. Tasfaayee Dhiinsaa (2013) “Xiinxala qabiyyeefi unka weedduu durbaa sirna fuudhaafi heerumaa Godina Shawaa dhihaa Aanaa Ejeree” jedhu irratti Yuunivarsiitii Addis Ababaatti qorateera. Asallafuu

Qalbeessaa (2012) “Qaaccessa walaloo faaruu mararoo durbaa ija yaadxina faayideessumaatiin: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboorratti kan xiyyeeffate” jedhu irratti Yuunivarsiitii Ambootti qorattee fi Mahammadkabiir SheAliyyii (2014) “Xiinxala unkaafi ergaa walaloo sirba fuudhaafi heerumaa kaadhimatanii fuudhuu jedhu irratti Yuunivarsiitii Jimmaatti qorateera. Hundi isaanii qorannoo digrii lammaffaa ittiin guutachuuf kan hojjetamaniidha.

Qorannooleen armaan oolitti sakatta’amanirra caalaan isaanii weedduu arrabsootiin kan walqabatan yoo ta’u, ergaa/qabiyyee, yoomessa, hirmaattootaa fa’a irratti kan xiyyeeffataniidha. Kanaaf, qorannoolee hojjatamaniifi qorannoo koo wajjiin walbira qabe yoo ilaallu, gahee qorannoo koo weedduun Roobilee-Rooboo qabu, kaayyoon dhiyaatuuf, walaloon isaa, akkaataan itti dhiyaatu, adeemsi taphichaafi aadaan hawaasichaas garaagarummaa guddaa qaba.

Gabaabumatti, qorannooleen sakatta’aman kunniin garaagarummaa haa qabaatan malee akkuma garaagarummaa qaban walfakkeenya hinqaban jechuu miti. Walfakkeenya isaanii qorannooleen sakatta’aman hundi isaanii kaayyoleefi argannoo garaagaraa qabaatanis weedduu sirna fuudhaaf heerumaarratti xiyyeeffachuun beekumsa aadaa Oromoo maal akka fakkaatu hubachiisuuf akka kaayyoo qorannoo isaaniitti kan gumaachan qabu waan ta’eef walfakkeenya qorannoo kanaati. Kanaaf, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa: ‘Dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa-heerumaa Oromoo Ituu keessatti weedduu filatame keessaa Roobilee-Rooboo Oromoo Ituu: Godina Hargee Lixaa Aanaa Mi’essoorratti irratti xiyyeeffachuun kan xiinxalameedha.

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti; adeemsaafi malleen qorannichi ittiin gaggeeffamu dhiyaatudha. Saxaxa qorannichaa, madda ragaalee qorannichaa, iddattoofi malleen iddatteessuu, malleen funaansa ragaaleefi mala xiinxala ragaaleen boqonnaa kana jalatti hammadamanii dhiyaataniiru.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Gosti qorannoo kanaas gosoota qorannoo akkamtaa keessaa qorannoo sanyaabsaati. Sababni isaas qorannoon sanyaabsaa kaayyoon isaa inni guddaan aadaa, ilaalcha, amantaa, afaaniifi duudhaa hawaasichaa galmeessuun tursuu; rakkoo mul'atuuf furmaata kennuu, ibsuufi hiikuuf mijataa waan ta'eefi. Gosoonni qorannoo sanyaabsaa iddoo garagaraatti kan qoodaman yoo ta'u, isaanis: qorannoo yaad-deebii (reflective ethnography), sakatta'a (Survey ethnography), xiyyeeffannoo (case ethnography), qabatamaa (real ethnography), seenawaa historical ethnography), gadi fageenyaa (critical ethnography), dubartummaa (feminist ethnography) fa'adha (Creswell, 2012). Qorannoon kunis gosoota sanyaabsaa keessaa immoo sanyaabsaa dubartummaa (feminist ethnography) irratti hundaa'eedha. Sababni isaas gosni kun sagaleefi muuxannoo dubartootaa giddu galeessa godhee walitti dhufeenya aadaa sirna fuudhaa heerumaa keessatti mul'atan ifatti mul'isuuf kan dandeessisu ta'uu isaati. Kanaaf sanyaabsi dubartummaa (feminist ethnography)'n weedduu durbaa akka ibsa beekumsaafi muuxannoo jireenyaa dubartootaa ta'ee, gahee hawaasummaafi dinagdee isaanii akka mul'isan qorachuuf sababa kanaaf filatameera.

Malleen qorannoo jiran keessaa mala akkamtaatti dhimma bahaameera. Sababa kana ta'eefis, kaayyoo qorannichaa galmaan gahuu keessatti gaaffii akkamiittiifi maaliif jedhan kan deebisuudha. Akkasumas, ragaaleen funaanaman jechootaan kan ibsamaniifi addeeffaman malee lakkoofsan kan ibsaman waan hintaaneefidha. Kana malees, kallattiidhaan ragkennitoota bira dhaquun waan isaan dhimmichaan walqabsiisanii raawwatan keessatti ragaalee gadi fagoo argachuuf kan gargaarudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun saxaxa qorannoo ibsaafi addeessaa irratti hundaa'uun kan hojjetameedha.

3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddi ragaalee qorannoo kana madda ragaa sadarkaa tokkooffaati. Sababni madda ragaa tokkoffaa ta'eef, ragaalee qaama dhimma isa ilaallatu irraa kallattiin ragaa funaannachuun kan

argamu yoo ta’u, akkasumas, qorannoo kanaaf, akka madda ragaa ta’anii ragaa kan kennan shamarran, haawwota, maanguddootaafi dargaggoota Oromoo Ituuti. Haaluma kanaan, qorannoo kana madda ragaa sadarkaa tokkooffaatti dhimma bahaameera.

3.3. Iddattoofi Malleen Iddatteessuu

Qorannoo kana gaggeessuuf malli iddatteessuu dhimma itti bahaame gosa iddattoo miti carraa yoo ta’u, gosa iddattoo miti carraa keessaas mala akkayyoofi darbaa dabarsaati. Kanaaf, mala akkayyootiin qorannoo kana keessatti, warra beekumsaafi muuxannoo weedduu roobilee-rooboo irratti qaban akka kaayyoo qorannichaatti odeeffannoo quubsaa naa kennuu danda’u jedhe yaadeerraa ragaan funaanameera. Qorannoo akkamtaa gaggeessuu keessatti inni kan biraan mala iddatteessuu darbaa dabarsaa yoo ta’u, sababni kun filatameef namoonni naannoo kanatti jiraatan kunniin weedduu durbaa kana irratti warra beekumsaafi falaasama Oromoo Ituu keessatti hubannoo gadifagoo qaban hunda isaanii waan hinbeekneefi yaada kana irraa ka’uun iddatteessuu mala darbaa dabarsaa filachuun ragaalee barbaachisaa ta’e argachuuf filatame ragaan funaanameera. Haaluma kanaan, iddattoon qorannoo kanaas shamarran, haawwota, maanguddootaafi dargaggootaa irraa funaaname. Iddattoon qorannichaa akka waliigalaatti namoota afurtamii saddeet (48) irraa akka kaayyoo qorannichaatti mala akkayyoofi darbaa dabarsaan ragaan kan funaanameedha. Hammi iddattoon filataman kunis mala afgaaffiifi marii garee dabalatee yoo ta’u, mala daawwannaa kan dabalatuu miti. Sababni isaas hamma iddattoo daawwannaa murteessuun waan hindanda’amneefidha. Walumaagalatti, namoota (24) afgaaffiif dhimma kan bahaame yoo ta’u, namoonni (24) immoo marii gareedhan garee afuriitti qoqqooduun ragaan funaanameera.

3.4. Malleen Funaansa Ragaalee

Malleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti tajaajilan daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannootti dhimma bahaameera. Sababni isaas, qorannichi qorannoo aadaa yookiin duudhaa hawaasaa irratti waan xiyyeeffateef, kallattiin bakka raawwiin sirna kanaa gaggeeffamutti argamuun daawwachuufi waraabbiin gaggeeffameedha. Ragaan haala kanaan hubachuun rakkisuuf immoo miseensota hawaasaa dhimmicharratti hubannoo qabu jedhamee yaadameen afgaaffiifi marii garee irratti dabalachuun ragaa funaanuun gaggeeffameera.

3.4.1. Daawwannaa

Daawwannaan tooftaalee funaansa ragaalee jiran keessa tokko ta'ee, bakka dhimmichi itti raawwatamu bira deemuun kallattiin daawwachuun ragaa sassaabbachuudha. Qorannoo kana gaggeessuuf bakka sirni fuudhaa- heerumaa gaggeeffamutti argamuun yeroo isaan weeddisan daawwachuun ragaan sassaabameera. Haaluma kanaan, bakkeewwan qorannoo kanaa adeemsifadhetti argamuuniifi turtii barbaachisaa ta'ee taasisuun gosa daawwannaa keessaa daawwannaa gamisaan hirmaachiisaatti gargaaramuun ragaaleen kan funaanamaniidha. Akkasumas, bakka raawwiin kun gaggeeffamutti sirna fuudhaa-heerumaa tokko kallattiin daawwachuun meeshaalee waraabbii sagalee, suuraafi suursagalee gargaaramuun ragaan kan funaanameedha. Sirna kana keessatti wantoonni raawwataman kaayyoo qorannichaa kan bu'uureffataniiti. Marsaa kana keessatti, sirna fuudhaaf heerumaa waliigalaan daawwachuun, gahee weedduu durbaa Roobilee-Rooboo sirna keessatti qabu adda baasuuf daawwadheera. Akkasumas, eenyuun akka weeddifamu, yoom akka weeddifamu, akkamiitti akka raawwatamuufi kaayyoo akkamii akka qabu hubachuuf taasifameera. Marsaan kun qophii qorannoo koo ta'ee, hubannoo jalqabaa kan naaf uumedha.

Daawwannaa kana keessatti weedduu durbaa Roobilee-Rooboo irratti xiyyeeffachuun daawwatameera. Kunis jechoota weeddichaaf fayyadaman, qindoomina sagaleefi haala hirmaannaa hawaasa hubachuuf daawwannaan gaggeeffameera. Kun ammoo, waa'ee weedduu kanaa hubannoo bal'aafi ifa ta'ee argachuuf na gargaareera. Daawwannaa kana keessatti waa'ee weedduu kana yeroo daawwadhu wanti ani godhe, daawwannicha sirnaan gaggeessuufi wantan arge barreeffamaanis galmeesseera. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti tooftaa funaansa ragaalee daawwannaa fayyadamuun Roobilee-Rooboo sirna fuudhaa-heerumaa Oromoo Ituu keessatti adeemsa itti raawwatamu daawwatameera. Kanaaf, Gosti daawwannaa hojiirraa oole gosa daawwannaa hirmaachisaafi miti hirmaachisaatti dhimma bahaameera. Walumaagalatti, daawwannaan koos kan inni fuulleffatu; weeduun kun adeemsa raawwii isaa, gaheen inni qabu adda baasu irratti kan xiyyeeffatedha.

3.4.2. Afgaaffii

Qorannoo kanaa keessatti afgaaffiitiin ragaa qorannoo kanaaf barbaachisu funaanuuf gosoota afgaaffii keessaa, afgaaffii gamisaan caaseffamaa gargaarameera. Sababni isaas, malli kun yeroo hojii dirree hojjedhutti gaaffilee qaleelchaa (guiding question) karoorafadhe gara dirreetti

bahee haala qabatamaa hojii dirree sanarratti hundaa'uun akkaataa waan barbaadee sana argachuu danda'uutti fooyyesse gaafachuuf mijataa waan ta'eefi. Maddi ragaan qorannoo kanaa immoo shamarran, haawwota, maaguddootaafi dargaggoota weedduu roobilee rooboo Oromoo Ituu beekanii irraati. Akkasumas, afgaaffiin qorannoo kanaa namoota digdamaa (24) irratti kan gaggeeffameedha. Isaanis; shamarran (10), haawwota (6), abboota (4), Dargaggoota (4) irraa afgaaffii taasiseera. Malli iddattoon kunniin filamanis mala akkayyoo bu'uura godhachuun mala akkayyoofi darbaa dabarsaatiinis filatamaniiru. Kanaaf, yeroo afgaaffiin adeemsifameettis namoota gaafadhu dursee amansiisuun ragaa sagalee waraabuufi barreeffamaanis galmeeffameera. Ragaa waraabbii sagaleefi barreeffamaan fudhatame hojii dirree booda qindeeffamee barreeffame hiikni itti kennamuun xiinxalameera. Walumaagalatti, afgaaffiin koos kan inni fuulleffatu; Weedduun kun dubartummaa haala qabatamaa hawaasichaatiin akkamiin akka agarsiisu irratti kan xiyyeeffatudha.

3.4.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Malli kunis namoota tuutta'anii jiran irraa ragaan funaanamuudha. Namoota ragaa kennu danda'an walitti qabuun waan beekan walitti fiduun yaadicharratti walfalmuun walamansiisanii ragaa qulqulluu akka kennaniif haala kan mijeessuudha. Kunis ragaa inni tokko beeku inni kaan walaaluu waan danda'uuf wal yaadachiisuun akka ragaa qulqulluu kennan kan taasisuudha. Faayidaa marii garee xiyyeeffannoo ilaalchisee, Miller (2003) yoo ibsu, "...Advantageously a real benefit of this interaction is the sharing of views, expriences and stories beetween participants, and the insightful and rich data which is often produced" jedha. Qorannoo kanaa keessattis, tooftaa kana fayyadamuun kan barbaachiseef weedduu Roobilee-Rooboo ilaalchisee Ragaa kennitoonni filataman gaaffilee isaaniif dhiyaateen gareen mar'atanii ibsa barbaachisaa ta'e argachuufi. Haaluma kanaan, baay'ina namoota (24) ta'an filachuun garee afuriitti qooduun; garee tokkoon tokkoon isaa namoota ja'a (6) ofkeessaa qaba.

Namoonni marii garee kana keessatti hirmaatan kun akkaataan isaan filaman kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun muuxannoofi beekumsa sirna fuudhaafi heerumaa weedduu durbaafi aadaa hawaasa Oromoo Ituu irratti hubannoo gahaa qabaachuu isaanii irratti hundaa'uun filatamaniiru. Sababni ragaa kennitoonni iddoo afuriitti qoodamanis yaada walfakkaataafi adda addaa gareewwan gidduutti uumamu wal-bira qabee ilaaluuf, akkasumas ragaa amansiisaa gadifageenyaan argachuuf gargaaraa waan ta'eefi. Marii gareen kun gareelee

kanneen keessatti yeroon dhimma itti bahaame daqiiqaa (60) hanga (90) yookiin hanga sa'aatii tokkoof walakkaa (1:30)tti turtiin taasifameera. Sababni isaas akka saayinsii qorannootis qorattoonni adda addaa akka kaasaniitti yeroon isaa kanaa ol taanaan baay'ee dadhabsiisa yookiin nuffiisissaa waan ta'ee kana caalu ta'u hinqabu jedhu waan ta'eefi. Kanaaf, marii garee kana keessatti mariin hundi qajeelfama gaaffii dursee qophaa'e irratti hundaa'uun gaggeeffame; garuu, deebii hirmaattootaatiin walqabatee gaaffii dabalataa fayyadamuun yaada isaanii bal'inaan akka ibsatanis taasiseen jira.

Marii garee kana keessatti qajeelcha marii (moderator)fi ilaaltuu (observer) ta'uudhaan mariin haala sirriifi kaayyoo qorannoo eeggateen akka gaggeeffamu, hirmaattoonni hundi carraa walqixaa akka argatan, akkasumas walcaalmaan akka hinjiraanne taasisuun to'annoo barbaachisaa ta'ee taasiseera. Akka ilaaltuutti immoo ragaa dubbatame sagaleen waraabuun, suuraa kaasuun, akkasumas sochii qaamaa yookiin mallattoo qaamaa, haala walii galteefi wal mormii hirmaattotaa hubachuun yaada isaanii barreeffamaanis galmeeffadheen jira. Walumaagalatti, namoota digdamii afur (24) garee afuriitti qoodduun marsaa afuriif haala saayinsawaafi naamusawaa ta'een hojjechuun ragaa qulqullinaa, amanamaafi kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuu danda'u kan argamsiiseedha. Haaluma kanaan gareen warra marsaa jalqabaa shamarran irratti, gareen marsaa lammaffaa haawwota irratti, gareen marsaa sadaffaa immoo maanguddoota irratti yoo ta'u gareen inni dhumaa yookiin afraffaan immoo hunda isaanii bakka tokkootti fiduudhaanii adeemsiifame. Kana jechuun shamarran (2), haawwan (2), maanguddoota (2) garee tokko uumuun iddoo tokkootti waliitti qabuun ragaa akka kennan taasifame. Sababni iddoo tokkotti fiduun kan barbaachiseef marsaalee sadan keessaa wantoonni hafan yoo jiraateefi ragaa achii keessatti argame dhugummaa qabaachuu isaa mirkaneessuuf kan hojiirraa ooledha gareen inni dhuma.

3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Malleen funaansa ragaalee irratti hundaa'uun ragaaleen argaman xiinxalamaniiru. Qorannoon kun qorannoo akkamtaa waan ta'eef mala xiinxala ragaalee ibsaafi addeessaatti dhimma bahaameera. Mala funaansa ragaalee daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyeeffannoon funaaname jechaan qindeeffamee akkaataa ergaa dabarsuu danda'utti qindeeffameera. Addunyaan. (2011, f. 62-63). yoo ibsu, "Malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltuu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa

uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha.” Yaada kana irraa wanti hubatamu, adeemsa qorannoo tokko keessatti wanta ta’eefi wanta ta’aa jiru xiinxaluun maaltu maal akka qabu ibsuudhaan kan kaa’amuudha. Ragaaleen daawwannaadhaan walitti qabaman, suursagni isaanii erga sirriitti irra deddeebiin daawwatamanii booda gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru. Ragaan bifa afgaaffiin walitti sassaabamanis sagaleedhaan waan waraabamaniif xiyyeeffannoon irra deddeebiin erga caqasamanii booda gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru. Ragaaleen marii gareetiin argamanis waraabbii sagaleedhaan waraabaman gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru. Haaluma kanaan, ragaalee sagaleefi suursagaa gara barreeffamaatti jijjiiramanii booda haala galuumsa isaaniitiin erga qoqqoodamanii booda akka ijoo (Thematic) qorannichaa galmaan gahuu danda’anitti xiinxalamaniiru.

3.6. Sakkoo Qorannichaa

Qorannoo tokko galmaan gahuuf naamusni qorattuu barbaachisadha. Akka Creswell (2014) ibsutti, naamusni qorannoo bu’uura qorannoo qulqulluufi amanamaa ta’ee; kaayyoon isaa inni ijoo mirga nageenyafi kabaja hirmaattootaa eegsisuudha. Akka yaada kanatti, qorataan tokko qorannoo gaggeessu kamiyyuu keessatti eeyyama fedhii ofiin (informed consent) argachuu, icciitii odeeffannoo eeguu, miidhaa hirmaattootaa irratti uumamuu danda’u irraa of eeggannoo gochuufi odeeffannoo dhugaafi amanamaa dhiyeessuu qaba. Haaluma kanaan wayita ragaa qorannichaa funaannachuuf gara dirree baheetti dhaabbata deeggarsa naaf taasisu (Yuunivarsiitii Wallaggaa) irraa waa’ee dhimma qorannoo koo ibsu xalayaa seera qabeessa ta’ee fudhachuun dirreetti bahee jira. Namoota ragaa irraa fudhadhuus bakka hundattuu dursee ofbeeksisuudhaan isaaniin walbaree, dhimma deemef isaaniif ibsuudhaan ragaan kan funaanameedha. Namoonni ragaa irraa fudhatamu qorannoo kana keessatti gahee guddaa akka qabaniifi isaaniin malee hojiin kun gatii akka hinqabne ykn milkaa’u akka hindandeenye ibsuun, icciitii akka isaan eegamuuf barbaadan hunduu akka eegamuufi kaayyoon qorannichaa kan ibsameefidha. Kana malees wantoonni biroon eegaman ijoon haala jiruufi jireenya hawaasichaa sanaa beeku. Akkasumas, haala uffannaa, afaan, safuu, duudhaa, eenyummaa, aadaa hawaasichaa beekun hojiirraa oolfamaniiru.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSAA RAGAALEE QORANNICHAA

4.1. Adeemsa Sirna Raawwii Weedduu Roobilee-Rooboo

4.1.1. Adeemsa tapha Roobilee-Roobootiin dura raawwataman

Kaadhimmachuu

Akka aadaa Oromoo Ituutti sirni fuudhaaf heerumaa yeroo gaggeeffamu adeemsota hojiirraa oolantu jira. Kunis intala tokko kaadhimachuuf gaafa jaarsoliin dhufan maatiin intala namoota ganda isaanii waamanii waliin mar'atu. "Ganda akkanaatu dhufe. 'intala naaf kennaa.' jedhe. mee waliin mar'annaa intalli kan keenya qofa miti kan keessanii illeedha" jedhama (Af-gaaffii: Bitooteesa 23/2018, Alii Sa'id waliin taasifame agarsiisutti). Gandi sunis, "Isin maal quba qabdan? Intalli kaadhimaa ni qabdii? Kan biraa kan kadhate ni jiraa? Gandi kun ganda intala kennaniifi? Intala bulfataa? Yoo itti kennan akkamii?" jedhanii wal-gaafatan. Erga wal-gaafatanii booda, "Kuni nama intala kennaniifi miti. Hinbulfatu." yoo jedhan guyyaa beellamaa isaanii maanguddoo qopheessanii eegan jechuudha.

Yoo intala kana kennuuf fedhii hinqaban ta'e, "Intalli kaadhima qabdi." Jechuun deebii kennuuf. Kunis diddaa warra sanaa yoo qabaatan agarsiisa. Kennuuf fedha yoo qabaatan ammoo, "Yaa boo gandi abalu shanyii barbaadamtuudha. Intala keenya boonse bulchaa malee. Argadhu! Intalti kaadhima hinqabdu. si kenniinee argadhu." jedhun. Achiin booda warri gurbaa fuudhuuf kadhatee "Ulfaadhaa! Jiraadhaa!" jedhe eebbisa. Guyyaa kanaa booda beellama (ayaamaa) qabuufi. Gurbaan fuudhus erga beellamaniifi booda maanguddoo sanaan, "Asharaan fida; bunan fida; intala argadhe." Jedhee gammachuun gara maatiisaatti gala. Guyyaa beellamni isaa ga'e ammoo, waan guyyaa sana nan fida jedhee beellamatee deeme sana fudhatee dhufa jechuudha. Erga fidee booda guduunfaa godhata (Kaadhimmata). Achiin booda erga eebbaan waliigaluu isaanii mirkaneeffatanii guyyaa gabbaraafi hanga gabbaruu qaburratti walii galu.

Adeemsa kaadhimmachuu kana keessatti wanti hubatamutti, heerumni Oromoo Ituu dhimma maatiifi hawaasaa bal'aa hirmaachisu ta'uu isaa agarsiisa. Intalli akka qaama hawaasaatti kabajamtuufi barbaachistuu taatetti ilaalamti; kunis dubartiin hawaasa keessatti gatiifi iddoo guddaa akka qabdu mul'isa. Haa ta'u malee, murtiin fuudhaa-heerumaa irra caalaatti maatiifi jaarsolii harka waan jiruuf, sagaleeniifi filannoon dubartii kallattiidhaan daangeffamaa ta'uu

isheeti. Kun immoo dubartiin kabajamtuus, aangoo murtii irratti hirmaannaa guutuu akka hinqabne agarsiisa.

Yaada kana yaadiddama ‘*African Indigenous Feminism*’ yoo ilaalame, haalli kun dubartii akka qaama ijaarsa maatiifi hawaasaa keessatti gahee olaanaa qabduutti kan ilaalu ta’uu agarsiisa. Gama biraatiin, ‘*Cultural Feminism*’ ammoo dhimma kana keessatti miira hawaasaa, safuu, duudhaafi ilaalcha kabajaa dubartootaaf kennamu xiinxaluuf bu’uura ta’ee tajaajila. Kanaaf, qabiyyeen kun dubartummaa akka kabajaa, hirmaannaa daangeffamaafi muuxannoo aadaa keessatti ijaarametti calaqqisiisa.



Suura1: Suurri kun ulaagaalee sirna kaadhimmachuurratti ragaa kennan kaafameedha.

Naqa loonii/ gabbara

Akka aadaa Oromootti warra intalaa kabaja qabu. Kabaja isaanii keessaa inni tokko gabbaraan mul’ata. Gabbarri loon warri gurbaa warra intalaaf kennuudha. Akka aadaa Oromoo Ituutti, Gabbarri gabbaramu loon waan ta’eef walfalmii guddaa booda hanga loon gabbaruu qabu sanarratti waliigalu. Kana booda maanguddoon gara abbaa intalaa akkana jedha;

Takka waaqaa lafaaf dhiifne.

Takka Qaalluufi bokkuuf dhiifne.

Takka jaarsa ambaatiif dhiifne.

Takka soddaa keenyaaf dhiifne.

Kun kan ibsu yoo loon kudhan himatan achirraa loon afur hir'isuun ja'arratti waliigalu jechuudha. Warri gurbaas yaada isaanii kanatti erga walii galanii abbaan intala heerumtuu Uwwisaa/Bullukkoon (4) afur akka barbaachis itti hima. "...sabbooqa afran kun, tokko haadha miyyootu uffata, tokko abbaa miyyootu uffata, tokko eessuma miyyoo ykn obboleessa haadha miyyootu uffata tokko ammoo adeeratu uffata (Af-gaaffii: Amajjii 27/2018, Awwal Ahimad, Seeyix Alii Sa'id)

Sirna gabbaraa keessatti dubartummaan akka qaama kabajamaafi walitti dhufeenya maatiifi hawaasaa keessatti iddoo olaanaa qabduutti calaqqisa. Gabbarri loon warra gurbaa irraa warra intalaaf kennamu akka mallattoo kabajaafi hariiroo maatii lamaan gidduu jiru cimsuutiin ilaalama. Kunis '*African Indigenous Feminism*' keessatti dubartiin akka qaama sirna hawaasummaa, aadaafi dinagdee keessatti gahee murteessaa qabduutti ilaalamu waliin wal sima. Yaadiddamni kun dubartii akka nama hojii ijaarsa maatii, tikfannaa duudhaafi walitti hidhamiinsa hawaasaa keessatti hirmaattuutti agarsiisa. Gama biraatiin, '*Cultural Feminism*' ammoo miira, safuu, duudhaafi beekumsa dubartootaan ibsaman xiinxaluuf bu'uura ta'eera. Adeemsa gabbaraa keessatti gatiin, kabajniifi walitti dhufeenyi maatii irratti xiyyeeffachuun, ilaalcha aadaafi miira hawaasni dubartootaaf qabu calaqqisiisa. Akkasumas, dubartiin akka madda safuu, gorsaafi duudhaa hawaasaa keessatti beekumsa dabarsituutti mul'atti.

Haa ta'u malee, haala kana keessatti murtiin gabbaraa irra caalaatti maanguddootaafi maatii harka jiru ta'uun, sagaleen dubartii kallattiidhaan kan hinmul'anne ta'uu agarsiisa. Kanaaf, yaadiddamoonni lamaan walitti makamuun sirna gabbaraa keessatti dubartummaa akka ijaarsa hawaasummaa, kabajaa, miiraafi hirmaannaa daangeffamaa ta'eetti gadi fageenyaan xiinxaluuf bu'uura ta'aniiru.

Akkasumas, gabbaraan walqabatee akka (Xaahir Sa'id Waaqoo af-gaaffii: Guraandhala, 05/2018) taasifameen ibsanitti,

Yeroo dur loon kudha lama, kudha shan fa'a gabbaru ture. Irra jireessaan loon baay'isanii geessu. Akkasumas kormaan illee tokkos ta'u lama keessaa jiraachuu qaba jedhama. Sababni isaas, loon hormaata barbaada "gandi hidda" jedhaniiti. Loon dhalaa raadaa hedduu fidanii namoota kana biratti "ayaamaa/beellama naa qaba looniin fidadha. Hidda kiyya meeqa nan jetta? horii meeqan fidaa." jedhee ganda intala dhufe gaafata. Abbaan gurbaa loon hagamii akka gabbaru qabu erga walii galanii booda loon korma qabuun

gabbara. Haaluma kanaan, gabbara kanaa keessatti kormi tokko dhabamu hinqabu jedhama. Sababni isaas “loon korma hinqabne akkamiitti hora?” je’aan. Kormi loon hinqabne kophaa isaa hindhalu. Gabbara kana keessatti sa’aan eessumaas ni jira. Eessumnis akka abbaatti sa’a qaba. Sababni isaas akka aadaa Oromoo Ituutti eessumni abbaadha jedhama. Kabaja abbaan mucaa argatu argachuun isaaf haqa. Raaddi eessumni mucaa fidee itti dabaluu tun ‘Qaraxa Eessumaa’ jedhamti. Yoo immoo soddaan hinqabu kan jedhu ta’ee, gabbara warra maatiif kenname irraa tokko ni kennamaaf malee hafu hinqabu jedhama. Kennaan kennamu kunis osoo ayaamni/beellamni hinqabamiin cidha dura kennama jechuudha. Kennaan cidha booda kennamu raadaa haadha jedhamtuutu dhufa.

Yaanni armaan olii kun adeemsa gabbaraa keessatti hanga loonii dhaabbataa ta’uu baatullee looniin gabbaruufi loon keessa kormi jiraachuun dirqama. Kana malees, firri intala heerumtuullee kabajaaf akka kennamu ta’uu ibsa. Kanaafuu, gabbarri akka kanaa kun naqa loonii jedhamee beekama.

Maddoo Naa Furaa

Intala kadhatan fuudhaaf yeroo ka’an maddoo naa furaa jedhuutu jira. Naqa loonii booda sirni eegalu "Maddoo Furaa" jedhama. Maddoo jechuun qaamaa dabbasaa dubara Oromoo Ituuti. Dubri Ituu dabbasaa isaanii akka itti dha’atan qabu. Akkaataa dabbasaa dhayannaa keessaa, daabee, haranxaamuu, funyoofi filaan beekkamoodha. Gosa dhayannaa dabbasaa kana keessaatti maddoon gosa addaati. Maddoon gosaa dhayannaa dabbasaa miti. Maddoo kan godhatan dabbasaa qeeraniiti. Qeeruu jechuun dabbasaa hunda fuula gadiitti diriirsuun fiixerra gabaabsuun walqixxeessuu jechuudha. Hiikan kallattii jecha 'Furaa' jedhu "hiikuu" jechuudha.

Akka heera fuudhaa heeruma Ituutti Maddoo Furaa jechuun intala dubraa akka heerumtu murteessuu jechuudha. Yookiin ammoo heerumaaf qopheessuu jechuudha. Si’a tokko maddoo furamte taanan murtichi of duuba hindeebi’u. Safuu hawaasichaatiin hedduu balaaleffatama. Warri gurbaa warra intalaa ni dhufa. Erga dhufanii nyaatanii dhuganiin booda warri gurbaa haajaa/dhimma dhufeef akkas jechuun ibsata "Soddaa intala maddoon nu furaa" jedhu. Maatiin intalaatiis afaan kabajaafii jecha lafaadhaan "soddaa keenya maddoo isinii furre" jechuun deebisuuf.

Maddoo Furaatti kan aanufi qophiin jabaan ‘Dandeessisaa geessuu’fi ‘Ayyaana qabaa’ dha. Dandeessisaa jechuun warri ilmaa warri intalaa akka bara sana intala itti heerumsiisaniif gargaaruu ykn dandeessisuu jechuudha. ‘Ayyaana qabaa’ jechuun ammoo, beellama guyyaa

fuudhaa ykn heerumaati. Beellamni kunis, yoo dheeratu hanga guyyaa jahaatamaa; yoo kan gabaabbatu ta'e ammoo hanga guyyaa soddomaatti ta'uun baratamaadha. Guyyaan gabaabbachuufi dheerachuu kan murteessu warra intalaa yoo ta'u, Warri gurbaatiis gahee ni qabu. Warri gurbaa naannoo dhuma ji'a Hagayyaa ykn jalqaba ji'a Fulbaana keessa warra soddaa dhaquudhaan sirni kun raawwatama. Ayyaanni kan qabamu akkanumaan miti. Osoo ganda soddaa hindeemiin duratti warri gurbaa ayyaana Laaltuu bira deemuudhaan ji'a kam keessa fuudhun filatamaa akka tahe gaafatu.

Ituun ayyaanota kana maqaalee kanneen akka Baasa Bal'aa, Dukkana, Addeessa fa'a jechuun moggaasu. Kanaaf, gulantaa kamiyyuu caalaa soddaa lamaan giddutti falmiin kan ka'u ayyaana qabaarratti. Eega ayyaanni qabamee soddaan lamaanuu qophii isaanii itti fufu. Gaafa beellamni murtaa'e warrii lamaan ayyaanni qabamuu hiddaa firaafi ollaa isaanitti himun wal-bira dhaabbachuudhaan qophiin gara lachuu itti fufa jechuudha. Kana keessatti garuu ayyaanni qabamuun kunis intala heerumtu qofatti hinhimamu. Intalti heerumtu ayyaanni qabamuu gonkuma dhagayuu hinqabdu. Kunis intalti heerumtu warra isaanirra adda bahuuf deemti waan taheef ni yaaddofti jedhanii yaadu.

Erga ayyaanni gabaabbatee guyyoota (15) dhiyaateen booda sirna biraatu jira. Kunis 'Jimaa gandaa' jedhama. Jimaa gandaa jechuun guyyaa itti warri gurbaa fuudhuu ollaa warra intalaa irraa eebba fudhatuudha. Sirni kunis kan raawwatu mana warra intalaatti. Guyyichi guyyaa ollaan warra intala fuudhu eebbisuudhaan haqa olloomaa isaanii goonfataniidha. Yeroon gara fuudhaatti deeme akkuma kaleessaatti fuudhaa saniitti soddaan walduraa dhaabbatee “ayaamaa naa qabi.” jedhee ayaamaa hanga bultii kudha shaniitti qabata. Guyyaa beellamni/ayaamni sun ga'e “Ammakaa intalaafan dhufe; intala mayiraan, soddaan ilteenyaa jedha. Walitti dhufe intalaa walii ayaamaa qaba” jedha. Haaluma kanaan, yeroo maddoo furaa eebba armaan gadii kana eebbisuu.

Intala ka si dhalatte,

Ta naa guddatte,

Waaqni maddoo naa furii,

Qarree naa fiixeessi,

Cidha na qalchiisi. Hanga iddoo kanatti warra gurbaatu jedha

Waaqni maddoo si furee,

Qarree si fiixeessiisee,

Cidha si galchiisee,

Furdaa si oobaasee. Kan jedhu ammoo warra intalaati. Walumaagalatti eebba kana oggaa afur jedhu jechuudha.

Kana booda beellama/ayaamaa bal'aa ilaalatee beellama/ayaamaa saniin fuudha. Erga fuudhee booda soddaan:

Soddaa afaa

Harki mayiraa

Afaan magantaa (Af-gaaffii: Bitooteesa 23/2018, Mussaa Goodaa) waliin taasifame Weedduun kun, soddaan tuqaa walii hindanda'u. Walkabajuu qaba. Kanaaf, kabajaadhaan wajjiin jiraatu. Soddaan lamaan gamaa gamanaan gorsiituun dubroo roobilee intala heerumtuu haalaan kan gorfamtu ta'uu hubachiisa (Marii Gareetiin: Gurraandhala 05/2018, Aashaa Alii, Amiinaa Haajjima Doobateefi kanneen biroo) waliin taasifame




Suura 2: *Suuraan kun qophiilee intala baasuuf raawwatan yeroo natti himan mul'isa.*

Gaafa guyyaan beellamaa guyyaa lamatti gale, soddaan lamaanuu qophii godhan qabu. Achi keessaa kan warra intala heerumtuutti qophaa'u firri bakka bira jiru dhufe, hiriyaan intalaafi ollaan argamaniitti jalqabama. Warra mucaattiis akkasuma. Ijoolleen dubraa hiriyoota intalaa mana warra intalaatti taphatu. Hanga obboleessi ishii dhufee qawwee isaaniif dhawuttii ykn dhukaasuttii manatti olhinseenan guyyaa jala bultii sana taphaaf waamamaniitti. Mana warra intalaa erga seenaniin booda sirbaa jalqaba osoo hinseeniin dura alattii sirban sana jijjiiruudhaan kan biraa sirbu. Taphni taphatamu kun yeedaloon, walalooniifi qabiyyeedhaan weedduun isa durarraa adda. Weedduun kunis "Robilee Rooboo" jedhama. Tapha kanaanis intala heerumtu gorsu.

Roobilee rooboon roobilee xixiqqoofi gurguddoo (guddoo) jedhamuun bakka lamatti kan qoodamu ta'uu odeefkennitoonni ni ibsu. Roobilee xixiqqoon, galgala/waarii taphatama. Yaaduma kanaan walqabatee akka ragkennitoota keessaa Gallee Gumbii, Soorsee Booraa, Aashaa Aliifi kanneen biroo afgaafiirratti ibsanitti,

Roobilee xixiqqoon waarii kan taphatamuufi "halkan roobilee xiqqoo" jedhama. Hojiin halkan Roobilee Xiqqoo miyyoo heerumturraa rifeensa dhayuu, uffata ishii qoqopheessuu, qulqullina qaama ishii mijjeessuu fa'adha. Adeemsi kun erga raawwatamee booda intalli heerumuuf guyyoonni afran tokko gaafa hafu, intala kana haalaan bareechisu. Sababni guyyaa afur dura godhaniif arrii sunis akka ishee hinhuubne guyyaa tokko qofaa akka haatantamaan hintaane lafa jala qayyanii dhadhaa dibaa'a irraa dhiqaa, qayyaan ulan. Akka harki kun diimatu, akka intalti bareeddu qayyaa faaraan qaayanii. Qayyaa urgaa'u gosa garagaraa haati intala heerumsiisa jette manatti kaayatti, achi booda dhadhaatiin haalaan qaama ishii ni qaayyatan. Kana booda gaafa dhiqan baay'ee diimeessaa jechuudha qayyaan kun. Kanatti aansuun dubartiin rifeensa/ mataa dha'attuu jira filaa dha'uu. Rifeensa kana gaafa dha'an filaarraa dha'uufi jechuudha. Innis filaa jedhama. Filaan kunis mukarraa qophaa'a.

Yaadni kunis kan ibsu, guyyaa roobilee xixiqqoo kana hojiilee miidhagina intala heerumtuun walqabatan akka hojjetamu ibsa.



Suura 3: *Suuraan kun mallattoo intalli heerumuu ishee agarsiisuuf rifeensi haadamuu isaa agarsiisa.*

Dabalataan suurri armaan olii kun kan ibsu, mataa ishee gidduu rifeensa ishii irraa muruun isaanii intaltii sun hanga irraa muramuuttii qarree turtee jechuudha. Guyyaa rifeensi sun murameerraa jalqabee garuu, rifeensi sun muramuun intaltii sun heerumuu ishee agarsiisaa jechuudha ykn immoo 'Hiddaa baate' jedhamaa. Hiddaa baate jechuun immoo heerumtee jechuudha.

Akka ragaan ragkennitootarraa argame ibsanitti, Roobilee xixiqqootti aansee Roobilee guddootu dhufa. Roobilee guddoon ammoo jala bultii guyyaa cidha intala heerumtuuti. Guyyaa kana intala heerumsiisuuf firri ni dhufa; ijoollee ollaa akka Roobilee weeddisan/ dha’atan jedhanii warri abbaa cidhaa dhaqanii ni kadhatu/ ni eeyyamsiisu. Kunis warra ijoollee sirbituu eeyyamsiisuuniidha. Sababni maatiin eeyyamsiifamuuf ijoolleen durbaa roobilee taphattu sun to’annoo maatii jala waan jirtuufi safuu hawaasaa akka eegamuuf yaadameeti. Sababa kanaaf, jalqaba deemanii eeyyamsiisu jechuudha. Maatiin erga eeyyamaniifi booda ijoolleen kun warra intala heerumtuu dhaquu. Kunis weedduu “durboo jennaaniin dhufe, dubroo hiriyyoo jennaanin dhufe” jechaa dhaqu. Yeroo kana kan duraan mana keessa jiranis karra durattii itti dhaqu. Achiin booda weedduu “Dubroo hiriyyoo” jedhamu waliin weeddisu

4. 1.2. Dubroo Hiriyyoo

Weedduun kun karra loonii dura dhaabbatamee taphatama. Sababni karra loonii dura weeddisaniif loon jechuun hormaata waan ta’eef intalli heerumtu akka hortee baay’attuuf hawwii qaban ibsuuf karra loonii duratti dhaabbatanii weeddisu. Intala heerumtu sana bohaarsuuf; akka isheen yaaddoo keessa hinseenneef kan yaadameedha. Kunis intalli heerumtu bakka hinbeekneefi nama hinbeekne waliin jireenya gaggeeffachuuf waan deemtuuf miirri sodaa akka itti hindhufneef yaadameeti. Weedduun kun gareedhaan weeddifama. Achi keessaammoo kan weeddisuufi kan jalaa qabutu jira. Kan weeddisu/tu shaayii/ololtuu jedhamti. Warri jalaa qaban ammoo jalaa qabdoota jedhamu. Ragaa daawwannaarraa argame weedduun isaas akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Shaayii/ololtuu

Dubroo jennaanii dhufe
Ilaa nan goodaa jennaanan dhufe
Lilmoo dhabee jennaanin dhufe
Heerumte jennaanan dhufe
Silaa nan oodaa jennaan nan dhufe
Garaan dadhabe jennaan nan dhufe
Maali irraa raftaa jennaan nan dhufe
Hiriyyaan nafaa jennaan nan dhufe
Irraa hinhafanii jennaan nan dhufe
Silaa sin gorsaa jennaan nan dhufe
Anu ta gorsaa jennaan nan dhufe
Maalan si gorsaa jennaan nan dhufe

Jalaa qabdoota

Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe
Dubroo jennaanii dhufe

Weedduun armaan olii dubratu ykn hiriya teenyaatu heerumuuf deema jechuu dhageenyaan dhufne jechuu isaaniiti. Sirraa hinhafnee; dhufne kunoo hiriyyoonni tee jechuudha. Kana malees hiriyaan intala heerumtu haamileessuuf yookiin gorsuuf weedduu kanatti dhimma bahu. Kun ammoo haalduree weedduu roobilee roobooti. Weedduu kana hanga obboleessi intala heerumtuu qawwee isaaniif dhawutti ykn dhukaasuttii, mana warraa hinseenan. Yoo obboleessi hin jiraannes gosa keessaa gara abbaatii namni tokko dhukaasuu danda'a. Hiriyyoonni intala heerumtuu obboleessa ishee akka inni qawwee dhukaasuuf ni faarsu. Qawween kunis gammachuu obboleetti isaatiif akka ibsatu barbaadaniiti. Kana malees hiriyyoonni intala heerumtuu warri intalaa akka simatan ittiin mirkaneeffachuufis ta'ee intalli heerumtu fira qabaachuushee ibsuuf ni ta'a. Kana keesatti garuu qawwee dhukaasuun dirqama miti. Yoo ammoo qawwee dhukaasuu baatees obboleessi hiriyyoota intala heerumtutti dhufan simatee seensisa. Gabaabumatti qawween dhukaafamuun simannaadhas gammachuudhas.

Akkasumas obboleessi al tokko qofa dhukaasee yoo dhiise akka armaan gadii kana jechuun qeequ (Ragaa daawwannarraa argameefi af-gaaffii: Bitootteessa, 23/2018, Haaloo Abdoo) waliin taasifame weedduun isaa haala itti aanun dhiyaateera.

*Hawwiinu sin mararree
Osoo Hawwiin si marartee
Waa takkitti dhoytee Hingaltuu
Eenyu si marareeti
Dallaarraan Labbaa galtee
Takkiitti dhoftee galtee*

Weedduun kun obboleessi intala heerumtuu yeroo tokko qofa yoo dhukaasee dhiise takkittiin sun akka garaa hingahiniitti fudhachuun “obboleettii teetirra qawwee keetu si mararee” jechuun qeequ. Kunis gammachuusaa akka haalaan ibsatuuf barbaadameeti. Obboleetti isaarra rasaasa caalchifachuu isaa qeequuf weellifama. Achiin booda itti dabalee ni dhukaasaa jechuudha. Erga lammaffaa dhukaaseen booda ammoo, ni galateeffatu.

4.1.3. Shaakee Boonaa/Sakee Boonaa

Shaakeen/sakee gosa margaati. Marga foolii urgaa'a qabu. Kanaaf, “urgeeffadhee itti boonuufin haammadhe” jechuudha. Ragaa (Af-gaaffii: Amajjii, 28/2018, Hasan Hussein) akka naaf ibsetti, Shaakeen ergaa hedduu kan ofkeessaa qabu yoo ta'u, kaayyoon isaa ijoo garuu ijoollee roobileef waamaman sun yaaminsa kabajatanii dhufuu isaanii agarsiisa. Weedduun kun karra

looniirratti bakka waliitti qabamanii dhaabbataniitti weedduu “dubroo hiriyyootti” aanee taphatama. Weedduu kanas, gara bakka isaaniif qophaa’e osoo hingahiin dura taphatu. Akkasumas tapha kana yeroo taphatan shaayiin/ololtuuniifi warri jalaa qaban akkaataan weeddisan bifuma walfakkaataadha. Ragaa daawwannaarraa argameefi marii gareetiin: Guraandhala, 05fi 07/2018, Soorsee Booraa, Haawwii Boruu, Maymuu Burqaafi kan biroo weedduun isaas akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Sakee boonaafan haamee sakiiyyee boonaafan haamee
Nu dhufeen dhufne jiraaree sirba nu waamee
Ulee lolookoo boonaafan haamee
Sakee boonaafan haamee
Ofii hindhufne jiraaree sirba nu waamee
Ta gaara duuba’a boonaafan haamee
Durbi hindhufne jiraaree sirba nu yaamee
Sakiiyyee boonaafan haamee
Nu dhufeen dhufne jiraa sirba nu waamee
Shakakkee gada’oo boonaafan haamee
Nu dhufeen dhufne jiraa sirba nu waamee
Sakee boonaafan haamee sakiiyyee boonaafan haamee
Haroo carcar guddoo boonaafan haamee
Nu dhufeen dhufne jiraaree sirba nu waamee
Raachi cacariisee boonaafan haamee
Sakee boonaafan haamee sakiiyyee boonaafan haamee

Weedduu kanas yeroo weeddisan gosa margaa sakee kanaaf miidhagina gonfachiisanii ‘sakee boonaafan haamee’ jechaa weeddisu. Ergaan weedduu kanaas, inni jalqabaa ‘hiriya teenya tana’ gaggeessuuf kabajaan dhufne jechuudha. Inni lammaffaan ammoo ‘warra intala heerumsiiisutu intala akka faarsinuuf nu yaamee’ jechuudha. Akkasumas weedduu kana keessatti, iddoolee bebeekkamoo fa’as kaasaan faarsu. Iddoolee sana keessaa Haroon Carcar isa tokko. Haroon carcar haroo Oromoo Ituu biratti beekamuudha.

4.1.4. Roobilee-Rooboo

Akka ragaa (Af-gaaffiifi marii gareetiin: Amajjii 27/2018’fi Guraandhala 05/2018, Aashaa Alii Gulbeefi kanneen biroo) ibsanitti, adeemsi tapha Roobilee-Rooboo adeemsa of danda’e qaba.

Akkasumas, ijoolleen Roobilee-Rooboo tapha kana yeroo taphatan akka seerri taphichaa hindabneef hordoofuuniifi weeddistuun Roobilee-Rooboo beekamtuun ni jirti. Weeddistuun tunis ‘Ololtuu’ jedhamti. Iddoo tokko tokkootti ammoo ‘Shaayii’ jedhamuun beekamti.

Taphoota adeemsa Roobilee-Rooboon hordofuu keessaa ‘dubroo hiriyyoo’ fi ‘sakee boonaafan haamee’ ykn shaakee boonaa jedhu weeddisaa suuta seenuun intala heerumtu dubbisu. Kan dubbisu kun ammoo ijoollee durbaati. Ijoolleen kun haalaan kabaja qabu. Sababni isaas ijoollee Roobilee-Rooboo taphatan kabajaniif jalqabumaayyuu ijoollee kana maatii isaanii eeyyamsiisanii kadhatamanii dhufuu waan ta’eefi. Kaayyoo dhufaniif ammoo intala heerumtu kana akka bohaarsaniifi gorsaniifi. Ijoollee kanas, ‘Ijoollee Roobilee’ jedhanii waamu; Afaa afanii teessisan; nyaata ni nyaachisu; ni obaasu. Akkasumas, akkuma ijoolleen kun kadhatamanii dhufaniitti sagantichi gaafa xumuramu ammoo gara maatii isaaniitti kabajaan deebisuu. Ijoollee filamanii intala gaggeessuuf kan deemaniin ala warra kaan kabajaan mana isaaniitti galchuuf jechuudha. Kanaaf, ijoolleen Roobilee- Rooboo haalaan kabaja qabanii. Achii booda afaa isaaniif afame sana irratti tatta’anii roobilee taphachuu jalqabu.

Tapha kana jalqaba gaafa jalqaban kan isaaniif jalqabdu obboleetti intala heerumtuuti. Obboleettiin kunis ‘Sootii’ jedhamtii. Obboleettiin tun yoo hangafaas taatee quxiisuu ykn immoo mancullee yoo taate, jalqaba sootiin tun jettu malee isaan jalqabuu hindanda’ani. Mancuullee jechuun homaa kan hinbeekne yoo ta’u gama biraatiin immoo daa’ima jechuudha. Kanaaf, obboleettiin kun yoo daa’ima taatee ammoo ofiirratti teechisanii jalqaba isheetu baasa. Akka warra Abbaan Gadaa ykn Abbaan Bokkuu karra dura seenuu malee akka hinseenamnetti sootii kana dura hinbaasan jedhama. Kanaaf, isheetu roobilee taphachuuf, ‘afaan namaa bana’ jechuudha. Obboleettiin ishii yeroo afur “Roobilee-Rooboo” jetti (Ragaa daawwannarraa argameefi Af-gaaffii: Guraandhala 08/2018, Gallee Gumbii) waliin taasifame.



Suura 4: *Ijoolleen roobilee rooboo taphatan.*

Obboleettiin sootii baastu kun kan heerumteefi nama guddoo yoo taatellee jalqabdeefii biraa hafti. Kana booda shaayiin sootii baafta irraa fudhattii. Ragaa daawwannaarraa fudhatame keessaa yeroo Roobilee-Rooboo taphachuuf eegalan.

Roobilee rooboo
Ulee lollookoo rooboo
Faantiyyoo qaba rooboo
Faantoo irraa hinmurruu rooboo
Lookoo dubaraa rooboo
Sirbiyyoo qaba rooboo
Sirba irraa fuudhu rooboo
Gaara fantiyyoo rooboo
Hurree maratee rooboo
Waan jigu se'ee rooboo
Ka jiguu dhiisi rooboo
Qal'oo fudhatee rooboo
Gaarri faantiyyoo rooboo
Kophootoo nyaate rooboo
Teemsaa lakkisee rooboo
Garaawaa yaadoo rooboo
Aabboo lakkisee rooboo
Roobilee rooboo buyyoo alaa rooboo
Kormi boratee rooboo
Ta martuu galmaa rooboo
Ormi doyyatee rooboo
Roobilee rooboo
Qararii dukkoo rooboo

Gara galaalee rooboo
Dukkoo aayya 'oo rooboo
Waaqattan dhaame rooboo

Weedduun armaan olii kun yeroo shaayiin sootiirraa fuutee hiriyoota isheef weeddistuudha. Kunis erga sootiin weedduu sana jalqabdeefi akka eeyyamteeffitti waan fudhataniif irraa fuudhuu isaanii agarsiisuuf weedduu kana weeddisu. Yommuu kana uumama naannoo isaanii jiru maqaa dhahuun jabina yookiin miidhagina sanaa walqabsiisu. Kanaaf, sootii/obboleettiin intala heerumtuu weedduu sana erga jalqabdee akka armaan olii kanaatti irraa fuudhuun weedduu sana taphachaa buluuf kan deeman ta'uusaa agarsiisa.

Hiriyyoonni intala heerumtuu erga sootiin weedduu sana karaa banteefii booda hanga intala gaggeessanii deebi'anitti waan taphataniif taphoota qabiyyee garaagaraa ofkeessaa qabu taphatu. Kana jechuun weedduun Roobilee- Rooboo kun dameewwan garaagaraa akka qabu ibsa. Achi keessaa gosoota weedduu sana keessatti hammataman kan akka; Roobee roobee siriiyee, heellayyoofikkf.taphachaa bulu. Weedduwan kunniin hundi weedduu Roobilee Rooboo jalatti hammatamu.

4.1.4.1. Roobee roobee siriiyee

Weedduun kun halkan jala bultii intala heerumtuu taphatamaa bula. Kunis gosa roobilee rooboo jalatti hammatama. Taphni kun taphuma Roobilee kan walqabatu ta'ee akkaataa sagaleessanii weeddisantu garaagarummaa qaba. Akkasumas hiriyoota intala heerumtuutu taphata. Halkan guutuu taphachaa waan bulaniif weedduwan kana jijjiiranii taphachaa bulu. Weedduun kun jalqaba jalaa qabdootaan jalqaba. Itti aansee Shaayituu weeddicha taphata jechuudha. Achi keessattimmoo shaayiin dhaamsa dhaammuu barbaaddu waan dhaammattuuf itti waljijjiiranii hawwiifi gorsa garaagaraa bifa kennuu danda'uun weeddisaa bulu. Kunis shaayii takkittiin yeroo dheeraa weeddisuu waan hindandeenyeef walirraa fuudhanii walboqochiisaa taphataa bulu. (Af-gaaffiifi marii gareetiin: Guraandhala 05/2018fi 07/2018, Hawwii Boruu, Amiinoo Mussaa, Madinaa Musxafaafi kanneen biroo). Taphni weedduu kanas akka armaan gadiitti dhiyaateera.

<i>Shaayii/ololtuu</i>	<i>Jalaa qabdoota</i>
<i>Roobee roobee siriiyee roobee</i>	<i>Roobee roobee waanqayyoo jiituu</i>
<i>Roobee Roobee siriiyee roobee</i>	<i>Roobee roobee jiituu ta gaddu</i>
<i>Roobee Roobee siriiyee roobee</i>	<i>Roobee roobee hiriyyoo hiituu</i>
<i>Roobee Roobee siriiyee roobee</i>	<i>Roobee roobee hituu sakaaltuu</i>
<i>Roobee Roobee siriiyee roobee</i>	<i>Roobee roobee qooqaa aayya 'oo</i>

<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee maddoo leellisaa</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee shokooke godoo.</i>

<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee Sokeekee hamee</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee warri ka ambaa</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee Handaaraa aayyaa</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee magaallee sirbaa</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee waldhabnee jaatii</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee waldhabnuu</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee walii wal hindhabnu</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee hoo haga dubraa roobee.</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee waliin hintaphnu.</i>

<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee ibbiddi hindhaamiin</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee gandaa sin yaamiin</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee ibiddi dhaame</i>
<i>Roobee Roobee siriyyee roobee</i>	<i>Roobee roobee gandaa si yaame</i>

Weedduun armaan olii kun dhaamsaafi gorsa ofkeessaa qaba. Dhaamsi isaas kan ibsame buufata walaloo jalqabaa keessatti yommuu ta’u gorsi ammoo buufata walaloo lammaffaafi isa dhumarraatti ibsame. Buufata jalqabaa keessatti, dhaamsa haati ilmoosheetti dhaammattuufi heerumni akka addaan nama baaftu kan ibsuudha. Kunis bo’oowwan “*Roobee roobee hiriyyoo hiituu, Roobee roobee hituu sakaaltuu*” kan jedhu keessatti heerumni akka addaan nama baasfuufi walargaa nama dhorgu ibsa. Kana malees, bo’oowwan 5^{ffaa}, 6^{ffaa} fi 7^{ffaa} keessatti ammoo booda carraan wal-argaa keenyaas dhiphaa waan ta’eef qooqa mararfannaan intala heerumtu kana weeddisnaa jedhu ibsa.

Inni itti aanu gorsa intala heerumtuuf kennamuudha. Gorsi kunis akkaataa intalli warra gurbaa itti heerumtuutti waliin jiraachuu dandeessuufi hariiroo isheen waliin uummachuu qabdu ibsa. Kana malees, amaloota isheen warra gurbaa heerumtuutti agarsiisuu hinqabne dhaamuuf. Kunis booseettii ta’uu akka hinqabneefi waan jaarsa ishee aarsurraa akka ofqusattu gorsu. Kunis buufata lammaffaa keessatti, manni ishee itti deemtu mana ambaa akka ta’eefi akka kan warra ishee seetee akka fedhashee ta’uu akka hindandeenye ibsa. Kana malees, akka duriitti waliin kolfanii taphachuun akka hinjirre ibsa.

Buufanni sadaffaan ammoo, ‘Ibiddi hindhaamiin, gandaa sin waamiin’ kan jedhu ibidda barbaacha ganda akka hindhaqne ibsa. Sababni isaas dur dubartiin heerumte takka ibidda manaa hindhabdu. Kunis akka hindhaamnetti mukkeen gurguddaa yeroo dheeraaf boba’uu danda’anitti qabsiistee itti fayyadamti. Kana yoo hingoone “intalti abalu qoraan hincabsattu, ganama

ganama ibidda ambaarraa fuudhuuf deemti. Yookiin ammoo booseettidhaa.” jedhanii taajjabu. Kana akka hinjedhamneef ibidda manaa hindhabiin jedhaniin. Dur akkuma beekamu kibriitiin hinjiru. Akkaataan ibidda qabsiisan qoraan humna qabuu cabsanii ibidda bobeeffatu. Tolfatanii ykn ichima/ichimoo irraa ibidda qabsiisuu.

Erga qabsiisanii booda waan ittii hojjatatan erga hojjatatanii booda hanga rafanitti bobeeffatanii yommuu rafuuf ka’an daara irra deebisanii rafu. Ganama yeroo ka’an ibiddi sun barbadaan isaa waan jiruuf isumarraa ibidda qabsiisanii hojii barbaadan ittii hojjatu. Kanaaf namni haala kanaanis abidda bulfachuu danda’u ganda namaa dhaqee abidda hinkadhatu jechuudha. Akkam jabaatee yoo dhaame malee intalti ibidda hinbulchitu taanaan ganda keessatti maqaan ishii ni bada. Intala ibidda bulfachuu hindandeenye jedhamti. Jaarsi isheellee itti hingammadu waan ta’ee ishee reebuun hinhafu. Sababni isaas ganamaan ganda namaarra abidda barbaacha deemuun akka aadaa hawaasa Oromoo Ituutti kabaja namaa hir’isa. Kuni akka hintaanee weedduu armaan olii keessatti gorsan.

Walumaagalatti, weedduu kun, dubartiin heerumtu bakka hinbeekneefi nama hinbeekne biratti fedhii ishee malee, fedhii maatiitiin heerumti. Kun ammoo dubartiin hiree ishee akka hinmurteeffanneef danqaa ta’e. Kana immoo baastee himachuu hindandeessuu. Sababni isaas aadaa hawaasichaatu dhoowwa. Kanaaf, karaa weedduutiin rakkoo sana ibsan.

4.1.4.2. Heellayyoo

Weedduun kun Roobee Roobee Siriyyeetti aanee taphatama. Weedduu kanas hiriyoota isheetu taphata. Kun ammoo jalqaba shaayituu jalqaba. Itti aansee jalaa qabdoonni jalaa qabuun taphatu. Akkuma Roobilee Rooboo tattaa’anii kan taphataniidha. Roobee siriyyeetti aane kan dhufu heellayyoodha (Af-gaaffii: Amajjii 28/2018, Faaxee Diimaafi Amiinaa Diimaa) waliin taasifamee keessatti weedduun fudhatame haala itti aanutti dhiyaateera.

Shaayii/ololtuu

*Heellayyoo heelee eelii heelee
Hawwiyyoo (2x) heelee eelii heelee
Hawwuubbaa dildila heelee eelii heelee
Hanga jiraadhu sirbaa heelee eelii heelee
Tanashoo bilbila heelee eelii heelee*

*Hawwiyyoo (2x) heelee eelii heelee
Ka bishaan lilii’i heelee eelii heelee
Bochee na bochiifta heelee eelii heelee*

Jalaa qabdoota

*Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee*

*Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee*

*Imimmaan dilii'i heelee eelii heelee
Haroo carcar guddoo heelee eelii heelee
Naanawu nan turaa heelee eelii heelee
Afaan na soomanaa heelee eelii heelee
Qorqodu nan furaa heelee eelii heelee*

*Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee*

*Arbi ciise hinrafu heelee eelii heelee
Hirkifannoo malee heelee eelii heelee
Sirba dheesse hingalu heelee eelii heelee
Gad-jiffannoo malee heelee eelii heelee*

*Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee
Heellayyoo heelee eelii heelee*

Weedduun kun yeroo itti hiriyoonna intala heerumtuu sirba ho'ifatanii sirbaa jiraniidha. Jalqabarratti jechi 'Hawwiyyoo ykn Hawwubbaa' jedhu intala heerumtuuf maqaa kennanii weedduu keessatti dhimma itti ba'aniidha. Kanaaf weedduu kana keessatti guutummaan isaa intala heerumtu faarsuuf kan weeddisaniidha. Kanaaf intalli heerumtu biraa waan deemtuuf walargaan akka durii hinjirtu waan taateef garaan bade akka bo'an ibsuuf weeddisu. Kana malees hiriyoonna intala heerumtuu halkan jala bultii guyyaa cidha ishee sana akka hin nuffineef wal-jajjabeessuuf, "Arbi ciise hindhalu, hirkifannoo malee, sirba dheessee hingalu gad-jifannoo malee jedhan kun ijoollee- roobileetu akka hindadhabneef cimanii akka sirbaniif weeddisu.

4.1.4.3. Bari'ee naana

Weedduun kun barii kan taphatamuudha. Kunis, ganama subii ka'uun dafanii hirriibaa akka ka'aniif weeddisu. Kunis barii lafaaf waaqa galateeffachuu ofkeessaa qaba. Waaqa dukkana nuuf bariisiseef galanni haa gahu jechuudha. Kana kan jedhu warra jalaa qabu. Shaayiin ammoo, "Bari'ee naana" jechuun yoo jalqabdu lafti bari'uu ishee kan ibsuudha. Kana malees taphni bariisaa kan taphatamu waan ta'eef 'Bari'ee naana' jedhama. Taphichiis 'bari'ee naana'aa, shaayiin yoo jette; heelee-leel-biyyoo (2x)' jalaa qabdootaan jedhama (Af-gaaffii: Guraandhala 05/2018 Moominaa Issaafi kanneen biroo) waliin keessatti weedduu fudhatame:

Shaayii/ Ololtuu

*Bari'ee naana
Barcumaa teessumaa
Ka jalaa furii'i
Oboonaa eesumaa
Ilmaan na dubbii'i
Shokakkee gada'oo
Maaltu irraa haarate
Sirbiyyoo saada'oo
Naatuurraa dhalate
Awwaala hummuu'oo*

Jalaa qabdoota

*Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo*

Gadi fageessanii
Gosa gosaa olii
Sirba jabeessanii
Bari'ee naana
Ifee gallaa'laa
Jijjiigduun jijjiigde
Ta iddoo cirii'i
Magaal dasee sirbaa
Jijjiigaa dabartee
Ta mul'ii jirbii'i
Sabbataa si dhayaa
Ach as si dheeressaa
Si jalaa hinheerumu
Achan si gaggeessaa

Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo

Bari'ee naana
Callee morma kiyyaa
Sagal malee dhabee
Sagalan durbaa keessaa
Dhangalaatu sirbaa
Sagalee tee dhabee

Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo
Heelee leelbiyyoo heelee leelbiyyoo

Weedduun kun miidhagina intala heerumtuufi gosa intala heerumtuu faarsuuf weeddifama. Kunis ilmaan dubrii walii ta'an waljajuun/walfaarsuun kan weeddisaniidha. Weedduun kun faaruu intala heerumtuus ni qaba. Akkasumas Faaruu abbaa, warra eessumaas qaba. Intala miidhaginashee, amalasheefi ijjannaashee ibsuuf weeddifame. Kana malees eessuma faarsuuf ni weeddisu. Ilmaan eessumaa sun intala heerumtuuf dubrii taati. Kunis 'ilmaan naa dubrii'i' kan jedhu sun ilmaan eessuma intala heerumtuuti. Kanaaf, dhiigummaa walii qaban ibsachuuf kan taphataniidha. Askeessatti gosa isaanii faarsuuf weeddisu. Gosti isaanii gosa akkamii akka taateefi gosa warra guddaa akka taatee faarsuuf kan taphataniidha.

4.1.4.4. Addeellee jiini qallaan ba'ee

Weedduun Roobilee-Rooboo kun ammoo weedduu 'Bari'ee naanaa' tti aanee kan dhufuudha. Kanas hiriyoootuma intala heerumtuutu taphata. Askeessatti intalli heerumtu qophii ba'uu yeroo taasistu kan taphatamuudha. Weedduun kun ji'a/baatii intala heerumtuun walfakkeeffama. Ji'a qallaa jechuun ji'a yeroo jalqaba baatu sana jechuudha. Jiini jalqaba yeroo baatu xiqqaattee yookiin qallattee mul'atti. Mul'atteemmoo daftee lixxi. Kana jechuun intalli heerumtullee ba'uuf yookiin gurbaan fuudhu fudhachuuf yeroo xiqqoon akka hafeefi yeroon booda akka hinagarre ibsuuf weeddifame. Weedduu kana shaayii yoo jalqabde jalaa qabdoonni ammoo

isuma shaayiin jette sana irra deebisanii jedhu. Yeroo tokko tokkommoo erga tokkos ni jedhu. Waraabbiin armaan gadii weedduu kana ibsa (Af-gaaffii: Guraandhala 07/2018, Soorsee Booraa) waliin taasifame.

Shaayii/ Ololtuu

Adeellee jiini qallaan ba'ee (2x)

Magaal Tasee

Haroo carcar guddoo jiini qallaan ba'ee

Raachiyyaa ciriisee jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Gosa aabboo keetii jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Ka kaartaa ciriisee jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Ka obboloo keetii jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Garaa nuu fayyisee jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Adeellee jiini qallaan ba'ee (2x)

Ol darbaa daala'oo jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Arbi ba'uu didee jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Adeellee jiini qallaan ba'ee (2x)

Jijjiigdu jijjiigduu jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Ka iddoo cirii'i jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Jijjiigaa dabartee jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Ka mudhii jirbii'i jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Adeellee jiini qallaan ba'ee (2x)

Boordodee Boordodee jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Ka bishaan lilii'i jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee

Bochee na boochiistaa jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee ba'ee

Imimmaan dili'i jiini qallaan ba'ee jiini qallaan ba'ee(Soorsee Booraa)

Jalaa qabdoota

Adeellee jiini qallaan ba'ee (2x)

Warri baasuu ga'ee baasuu alaan ga'ee

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

Weedduun armaan olii kun intalli ba'uuf jiraachuushee ibsa. Akkasumas gosa intala heerumtuu faarsuun intala warra gaarii ta'uushee ibsuuf taphatama. Kana malees, miidhagina intalaa kaasuun bifa mararfannaatiin intala akkaataa ibsuu danda'utti ibsuuf dhimma itti bahan. Kunis 'jiini qallaan ba'ee' jechuun dura yeroo baatiin baatu, qal'atee ba'a waan ta'eef jiini namni hundi hin argu. Intalli heerumtus yommuu baatu firaafi oolla hundi itti yaa'ee waan gaggeessuu namuma itti dhiyaatee dhaabatetu arga malee namni hundi hinargu. Kana malees, yommuu baatu uffata fuulashee haguugu jechuun uffata misirroo waan godhattuuf carraan namni hundi arguu dhiphaadha waan ta'eef. Yommuu kana yeroo lafti bari'ee warri intalaa intala baasuuf qophiirra jiraachuu isaanii ibsa.

4.1.4.5. Dhadhaabbadhu

Dhadhaabbadhun Ulee/ Siinqeedha. Weedduun kun ammoo erga intalli heerumtu qophii hunda xumurtee ba'uuf kaate ibsa. Yeroo ba'uuf kaate akka dhiyaate ibsa. Kanas shaayituu jalqaba jedha. Itti aansee jalaa qabdoonni jalaa qabu. Yeroo intalti ba'uuf jettu weeddifama (Af-gaaffii-Amajjii 28/2018, Haawwaa Gaaddee) waliin taasifame keessatti weedduu weeddifame keessa fudhatame.

Shaayii/ ololtuu	Jalaa qabdoota
<i>Dhadhaabbadhu jimaa dhadhaabbadhu</i>	<i>Dhadhaabbadhu jimaa dhadhaabbadhu</i>
<i>Ba'aa kaatee aayyootti dhaammadhu</i>	<i>Ba'aa kaatee aayyotti/aabbotti dhaammadhu.</i>
<i>Ba'aa kaatee aabbotti dhaammadhu</i>	“
<i>Jijjiigduun jijjiigde ba'aa kaatee</i>	“
<i>Aayyootti dhaammadhu</i>	“
<i>Ka iddoo cirii'i ba'aa kaatee</i>	“
<i>Abbooti haammadhu</i>	“
<i>Aayyootti dhaammadhu</i>	“
<i>Jijjiigaa dabartee ba'aa kaatee</i>	“
<i>Aayyootti dhaammadhu</i>	“
<i>Abbooti dhaammadhu</i>	“

Weedduun armaan olii kun yeroo intalli mana abbaa ishii irraa ba'uuf kaatu irratti weeddifamu kun dhaamsafi gorsa jireenyaa of keessatti hammata. Jechoonni akka “dhadhaabbadhu jimaa dhadhaabbadhu” jedhan intalatti qophii, jabinaafi obsi barbaachisu ibsuun, gara jireenya haaraa seentu keessatti rakkoofi jijjiirama mudachuu danda'u dandamachuuf akka of-jabeessitu hubachiisu. Akkasumas, “ba'aa kaatee aayyotti/abbooti dhaammadhu” jechuun addaan ba'iinsa maatii miira cimaa qabu agarsiisuun, hariiroo jaalalaafi kabaja maatii gidduu jiru calaqqisiisa; kunis, intalti eebbafi nagaa maatii ishii fudhachuun gara jireenya haaraatti ce'u akka qabdu dhaamuufi. Walumaagalatti, weedduun kun addaan ba'iinsa miira guutuu qabu ibsuun alatti, intalti gara jireenya haaraa seentu keessatti safuu eeggatee, obsafi jabinaan of-qopheessitee akka jiraattu gorsa cimaafi dhaamsa dabarsaniidha.

Kanaaf, ergaan walii gala weedduu kanaa, amma booda ati miseensa dubartoota keessatti makamuuf deemta siinqeen siif murame ba'uuf deemta waan dhaamachuu qabdu dhaamadhu jabaadhu jechuudha.

4.1.4.6. Ulee murii

Weedduun Roobilee-Rooboo kun ammoo weedduu ‘dhadhaabbadhu’tti aanee kan weeddifamuudha. Weedduu kanas hiriyoootuma intala heerumtuutu weeddisa. Weedduun kun intalli heeruma geesse heerumuuf deemti ni taphanna jedhanii weeddifamuudha. Weedduu kana shaayiin kan jalqabdu yoo ta’u, jalaa qabdoonni immoo ‘Hawwiin sirba geesse muraajaa’aa’jedhu. Yeroo tokko tokkommoo erga tokkos ni jedhu. Weedduun armaan gadii dhiyaate kunis kanuma ibsa (Af-gaaffii: Marii garee Amajjii 28/2018fi Guraandhala 05/2018, Haaloo Ahamadfi kanneen biroo) waliin taasifame keessatti weedduun fudhatame haala itti aanun dhiyaateera.

Shaayii/ ololtuu

Ulee murii ulee lagaa murii
Hawwiin sirbaa geessee muraajaa’aa
Addee baatee deetaa garaa murii
Ulee murii ulee uulaa gaa
Addeen deetaa geessee muraajaa’a
Ulee murii ulee uulaa gaa
Addeen sirbaa geessee muraajaa’aa
Ulee murii ulee uulaa gaa
Hawwiin sirbaa geessee muraajaa’aa

Ulee murii ulee uulaa gaa
Hawwiin sirbaa geessee muraajaa’aa
Haroo carcar guddoo
Ka obboloo keetii
Ka kaartaa carriisee

Ulee murii ulee uulaa gaa
Hawwii sirbaa geessee muraajaa’aa
Garaa nu fayyisee
Duulli irranaa galuu
Ka ilmaan mootii’i
Hawwii sirbaa geessee muraajaa’aa
Ulee murii ulee uulaa gaa
Hawwii sirbaa geessee muraajaa’aa
Gosatti gosaa olii
Hawwii sirbaa geessee muraajaa’aa
Ulee murii ulee uulaa gaa
Hawwii sirbaa geessee muraajaa’aa
Ka filaa lootii’i
Hawwii sirbaa geessee muraajaa’aa
Ulee murii ulee uulaa gaa

Jalaa qabdoota

Ulee murii ulee uulaa gaa
Hawwiin sirbaa geessee muraajaa’aa
Addeen deetaa geessee muraajaa’a
Addeen sirbaa geessee muraajaa’aa

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

<i>Ka muldhii jirbii'i</i>	“
<i>Ulee murii ulee uulaa gaa</i>	“
<i>Hawwii sirbaa geessee muraajaa'aa</i>	“
<i>Ooyiruu keenya guddoo</i>	“
<i>Hawwii sirbaa geessee muraajaa'aa</i>	“
<i>Ulee murii ulee uulaa gaa</i>	“
<i>Hawwii sirbaa geessee muraajaa'aa</i>	“

Weedduun kun intalli heeruma geesse jedhanii weeddisaniidha. Dursarrattin jechi ‘Hawwii’ jedhu intala heerumtuu maqaa kennaniif maqaa ishii waama weeddisuu. Kanaaf, weedduun kun ‘Hawwiin sirba geesse muraajaa’aa’ jechaa weeddisan kun intalli heeruma geesse heerumuuf yookiin mana ba’uuf deemti ni taphanna waan qopheeffamu qabu qopheessa intalli heeruma geesse jedhu ibsuuf weeddifame. Akkasumas, weedduun kun iddoolee beekamoo kan maatii yookiin kan gosa isheellee weedduu kana keessatti ni weeddifama. Kana malees, miidhagina intala, cimina isheefi gosa intalallee ni weeddisu. Gosti isaanii gosa akkamii akka taateefi gosti intala ooyiruu guddaa akka qabanii, gosa sanyii beekamaa akka taatee dabalatee faarsuuf kan taphataniidha. Kanaafuu, weedduun Roobilee- Rooboo waa’ee intala qofa irratti kan xiyyeeffatu osoo hintaane, waa’ee gosa ishiifi qabeenya beekamoo qaban hunda weedduu kanaan faarsu.

4.1.4.7. Adaree haajii dallaalaa

Weedduun Roobilee-Rooboo kunis, weedduu ‘ulee muriitti’ aanee weeddifamuudha. Weedduu kanas ijoollee Roobilee taphatantu taphata. Akkasums, weedduu kun saddeenni intala fuudhuuf erga dhufedha kan weeddifamu. Kun ammoo jalqaba shaayituu jalqaba. Itti aansee jalaa qabdoonni ‘Adaree haajii dallaalaa haajii dallaalaa’ jecha jalaa qabuun taphatu. (Marii garee: Guraadhala 05/2018, Aashaa Aliifi kanneen biroo) waliin taasifame keessatti weedduu fudhatame:

<i>Shaayii/ ololtuu</i>	<i>Jalaa qabdoota</i>
<i>Adaree <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Mee baasaa waan fidee ilaallaa</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Galchaan muka hinqabu <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Dhukkeen dhusii malee <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Gochi ganda sanii <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Galchaan muka hinqabu <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Hodhattootaa malee <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Gandi dhiira hinqabu <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Hoo sangootaa malee <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>
<i>Gingilchaafi ginddoo <u>haajii dallaalaa</u> (x2)</i>	<i>Adaree haajii dallaalaa (x2)</i>

Walii irraa kaayanii haajii dallaalaa (x2)
Abaluufi abalu haajii dallaalaa (x2)
Abidda kaayanii haajii dallaalaa (x2)

Adaree haajii dallaalaa (x2)
Adaree haajii dallaalaa (x2)
Adaree haajii dallaalaa (x2)

Weedduu kana keessatti haajjiin maanguddoo yoo ta’u, dallaalaa jechuun ammoo gidduu maatii intalaafi gurbaa deemuun dubbii sirna fuudhaa heerumaa xumursiisudha. Weedduun kun saddeenni intala fuudhuuf dhufanii booda bifa qoosaafi arrabsoodhaan taphatama. Yeroo taphatan kanas eenyummaa isaanii of-ibsachuudhaan, ganda isaanii, jireenya isaaniifi humna isaanii ol kaasanii mul’isuuf weeddisaniidha. Jechoonni akka “gandi dhiira hinqabu”, “galchaan muka hinqabu”, “hoo sangootaa malee” jedhan, warra gurbaa xiqqeessanii kan ofii immoo ol kaasuun, dorgommii warra intalaafi warra gurbaa ittiin ibsu. Kanaaf waan gurbaan sun kennaa intalaaf fidee ilaalanii qeequ fa’a ofkeessa qaba. Haa ta’u malee, arrabsoon kun kaayyoo tuffii osoo hintaane, akka tooftaa aadaa keessatti bashannana uumu, of ibsuufi garee ofii cimsuuf weeddifama. Kanaafuu, saddeenni dhufe weedduu weeddifamudha.

4.1.4.8. Taayya

Weedduun Roobilee- Rooboo kunis walduraa duubumaan isaa weedduu ‘Adaree haajii dallaalaatti’ aanee weeddifamuudha. Weedduun kun weedduu arrabsoos kan qabu yoo ta’u, gurbaan intala fuudhuufi saddeenni intala fuudhuuf dhufe dhangaa isaaniif dhiyaate osuma nyaata nyaachaa jiran weeddifama (Af-gaaffii: Amajjii 28/2018, Amiinaa Haajii Doobateefi kanneen biroo) waliin taasifame keessatti weedduu weeddifame keessa fudhatame

Shaayii/ ololtuu

Taayya iffiso dhufe
Iffiso cinaacha onaa
Iffiso cinaa gofloodaa
Gofloodaa kee sareen diddee
Addurreen nyaatte dididdee
Aayyiyyoo aayyoon iffise
Aabbiyyoo aabboon iffise
Karra irree isaan iffise
Gulantaa dhungoon iffise

Taayya iffiso dhufe
Taayya borcataa dhufe
Laalaa akkatti fudhatuu
Laalaa akkatti liqimsuu
Laalaa akkatti fudhatuu
Taayya ciicoo duudhaa iffise

Jalaa qabdoota

Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe

Taayya iffiso dhufe
Taayya iffiso dhufe
Laalaa akkatti fudhatuu
Laalaa akkatti liqimsuu
Laalaa akkatti fudhatuu
Taayya iffiso dhufe

Taayya qorii arraabbiin iffise Taayya iffiso dhufe (Amiinaa Haajii Doobatee)

Weedduun kun weedduu arrabsooti; gurbaa fuudhu arrabsuu. Taayya jechuun aayyoo ykn haadha intaalaa bakka bu'aa. Kanaaf, weedduu kana keessatti jechi 'cinaacha onaa' fira hinqabu nama isa bira dhaabatu hinqabu jechuudha. Akkasumas 'cinaa gofloodaa' jechuunimmoo huqqataa jechuudha. Kanaaf, arrabsoon weedduu kanaa Lafee waan ta'eef, sareenuu homaa sirraa dhabdee sinyaatuu didde, addurreen ammoo nyaattee sifa dhabde bu'aa hinqabdu jechuudha.

Tapha kanas bifa qoosaafi arrabsoon taphatan yoo ta'u, gurbichaa fuudhuufi warra isaa irratti xiyyeeffachuun, "Isin nu nuffiisistaniittu, turtiin keessan dheeraa ta'eera" jedhu dabarsa. Kanaaf, turtii isaanii dheerachuufi haala nyaataa irratti turan akka nuffii uume jedhanii fakkeessanii ibsaniidha. Haa ta'u malee, arrabsoon kun jibbaaf yookiin kaayyoo tuffii ykn xiqqeessuuf osoo hintaane bashannanaa, gammachuufi walitti dhufeenya maatii lamaanii cimsuuf kan taphatamudha; kanaafis sirna heerumaa keessatti miira ho'aa uumuun gahee guddaa qaba. Kanaafuu, weedduun kun ergaa qoosaa keessatti ijaarameen hariiroo hawaasummaa cimsuu, hirmaannaa dabaluufi sirna guutuu keessatti gammachuu babal'isuuf weeddisaniidha.

4.1.4. 9. Maashoo hindaraariinii

Weedduu kana yeroo hedduu intalli heerumtu gaafa sa'aatii ba'aa ga'e yeroo isheen ba'uu didduu intalaaf weeddifama. Kanaaf, intala heerumtu kanaan maaliif ba'uu diddaa ba'aan kee ga'eera maaliif ba'uu diddee jedhanii weedduu kanaatiin arrabsanii. Kanas shaayiniifi jalaa qabdoonni walfaana jechuun weeddisu. Ragaa af-gaaffiirraa fudhatame weedduun isaa akka armaan gadiitti dhiyaateera.

*Maashoo hindaraariinii maashoo hindaraariinii
Ija qulfii gootee teessee na laaliinii(2x)
Baatee hinwalaaliinii (2x) (Hawwee Abdii)*

Weedduun armaan olii kun kan weeddifamu gaafa iltalti ba'uu didduu kan weeddisan yoo ta'u, yeroo akkas jedhanii hiriyyoonni intalaa arrabsan isheen immoo yeroo baay'ee boochii jechuudha. Akkasumas, akka aadaa Oromoo Ituutti intalli heerumtu bo'uun immoo aadaadha jedhama.

4.1.4.10. Adal diina birraa

Adal jechuun uummata warra Affaar yoo ta’u, yeroo birraan bar’ee daangaa irratti yeroo horii oofanii marga dheechisan wal-loluu waan ta’eef sababa kanarra kan ka’e Ummanni Affariifi uummanni Oromoo Ituu sababa kanaan waan waldhabaniif jecha kana fayyadamu. Weedduun Roobilee- Rooboo kun immoo yeroo gurbaan warra intalaarraa intala fudhatanii ba’aan weeddifamudha.

Shaayii/ ololtuu

Adal diina kiishii qorii dhoksiite (2x)

Adal diina birraa makeelii haate buusa irraa(x2)

Adal diina birraa Makeelii haate buusa irraa(x2)

Jalaa qabdoota

Makeelii fuudhe buusa irraa

Makeelii haate buusa irraa

Maali godhataa dhiisaa nurraa

Homaa hinqabu dhiisaa nurraa

Mucaan iyyeessaa dhiisaa nurraa

Janbarii fuudhe dhiisaa nurraa

Janbarii haate buusa irraa

Harreen fe’ataa dhiisaa nurraa

Weedduun kun gurbaan intala fuudhu kun intala qofa miti kan nu jalaa fudhate deema jiru meeshaa bira illee fudhate deema jira waan ta’eef buusa irraa jedhanii bifa weedduu kanaatiin ibsan.

4.1.4.11. Adaree raasee

Weedduun Roobilee- Rooboo kunis walduraa duubumaan isaa weedduu ‘Adal diina birraa’ aanee weeddifamuudha. Weedduun yeroo inni weeddifamus yeroo saddeenni yookiin haamaamoonni intala fudhanii karra ba’aan weedduu weeddisaniidha (Ragaa daawwannaafi Afgaaffii: 28/2018, Faaxee Raareefi kanneen biroo) weedduu weeddifame keessa weedduun isaa akka itti aanutti dhiyaateera.

Shaayii/ ololtuu

Adaree raasee adaree raasee

Sirbiyyoon kennee ajabii baasee

Sirbaa si kennee ajabii baasee

Silaa nan goodaa

Jalaa qabdoota

Adaree raasee adaree raasee

Sirbaa si kennee ajabii baasee

Sirbaa si kennee ajabii baasee

Lilmoo nan dhabe

Weedduu kana keessatti ‘Adaree Raaseen’haamaamoota intala fuudhuuf warra dhufan yoo ta’u, ‘Ajabii baaseen’ammoo warra maatii intala hundi waliitti dhufe intala gaggeessuuf ba’ee jechuudha. Kanaaf, weedduu kana keessattis gurbaan intala fuudhe ba’aa jiraa nunis ajabii baasnee gaggeessinaa jechuu isaaniiti ragaan ragkinnitootarraa akka agarsiisutti akkan hudhadhetti.

4.1.4.12. Iyyoo koorillee

Iyyoo koorilleen intala heerumtu. Kunis ijoollee tapha roobilee rooboo akka taphataniif waamamanii dhufan keessaa ijoolleen filamanii guyyaa intalli mana baatuu sana akka ishee gaggeessan godhama. Haaluma kanaan, weedduun kun ijoolleen intala heerumtuu/imiyyoo gaggeessuuf waliin deemantu guyyaa gara warra ishee deebi'an weeddisaniidha. Ragaa daawwannarraa argame keessa weedduun isaas akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Shaayii/ ololtuu

Iyyoo koorillee re'een lakkuu dhalte
Iyyoo koorillee lachuu guddifatteree
Iyyoo koorillee haandaartii Hawwii deesse
Iyyoo koorillee dhugaa guddifatte
Iyyoo koorillee Aayyoon Hawwii deesse
Iyyoo koorillee dhugaa guddifatte
Iyyoo koorillee nan weeddisa
Iyyoo koorillee Qooqaan leenjisa
Iyyoo koorillee Qooqaa aayya'oo
Iyyoo koorillee Maddoo leelisa
Iyyoo koorillee Qararri dukkoo
Iyyoo koorillee Gaaraattan laalee
Iyyoo koorillee Dukkoo aayya'oo
Iyyoo koorillee Waaqattan dhaame

Jalaa qabdoota

Iyyoo koorillee re'een lakkuu dhalte
Iyyoo koorillee lachuu guddifatteree

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

“

Weedduun kun gaafa intalli heerumte ijoolleen Roobilee gaggeessanii qa'ee warra gurbaa ni bulanii. Achii booda intalli heerumte kun durbummaa yookiin kabaja kan qabdu yoo ta'e, ijoolleen kunis weedduu kana weeddisa galuu jechuudha. Weedduu kana keessatti jechi 're'een lakkuu dhalte' jedhu haati guddifatte jechuudha. Haati intala kana guddifatte sirriitti guddiste durbummaa eegde seeraan kabaja ishee eegde heerumte jechuudha. Akkasumas, dhaamsi weedduu kanaa aayyoo sirriitti gammaddi, boonii dhugumaan koorii intalti ati guddiste si boonsite бага gammadde jechuudha. Kanaaf, ijoolleen intala kana gaggeessuu achii deeman kun gammachuu kana qabatani deebi'u jechuudha. Akkasumas ammoo yoo akka carraa intalli durbummaa hinqabdu ta'e weedduu kana weeddisa hingalanii, callisanii galuu jechuudha. Kanaaf, iyyoo koorilleen gammachuu warra ibsa. Kan gammaddus haadha qofa osoo hintaanee gosni, ollaan hundi ni gammadda ijoolleen weedduu kana weeddisa yeroo dhufan.

Adeemsi Roobilee- Rooboo kaayyoo kana keessatti wantoota adda isa taasisan keessaa isa ijoo ta'e, duraa-duubummaa qabaachuu isaati. Adeemsi tapha kanas jalqabaa, gidduu/qaamaafi xumura qabuun ijaaramee dhiyaachuu isaa agarsiisa. Tartiibni kun ammoo yaada, miiraafi

duudhaa hawaasaa suuta suuta mul'isa dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffachuun ergaa dabarsaa deemudha. Jalqabarratti, adeemsichi waan bu'uura ta'ee irratti hundaa'a. Kunis sirna kaadhimmachuu, waliigaltee maatii lamaaniifi murtee hawaasummaati. Kunis haala duree taphichaati. Askeessatti waliigalteen, kabajniifi safuun tumamu; tapha roobilee rooboof qopheessa. Kanaaf, jalqabni kunis hiika qofa osoo hintaane, bu'uura seenaa sirna kanaa kan diriirsudha. Itti aansuun, adeemsi kun gara sirnoota akka gabbara, maddoo furaafi ayyaana qabaa jechaa itti fufa. Sadarkaaleen kunneen murtee jalqabaa gara hojiitti hiiku; waan yaadame gara dhugaa jireenyaatti tarkaanfachiisu. Maddoo furaan murtiin isaa duubatti kan hindeebine ta'a; ayyaanni qabamuunis yeroo sirnichaa murteessa. Adeemsonni kana keessatti raawwataman akka barbaadaniitti kan godhaman osoo hintaane, yeroo, seeraafi safuu irratti hundaa'e ta'uu isaa addeessaa.

Haaluma kanaan sirni raawwatamu qabu raawwatame booda, adeemsi kun gara sirna weedduu Roobilee- roobootti ce'a. Asirratti duraa-duubummaan isaa caalaatti ifoomsaa deema. Weedduun jalqabaa akka 'dubroo' hiriyyoo haala seensaa uuma. Kunis walitti qabamuu, qophiifi miira jalqabaa banuudha. Itti aansuun, weedduwwan akka 'sakee boonaa'fi 'Roobilee' jalqabaa miira kana ol kaasaa deemu. Akkasumas, dameeleen weedduu Roobilee- Rooboo akka; 'roobee roobee' 'siriyyee, heellayyoo' suuta suuta dabalaa deemuun, miira hirmaattotaa gara sadarkaa ol'aanaatti geessu. Tartiibni kun akka danbalii galaanaa jalqaba suuta eegalee, gidduurratti jabaatee, dhuma irratti ammoo miira cimaa uumuun xumurama. Dhumarratti, weedduwwan akka 'dhadhaabbadhuu'fi 'ulee murii' itti fufuun, yeroo addaan ba'iinsaa ifa godhu; kunis miira gaddaa, abdiifi gorsa walitti makuun xumura sirna kanaa calaqqisiisu. Kanaafuu, duraa-duubummaan roobilee rooboo: hubannoo guddaa uumu qabuutti ijaara. Hojii hunda bakka isaatti hiika isaa waliin kaa'a, ergaa dabarfamu suuta suuta gara qalbii namaatti galcha, miira hirmaattotaa sadarkaa sadarkaan guddisuun xumura irratti cimaa taasisa. Kanaafuu, roobileen rooboo sirna tartiiba qabu qofa osoo hintaane, akka sirna yaadaa, miiraafi duudhaa hawaasichaa walitti hidhuun ijaarameedha. Duraa-duubummaan isaa immoo bu'uura guddaa ta'ee, akka aadaan kun sirriitti hubatamu, itti fufuufi dhaloota dhalootaatti dabarfamu taasisa.

Xiinxala gama dubartummaan yoo ilaalamu, dubartiin adeemsa kana keessatti bakka jalqabaa irraa kaasee hanga xumuraatti miira, safuufi duudhaa ittiin qajeelfamtu keessaa akka qaama to'atamaa taateetti dhiyaatti; jechuun, sirni kun dubartii akka hirmaattuu sirnaatti malee akka

murteessituutti hinibsu. Kun immoo ilaalcha aadaa keessatti aangoo murtee caalaa, dubartiin akka madda miiraa, kabajaafi duudhaa ittiin ibsamuutti ilaalamu agarsiisa. Akkasumas, duraa-duubummaan sirnichaa akka dubartiin sadarkaa sadarkaan keessatti hirmaattu, garuu to'annaa hawaasaa jalatti adeemtu ni mul'isa. Kana jechuun, dubartiin sirna keessatti ni mul'atti, ni kabajamti, garuu kabajni sun sirna murteefi aangoo irraa fagoo ta'uu isaa agarsiisa.

Xiinxala kana keessatti sirni fuudhaa-heerumaa Oromoo Ituu keessatti, keessattuu adeemsa Roobilee-Rooboo dura raawwataman, Naqa looniifi Maddoo Furaa irratti, dubartummaan akka qaama aadaa, safuufi duudhaa hawaasaa keessatti ijaaramu, kabajamuufi yeroo tokko tokko daangeffamuutti mul'ata. Dubartiin sirna kana keessatti akka qaama barbaachisaa ijaarsa maatiifi walitti dhufeenya hawaasaa keessatti hirmaattu taatetti dhiyaatti; garuu yeroo wal-fakkaatutti murtii fuudhaa-heerumaa, gabbaraafi qophii sirnichaa keessatti hirmaannaan ishee kallattiidhaan daangeffama. Haaluma kanaan, murtiin jireenya dubartii waliin walqabatu irra caalaatti maatiifi jaarsolii harka waan jiruuf, sirnichi walqixxummaa guutuu osoo hintaane, aangoo dhiiraa (patriarchal system) akka calaqqisiisu ni agarsiisa. Weedduu Roobilee-Rooboo keessatti ammoo dubartiin akka madda gorsa, safuufi miidhaginaatti dhiyaachuun, gama '*Cultural Feminismtiin*' miiraafi duudhaa hawaasaa keessatti bakka olaanaa akka qabdu ibsa. Gama biraatiin, '*Indigenous African Feminism*' ammoo dubartiin sirna hawaasummaa keessatti akka qaama ijaarsa, hojiifi duudhaa keessatti hirmaannaa guddaa qabduutti hubachiisa.

Kanaafuu, adeemsi weedduu Roobilee-Rooboo dubartummaa karaa lamaatiin mul'isa: tokko kabajaa, iddoofi gatii dubartii hawaasa keessatti agarsiisa; inni biraa immoo murtii, aangoofi hirmaannaa irratti daangaa qabaachuu ishee ifa godha. Walumaagalatti, sirnichi dubartummaa akka ijaarsa aadaafi miiraa keessatti guddina qabu, garuu gama aangoofi murtee kennuu keessatti wal-qixxummaa guutuu akka hinqabne agarsiisa. Walumaagalatti, hojiileen kaayyoo kana keessatti xiinxalamaniifi qorannoon koo hidhatanii isaa; qorannichi dubartummaa weedduu Roobilee-Rooboo keessatti xiinxale waan ta'eef, mata dureewwan xixiqqaa dhiyaatan keessatti dubartiin sirna fuudhaa heerumaa keessatti akkaata qophooftu, gorfamtu, weeddifamtuufi wanti irraa eegamu ibsuu irratti xiyyeeffatu. Kunis raawwileen duraa duubumaan raawwataman tokkoon tokkoon isaanii dubartummaa akka ijaarsa hawaasummaafi aadaatti hubachuuf gargaara. Kanaaf, qabxiilee dhiyaatan mata-duree qorannichaa ibsuu qofa

osoo hintaane, dubartummaa hawaasni Oromoo Ituu itti hiikuufi ittiin bocu ifa gochuudhaan kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uuf xiinxalame.

4.2. Gahee Weedduu Roobilee-Rooboo Gama Jiruufi Jireenya Hawaasummaatiin

Jechi gahee jedhu dubartummaa ilaalu keessatti kallattii baay'een ilaalamu danda'a. Qorannoo kana keessatti jechi gahee jedhu karaa lamaan ilaalame. Tokko gahee weedduun Roobilee-Rooboo jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti dubartummaa haala kamiin dhiyeessaa kan jedhu hubachuuf yoo ta'u, lammaffaan ammoo, gahee dubartootaa (intala heerumtu) jedhu keessatti gahee hawaasummaafi maatii irratti xiyyeeffadhe. Sababni isaas weedduu Roobilee-Rooboo keessatti dubartiin irra caalaa akka haadha manaa, guddiftuu maatiifi eegduu safuu taateettii waan dhiyaattuuf, qorannoo kana keessatti jechi "gahee dubartootaa" jedhu hiika waliigalaa dubartoonni hawaasa keessatti qaban hunda kan agarsiisu osoo hintaane, gahee hawaasummaafi aadaatiin dubartoonni sirna fuudhaa heerumaa keessatti itti ramadaman irratti xiyyeeffata. Kunis yaadrimee dubartummaa (feminism) irraa ka'uun dubartoonni hawaasa keessatti akkamitti dhiyaatan, gaheen isaanii maaliifi maaltu isaan irra eegama qorachuuf xiinxalameera. Kana jechuun qorannoon kun gahee dubartootaa akka hooggantoota siyaasaa, murtee kennuufikkf irratti kan xiyyeeffate osoo hintaane gahee weedduu Roobilee-Rooboo keessatti dubartootaaf ijaarame irratti xiyyeeffata. Kaayyoon ijoos Roobilee-Rooboo gorsa intalaaf dabarsuu waan ta'eef gorsi sun ammoo dubartummaa agarsiisa.

Haaluma kanaan, weedduun Roobilee- Rooboo aadaa Oromoo Ituu biratti hawaasummaa cimsuuf madda beekumsaafi gorsa hawaasummaa ta'uun tajaajiluudha. Akkasumas, miira, ilaalcha, fedhiifi bakka shamarran akka gareefi dhuunfaatti qaban haala garagaraatiin calaqqisiisa. Ilaalcha gaafa jedhamu immoo akkaataa itti hawaasni shamarran hubatuufi iddoo hawaasni kennuuf agarsiisa. Akkasumas, yaada duraan shamarrihin heerumin qaban cimsee gare jireenya mataasheetti deemtee akka jiraattu agarsiisa. Kana malees konfolummaa irraa gara kabajaatti akka dhufan gorsuuf oola. Konfolummaa jechuun akka feetummaa jechuudha. Jecha kun hawaasa keessatti iccitii wayii akka qabuuti kaasuu. Innis, ilmi hinfuudhiniifi intalti hinheerumin turte gocha hawaasichi jibbu raawwachuu danda'u. Kana akka hingooneef immoo namni umriin gahe fudhuufi heerumuun dirqama. Yaaduma kanaan walqabatee dhiirri hinfuudhin konfoleessa, shamarrin hinheerumin konfoleetii jechuun hawaasni naannoo qorannoo kanaa ibsa. Konfoleessi yoo maatii kan didu ta'e gosatu itti yaa'ee reeba.

Konfoleettiinis, yoo maatiif kan hinajajamne ta’e harma qarabu. Sababnisaa akka isheen maatiif gadi jettee bultu taasisuufi. Yoo harmas qarabanii maatiif gadi jettee buluu didde ammoo ‘dhibbaan bobbaatee shantamaan galti’ jedhuun. Dhibbaan bobbaatee shantamaan galti jechuun shamarri hanga heerumtee bultii hindhaabbatinitti humna guutuu qabdi. Guyyaa gaafa dhiira waliin yeroo jalqabaaf ciistee kaatee garuu dhibbantaa shantama gatti. Gaafa sanaa kaatee dhiiraaf bitamtee jiraatti jechuudha. Dhibbantaa shantama kanaan abbaa manaa isheetifis ta’ee, maatii itti dhaqxeeff bitamtee akka jiraattuuf immoo haala itti aanu kanaan gorsu.

*Wayiin si dhaama
Wayiin dhaamadha
Warra abbaa qabuu
Ijoollee hinga’aanii
Saree hindhayanii
Warra abbaa qabuu
Ejjanni suuta
Kolfi quuludaa*

Weedduun kun intalli safuufi naamusa gaarii qabaatte akka jiraattu gorsa. Akkasumas, weedduu kana keessatti “ijoollee hinga’aanii, saree hindha’anii” jechuun namoota tuffachuu, arrabsuu ykn gadi ilaaluun akka hinbarbaachifne ibsa. Hawaasa keessatti namni kamuu kabajamuu akka qabuufi qabeenyi nama kamuu abbaa qaba waan ta’eef akka abbaa hinqabne maal na dhibeedhaan akka waa hinballeessine gorsa. Akkasumas, weedduun kun intalli heerumtu yeroo haasoftuufi amala ishee of-eeggannoodhaan akka to’attu akeekkachiisa. Kana malees, jechi “Ejjanni suuta”, “kolfi quuludaa” jedhu immoo akkaataa intalli hawaasa keessatti of-agarsiisu qabdu kan ibsuudha. Kunis intalli yeroo deemtus, haasoftuufi yeroo kofaltuus suuta akka kofaltu gorsa. Kanaaf, weedduu kana keessatti, suuta deemuu qabdi malee meeshaa caccabsaa akka hindeemne; yeroo kofaltullee niseeqatti malee akka hinkaakkisne jechuudha.

Weedduun kun gorsa heeruma qofa osoo hintaane barsiisa safuufi naamusa hawaasummaa keessatti mul’isu qabdu agarsiisa. Kanaaf, ergaan guddaan weedduu kanaa, akka nama tokkotti amala gaarii qabaattee, safuu hawaasaa eegdee, maqaa ishee kabachiiftee akka jiraattu barsiisuudha. Kanaaf, yaaddoon shamarranii kana keessatti kun hinta’uu taanaan hawaasa biratti ni jibbamta waan ta’eef of-eeggannoo gochuu qabda jechuu agarsiisa. Kanaaf, suuta dhaabadhu, suuta dubbadhu, naamusaan jiraadhu jechuudha. Ijoollees hintuqin, saree namaattis hinbu’iin warra ambaa gaafa dhaqxu of-eeggannootu si barbaachisaa yaada jedhu weedduu kanaan himaniif jechuudha.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen gama dubartummaan wanti argame akka armaan gadiitti dhiyaateera. Weedduu kana keessatti hawaasni intala heerumtu irraa waan hedduu akka eegutti mul'ata. Intalli yeroo warra gurbaa dhaqxu of-eeggannoo guddaadhaan jiraattu, suuta dubbattu, suuta deemtuufi nama hunda akka kabajdu irraa eegama. Kunis gama tokkoon safuufi naamusa gaarii barsiisaa; garuu gama biraatiin ammoo, dubartiin bilisummaa guutuu akka hinqabneefi mirga namoomaashee akka ofqabdu agarsiisa. Keessumaa “dhibbaan bobbaatee shantamaan galti” jedhu keessatti, dubartiin erga heerumte booda olaantummaa ofii keessaa akka hir'attu mul'ata. Kanaaf, weedduun kun dubartiin hawaasa keessatti akka kabajamtu taasisuuf gorsa kennuun isaa gahee qabaatus, yeroo wal fakkaatutti ammoo, sirna olaantummaa dhiiraa keessatti akka of gadi qabduufi harka dhiiraa jala akka jiraattu calaqqisiisa.

Yaadiddamni '*African Indigenous Feminism*' weedduu kana keessatti dubartiin hawaasummaa, safuufi hariiroo maatii keessatti gahee olaanaa akka qabdu hubachuuf Akkasumas, yaadiddamni kun dubartiin aadaa keessatti kabajamtu taatus, yeroo tokko tokko ammoo sirna olaantummaa dhiiraatiin akka daangeffamtu adda baasuuf bu'uura ta'eera. Gama biraatiin, '*Cultural Feminism*' immoo weedduun kun miira, yaaddoo, of-eeggannoofi muuxannoo jireenya dubartootaa akkamitti akka calaqqisiisu xiinxaluuf na gargaareera. Kunis sagaleefi muuxannoo dubartootaa hubachuuf gahee olaanaa qabaachuun isaa mul'ata. Haaluma kanaan, gahee weedduu Roobilee- Rooboo gama jiruufi jireenya hawaasummaatiin qabu mata dureelee xixiqqaa jalatti qoqoodamuun akka armaan gadiitti xiinxalameera.

4.2.1. Waqtii Heerumaa

Akkuma beekamu waltajjiilee hawaasummaa keessaa sirni fuudhaa heerumaa tokko yoo ta'u, heerumsiisuufi fuusiisuu keessatti waqtiin heerumaa murteessaadha. Ijaarsi hawaasummaa naannoo qorannoo kanatti waqtiin fuudhaaf heeruma murteessaa akka ta'e ragaan ragkennitootarraa argame ni agarsiisa. Akkasumas, fuudhaa heerumni waqtii birraa keessatti gageeffama. Waqtii heerumaatiin walqabatee ilaalchi jiru maal akka fakkaatu ragaa af-gaaffiitiin ragkennituu Gallee Gumbii irraa taasifameen haala itti aanuun dhiyaateera.

*Roobilee rooboo arfaasaan mishee rooboo
Ka saayyoo miila rooboo
Birraan bari'ee rooboo
Kan durbaa diinaa rooboo*

Weedduun kun waqtiin heeruma waqtiilee jiran keessaa kam keessatti akka ta'e kan ibsuudha. Oromoon Ituu yeroo dubbatan “Intala birraa heerumsisna” jedhu. Kun kan agarsiisu akka aadaa hawaasa naannoo kanatti, yeroo birraan bari'ee fuudhaaf heerumni gaggeeffama jechuudha. Sababni isaa ganni halkaniitti fakkeeffama. Bonni immoo, ifa waan ta'eef, fuudhaaf heerumni hingaggeeffamu. Kanaaf, Oromoon Ituu “Gaafa birraan bari'ee fulbaanni seene ni heerumsiisuus, ni fuusiisuus.” jechuudha. Weedduu olii kana keessatti jechi “Arfaasaan mishee rooboo, ka saayyoo miilaa” jedhu kun yoo birraan bari'ee ifee ganni caamee yoo waaqni roobuu baatee loon ni dhumani, yoo inni roobe ni mishanii (gabbatanii) saniif jedhama jechuudha. Akka falaasama weedduu kana keessa jiruutti ergaan weedduu kanaa arfaasni looniif mijataa akka ta'e, akkasumas shamarraniif illee ganni akka mijaata ta'eetti fudhatama. Kunis ganna keessatti heerumuun hinjiru waan ta'eefi. Gama biraatiin immoo waqtiin birraa diina intalaati jedhama. Sababni isaa, waqtii birraa keessatti intalli heerumtii waan ta'eefi. Sababa kana irraa kan ka'e, miirri kana keessatti jiru ganni intalaaf mijataa birraan immoo dargaggeessaaf mijataadha jedhama. Kanaaf, loon haa mishanii jedhama looniif gatii mijataa ta'eef. Akkasumas, yoo bonni haamaatee loon kan dhuman yoo ta'e immoo gabbarri intalaaf kennamu illee ni dhabama waan ta'eefi. Haaluma kanaan sirna fuudhaa heeruma keessatti loon illee iddoo guddaa akka qabu hubachiisa.

Weedduu kana keessatti shamarran afraasaa nifaarsan yookiin nijajatan, sababni isaa afraasaan looniif gabbina, quufa. Loon bu`uura dinagdee hawaasa Oromooti. Haalli kunis, shamarran waqtii afraasaatiif ilaalcha gaarii qaban weedduu isaanii kanaan akka ibsatan taasisee jira. Gama biroon, waqtiin birraammoo, waqtiwwan hundarraa addatti yeroo shamarran gaa`ila ijaaruuf deemaniidha. Ilaalchi shamarran waqtii birraatiif qaban garuu faallaa waqtii afraasaati. Kunis shamarran jaalala waliif qabanirraa kan ka'e wayita walbira heeruman hiriyyummaan isaanii akka diigamu cimsanii beeku. Kanaaf, shamarran heerumaaf osoo hintaane waqtii birraatiif ilaalcha gaarii akka hinqabne xiinxalliin kun ni agarsiisa. Kunis, ilaalcha shamarranii weedduu Roobilee- Rooboo keessatti calaqqisuudh.

Xiinxala ilaalcha waqtii heerumaa irratti hundaa'uun dubartummaa (femininity) akka ijaarsa aadaa hawaasaatiin bocamte mul'isa. Xiinxala kana keessatti, dubartiin yeroo heerumtu haala hawaasni itti ishee qopheessu keessatti akka qaama sirna aadaa murtaa'etti dhiyaatti. Waqtiin birraa akka yeroo heerumaaf mijataa ta'eetti ibsamuufi afraasaan immoo bu`uura jireenya

looniiifi quufa diinagdee waliin walqabsiifamuun, dubartiinis haala kana keessatti akka miseensa sirna hawaasummaa irratti hirkatuutti ilaalamti. Akkasumas, weedduun kun yaadrimee dubartummaa ‘feminism’yoo ilaalamu, dubartii ykn walqixxummaa saalaa hinjajjabeessu. Kunis dubartiin murtee ishee ofii kennuu osoo hintaane, akkaataa aadaan ishee ramaduun akka adeemtu agarsiisa.

4.2.2. Umurii Heerumaa

Hawaasa Oromoo biratti heerumni dhimma ijoo yoo ta’u, sirnaafi duudhaa hawaasummaa cimaa irratti kan hundaa’edha. Keessumaa akka sirna Gadaa Oromootti, jireenyi namaa sadarkaa umuriifi itti gaafatamummaa adda addaa keessa hulluuqee kan deemudha. Kana keessatti shamarran umriin isaanii ga’u malee heerumuu hinqaban; sababni isaas heerumni qophii qaamaa, sammuufi hawaasummaa gaafata jedhamee amanama. Kana keessatti wanti hubatamu qabu fedhiin intalaa ni gaafatama osoo hintaane, sirni aadaafi ilaalcha hawaasaa kan umurii gaa’elaaf murteessaa ta’uu irratti hundaa’e agarsiisa. Sirni Gadaa sadarkaa umurii adda addaatti kaa’een namni tokko yoom akka gahee hawaasummaa murtaa’e fudhatu ifaan ibsa, hojiirras oolcha. Kanaafuu, osoo umurii heerumaa hinga’iin heerumsiisuun ykn heerumuun akka sirna Gadaa/aadaa Oromootti sirrii hinta’u. Hawaasni Oromoo kana akka dogoggoraatti ilaala; sababni isaas, namni osoo hinbilchaatiin gaa’elaatti seenuuniifi itti gaafatamummaa maatii ba’achuu dhabuun rakkoo hawaasummaa fiduu danda’a jedhamee waan amanamuufi. Haaluma kanaan intalli tokko umurii ishee malee heerumuun sirrii akka hintaanee weedduu keessatti yeroo ibsan;

Shaayii/ ololtuu

Roobilee rooboo

Buchumoo diimaa

Maa lafaa dhoofttee

Heerumni diina

Maa maqaa dhoofttee

Jalaa qabdoota

Roobilee rooboo

Roobilee rooboo

Roobilee rooboo

Roobilee rooboo

Roobilee rooboo

Jechuun weeddisu.

Weedduu kana keessatti, buchuma diimaan buqqee ykn qabee aannanii kan xobbee ta’edha. Yoo lafa dhahe kan cabudha hafuuf cimina hinqabu jechuudha. Heermni diina jechuun intala umriin ishee hingahiniif malee durba geessuu kan ilaallatu miti. Kunimmoo, ati umriin kee hingenye

yoo kan heerumtu ta'e hanga buchuma diimaa lafa dhaheeti. Kanaafuu, umrii malee heerumuun qaamaafi xiinsammuu shamaraa irratti cabiinsa fida yaada jedhu agarsiisa. Walumaagalatti, umuriin heerumaa ijaarsa hawaasummaa dubartootaa keessatti shoora olaanaa qabaachuu isaa hubanna.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen wanti argame weedduun kun heerumni shamarraniif jijjiirama jireenyaa qofa osoo hintaane, addaan bahuu, yaaddoofi miira keessaa akka ta'e calaqqisiisa. “Birraan diina durbaa” jechuun shamarran wal-irraa fagaachuun miira isaanii irratti dhiibbaa akka qabu agarsiisa. Kunis dubartoonni yaada, miiraafi muuxannoo mataa isaanii akka qaban mul'isa. Akkasumas, heerumni jireenya dinagdeefi hawaasummaa waliin hidhata cimaa akka qabu ibsuun, dubartoonni ijaarsa hawaasummaa keessatti gahee qaban hubachiisa. Yaadiddama *'African Indigenous Feminism'* yoo ilaalamu, dubartiin akka qaama hawaasummaafi dinagdee keessatti shoora qabuutti calaqqisti; *'Cultural Feminism'* keessatti immoo, weedduun kun miira, hariiroofi sagalee dubartootaa karaa aadaatiin ibsamu isaa ifa godha. Weedduun kana keessatti heerumni akka aadaa hawaasaa keessatti fudhatama kan qabuu yoo ta'u jireenya shamaranii keessatti jijjiirama fiduutti agarsiisa malee, kallattiin mormii heerumaa hinibsu. Garuu, “Birraan diina durbaa” jedhu keessatti miirri gaddaa, addaan bahuufi yaaddoo hiriyyoota gidduutti uumamu akka jiru calaqqisiisa. Kun ammoo heerumni gammachuu qofa osoo hintaane, miira gammachuus, gaddaas akka qabu agarsiisa. Yaaddoon isaanii heerumu osoo hintaane bu'aa ba'ii heeruma keessatti jiruutu akka heeruma mormitee fakkaataa malee, heerumni heera uumaa waan ta'eef iddoo guddaa kennamaafi.

Yaaduma kanaan walqabatee (Af-gaaffii: Bitootessa 23/2018, Zamzam Yahyaa) waliin taasifame keessatti weedduu fudhatame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Wandabbee qomaa ni warraaqsanii
Heeruma hingeenye si carraaqsanii

Weedduu kana keessatti, jechi “Wandabbee qomaa” jedhu akka aadaa Oromoo Ituutti uffata dubartiin uffattu kan qaama irratti hidhatamuudha. Akkasumas “Heeruma hingeenye si carraaqsanii” jedhu keessatti intalli osoo umurii heerumaatti hingahiiniifi osoo hinbilchaatiin ishee heerumte gorsa. Kanaafuu, ergaan weedduu kanaa inni guddaan shamarran osoo umurii isaanii hinga'iiniifi bilchina sammuu hinqabaatiin gara heerumaatti seenuun rakkoo hedduu fiduu akka danda'u hubachiisuufi.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen wanti argame weedduun kun hiika dhokataa isaatiin, shamarran osoo bilchina jireenyaa hinqabaatiin gara heerumaatti deemuu isaanii irratti gaaffiifi mufii isaanii karaa aadaatiin ibsatu. “Heeruma hingenye si carraaqsanii” jedhu keessatti, jireenya isaanii irratti murtii isaanii osoo hinhirmaachisin alaan akka murtaa’u akeeka. Kunis dubartoonni fedhii, sagaleefi filannoo mataa isaanii akka qaban ni beekama, garuu sirni hawaasummaa yeroo tokko tokko mirga isaanii murteeffachuurratti akka ukkaamsu calaqqisiisa. Yaadiddama ‘*African Indigenous Feminism*’ keessatti, kun muuxannoo shamarraniifi dhiibbaa aadaan isaan irratti qabu ifa godha; ‘*Cultural Feminism*’ keessatti ammoo, weedduun akka mala dubartoonni miira keessoon, komiifi yaada isaanii itti ibsatanitti hubatama. Walumaagalatti, weedduun roobilee rooboo gaheen inni gama jiruufi jireenya hawaasummaatiin qabu guddaadha. Gorsii isaan dabarsaniis dhimmoota garagaraaf kan oolu yoo ta’u, gorsa gama hundaan kennamu irratti xiyyeeffachuun akka armaan gadiitti dhiyaateera.

4.2.3. Gorsa Kennamu

Weedduu Roobilee- Rooboo keessatti qooda olaanaa kan qabu keessaa tokko hawaasummaa cimsuuf gorsa kennamuudha. Gorsii weedduu keessatti dhiyaatu yaada qofa osoo hintaane, bu’uura ilaalcha hawaasummaa ijaaruufi sirna jireenyaa sirreessuu keessatti shoora olaanaa qaba. Kanaaf dubartiin heerumtu jireenya hawaasummaa jalqabumaayyuu haadharraa waan barattuuf haadha biraa baatee iddoo hinbeekne ykn iddoo itti hinguddatiin yommuu dhaqxu akkaataa hawaasummaashee itti cimsattuufi bultiishee itti qajeelfattuuf yaadameeti. Kana malees, sababni irra jireessaan gorsarratti xiyyeeffataniif muudannoo ishee qunnamuufi haalli hawaasummaa iddoodhaa iddootti garagarummaa qabaachuu waan maluuf akka haaraa itti hintaaneefi dandamachuu dandeessuuf kan yaadameedha.

4.2.3. 1. Gorsa maatii gurbaa wajjin hawaasummaa uumtee akka jiraattuuf

Jireenya hawaasummaa keessatti dubartii maatii bulfattuutu barbaadama. Mana ishee qabachuu hindandeenye taanaan fudhatamummaan maatii gurbaa fuudhuu birattis ta’ee gurbaa fuudhu biratti qabdu ni laafa. Kun ammoo adeemsa keessa hawaasatti waan bahuuf hawaasni maqaa adda addaa baasuufi danda’a. Maqaan kunis maqaalee hawaasni Oromoo dubartii hojii hinbeekneef baasu kan akka Dhibooftuu, Booseettiifaa ta’uu danda’a. Sababa kanaaf, dubartii mana bulfachuu dandeessuutu filatama. Haaluma kanaan, maatii abbaa warraa ishee wajjiin hawaasummaa gaarii uummattee akka jiraattuuf gorsii ijoollee Roobileerraa ni kennamaaf. Gorsa

kanaan walqabatee af-gaaffii guraandhala 05/2018 taasifamee irratti weedduu Aashaa Aliitiin weeddifame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

<i>Shaayii/ ololtuu</i>	<i>Jalaa qabdoota</i>
<i>Roobilee rooboo maxxannee saasii rooboo</i>	<i>Roobilee Rooboo</i>
<i>Waldhabnee jaatii rooboo</i>	“
<i>Walii waan hindhabnuu rooboo</i>	“
<i>Hoo haga dubraa rooboo</i>	“
<i>Waliin hintaphannu rooboo</i>	“
<i>Maxxannee hafii rooboo</i>	“
<i>Aftuu tuulleessi rooboo</i>	“
<i>Warri ka ambaa rooboo</i>	“
<i>Haandaaraa aayyoo rooboo</i>	“
<i>Daaktuu suurreeessi rooboo</i>	“
<i>Raaftuu suurreeessi rooboo</i>	“
<i>Warri ka ambaa rooboo</i>	“
<i>Tuulleessuu baattuu rooboo</i>	“
<i>Suurreeessuu baattuu rooboo</i>	“
<i>Haalangeen sooraa rooboo</i>	“
<i>Lookoon toloolaa rooboo</i>	“

Weedduu kana keessatti jechoonni akka “Maxxannee saasii, waldhabnee jaatii, walii waan hindhabnuu, hoo haga dubraa, waliin hintaphannu” jedhu kun ati heerumuuf deemtaa waan ta’eef akka durii saniitti bakka feene deemnee waliin taphachuun hinjiru hanga baatuuttiillee ta’u maaliif waliin hintaphannu yaada jedhu ibsa. Akkasumas weedduu kana keessatti “Maxxannee hafii, aftuu tuulleessi, warri ka ambaa, daaktuu suurreeessi, raaftuu suurreeessi” ibsi bo’oo kanaa ammoo, daakuu kana yeroo daakan abalun akka “wannoo maaliitti bubuftii”, “abalun ni hooroortii” jedhamutu jira. Akkasumas, intala kaameettiifi booseettii akkatti adda baasan illee ni qabani. Kanaaf jechaa gaafa waa daaktuu suurreeessi, yeroo afaa haftuu illee tuulleessi ykn bareechisi warri itti dhaqxu warra ambaati akka barbaadde gochuun hinjiru jechuudha. Kana jechuun aadaa hawaasaa keessatti safuufi safeeffannaatu jira. Kana malees, abbaa manaa isheellee akka kunuunsiituu ni gorsanii. Gorsa isaanii keessaas, “maxxanii rafii abbaa manaa kee hindadarbinii jabeefadhu, jaarsi jaartii maxxantee jaalataa.” jedhanii akkasitti itti himanii.

Kun immoo kan agarsiisu, intalli heerumtu takka warra heerumtu sanatti itti gaafatamummaa guutuu akka qabduufi jaarsa ishii jalatti akka bulu qabdu agarsiisa. Akkasumas akka aadaa hawaasichaatti intalli heerumte guyyaa heerumterraa eegalee jaarsa ishiitiin waamamti. Gosa illee gosa ishee dhiiste gosa jaarsa ishee waammatti. Wantoota kanneen akka beektuuf

weedduun dhaamama. Kana beekuun ammoo bakka heerumtu sanatti wanti hundi haaraa akka itti hintaaneefi hawaasichatti dafttee akka madaqxuuf fayyada. Gama tokkoon ammoo kana keessatti olaantummaa dhiiraatu mul'ataa jechuudha.

Weedduu armaan olii keessatti bo'ooowwan dhumaa “Haalangeen sooraa, lookoon toloolaa” jedhu keessatti, ragkennaan tokko akka ibsaniitti,

Haalangeen sooraa, Lookoon toloolaa wanti jedhameef lookoon toloolaan haaroreessaa; inni biraa nyaata. Haaroreessi ulee dhiiraati. Harka dhiiratii hindhabamu. Jaarsi gaafa horii bobbaasee, bishaan obaasee manatti galuu simannaatu jira. Akkaataan simannaa kunis afaa afnee waan barbaachisu qopheessinee simanna. Yoo intalli waa yakkite haaroreessuma horii tiksu saniin tuma. ‘Toloola’ jechuun nyaata beekamaadha. Oromoon horii ni qalata horiin sunis horii coomaati. Kana booda fooniifi cooma san diimina adda baasanii, eelee irratti hoo’isuun jalaa naqanii amoonsu. Achiin booda moyyee gurguddaa boqqolloo itti fiddiganiitti tumanii bachoo itti bacheessu. Bachoon sun, dhadhaa looniifi barbarreen itti godhama. Achi booda toloolli qophaa’ee qoriitti naqama. Nyaanni kunis ‘nyaata sooraati; nyaata addaati.’ jedhama waan ta’eef, ka maanguddootaati. Yoo namni waraanamees, yoo namni dhales, ni sooratama, “Toloola mi’a hinwallaallee loon tu dhumaa’afan dhabee.” Jedhama. Sababni akkas jennuuf nyaanni toloolli kun nyaata mi’awu garuu, loon akka duriitti dhabamna hojjechuu dhiisu keenyaatu akkas nu jechiisise. Alangeen wanti sooraa taatuuf, lookoon tun toloolaa taatuuf ammoo, yeroo dur mana ijaarannaa. Mana kanas harkaan ijaarannaa. Mana keenya dhiirti hinijaaartuu dhalaatu ijaara. Oggaa ijaaranne afaa hafneeti, erbee loonii san dunnee hafnee, haalaan bareechisnee hafna. Haati heerumsiistus akkas barsiifti, warri illee akkasiitti tolchee eegaani. Kanaaf yoo maxantee rafuu baatte, yoo raafuu suurreesuu baatte, yoo daaktuu suurreesuu baattee haalangeefi uleen sun akka nyaata saniitti si tolcha. Tolfamtee lafa si teessi; yoo daaktees midhaan huurreefadhu (bilcheessi). Afattee tuulleessuu yoo baattee tuuchee sitti dhala.

Yaanni armaan olii kun gorsa intalaa yoo ta’u, intala heerumtu kana nyaata toloolaan walqabsiisanii gorsaniif nyaanni toloolli kun yeroo qophaa’u bu’aa ba’ii cimaa keessa darbee dhiyaata. Akkaataan dhiyaannaa isaa cimaa ta’uurra darbee, faayidaan nyaatichaa adda. Fkn akka qorichaattiyyuu nama wallanuu danda’a, nama kabaja qabuufi maanguddoo gosaatiif dhiyaata. Kanaafuu intalti heerumte bu’aa bayii ishii mudatu obsaan yoo dabarsite, jireenya malaan yoo gageessite akkuma nyaatichaa abbaa warraafi gosa birattis jaalatamti. Yoo ammoo, intalti tun waan isheerra eegamu gochuu baattee kan ishee eeggatu uleefi alangee ta’uu akeekkachiisanii kan gorsaniidha. Kunis shamarran beekumsafi muuxannoo qaban weedduu kana keessatti agarsiisu isaanii calaqisiisa.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen wanti argame weedduun kun intalli heerumtuu akka itti gaafatamummaafi safuu hawaasaa guutuu fudhattuuf ofqopheessu akka qabdu mul'isa. “Maxxannee hafii, aftuu tuulleessi” jedhu keessatti, dubartiin hojii manaafi ijaarsa hariiroo maatii keessatti shoora ijoo akka qabdu ibsa. Kunis *‘African Indigenous Feminism’* keessatti dubartiin akka bu’uura hawaasummaafi dinagdee maatii taateetti hubatamu agarsiisa. Gama biraatiin, “haalangeen sooraa, lookoon toloolaa” jedhu keessatti to’annoon dubartii irratti gaggeeffamu doorsisa qaamaa qofa osoo hintaane, dhiibbaa xiinsammuu (psychological pressure) kan ofkeessaa qabuudha. Kunis soda maqaa baduu, qaanii hawaasummaafi ilaalcha ‘yoo hin raawwanne ni tuffatamta’ jedhu uumuu irraa kan ka’e, dubartiin akka ofsirreessituufi safuu hawaasaa keessatti ofeeggattu irratti dhiibbaa uuma. Sirni kun ammoo dubartiin ofdandeessee murteessitu caalaa akka sirna hawaasummaa keessatti ofqopheessitu taasisa. Akkasumas, yaadiddama *‘Cultural Feminism’* yoo ilaalamu, weedduun kun muuxannoo jireenyaa, hojiifi dandeettii dubartootaa keessatti gatii aadaan qabu agarsiisa; yeroo wal fakkaatutti immoo miira, sodaafi yaaddoo keessoo dubartiin muuxannoo jireenya haaraa keessatti ittiin ofqopheessitu ibsa. Kanaaf kallattiinis ta’u alkallattii aadaan dubartootaaf gama tokkon iddoo haala gaarii keessatti isaan ka’a. Gama tokkoon ammoo mirgi walqixxummaa isaanii daanga’aadha.



Suura 5: Ragkennitoonni nyaanni toloolaa akkaataa qophaa’uufi toloolaafi gorsi intalaa akkatti hidhata qabu yeroo himan mul’isa.

4.2.3.2. Gorsa intalli heerumtuu mana ishee akka itti qabattu barsiisuu keessatti

Weedduu kana kessatti yeroo intalli heerumtu gorsi kennamu kun, akkamitti mana ishee bulchuufi itti gaafatamummaa ishee bahuu akka qabdu muuxannoofi beekumsa qaban ni qoodaniif. Akkasumas intalli of-danda’uun, hojii manatti hojjetamu sirnaan raawwachuufi maqaa gaarii qabaachuun akka ishee irraa eegamu ibsa. Mana ishee akkatti qabu qabdu weedduu keessatti yeroo ibsaniif;

Roobee Roobee siriyyee roobee Roobee roobee ibbidde hindhaamiin
Roobee Roobee siriyyee roobee Roobee roobee gandaa sin yaamiin
Roobee Roobee siriyyee roobee Roobee roobee ibidde dhaame
Roobee Roobee siriyyee roobee Roobee roobee gandaa si yaame

Weedduun kunis, mana ishee jabeessite qabaachuu akka qabdu barsiisa. Jechi “Ibidde hindhaamiin” jedhu akka aadaatti ibidde bulfachuutu jira. Kanaaf, dubartiin ibidde bulfachu hindandeenye dubartii hinjedhamtu. Dubartiin akkasi booseetti jedhamti. ‘Ibidde hindhaamiin gandaas hindhaqiin’ sababni jedhamuuf immoo, intalti abalu qoraan hincabsattu, ganama ganama ibidde ambaarraa fuudhuuf deemti jedhanii hawaasa keessatti taajjabiitu jira. Kanaaf, intalli tokko yoo ibidde bulfachu dadhabde maqaa hintaaneetu kennamaafi. “Qoraan hincabsattuu, maali waan isaa jaarsa ol-darbateetuma raftii moo? Ibidde hinbulfattu, maaliif ganda ambaa deemtee fuutii” jedhamti. Dur akkuma beekamu kibriitiin hinjiru. Akkaataan ibidde qabsiisan qoraan humna qabuu cabsanii ibidde ichimaan qabsiisuu. Ibidde akka buluuf wanti godhamus; yeroo rafuuf ka’aan dhagaa itti garagalchanii daaraa irratti deebisanii rafu. Yeroo ganama ka’aan ibidde sun barbadumaatu ta’a. Achi booda barbaduma sana saaqatanii; ibidde nama hinfudhatan. Kanaaf, gorsi kun ibidde bulfachu akka qabdu gorsa. Akkam yoo jabaatee dhaame malee, intaltii ibidde hinbulchiitu taanaan ganda keessatti maqaan ishii ni badaa. Intala ibidde bulfachu hindandeenye jedhamti. Jaarsi ishiillee na arrabsiistii jedhaa waan ta’eef jaarsi illee ishii hindhiisu. “Maa ibidde namaa gurtaa? Ibidde yoo lafa bu’eellee ganda gubaa jedha hindhiisu. Maal tun ganama subii kaatee ibidde namaa gurrattii qoraan hincabsattuu, ibidde hinbulchattuu harka hinqabdu jedhamti jechuudha. Isheen maali mukni ni loleenii? Mukaatu si lolee?” Jedhaaniin warri ibidde dhaqxe irraa fudhattu, gad jettee qoraan hincabsattuu jedhanii itti dubbatu jechuudha (Af-gaaffii: Guraandhala 07/2018, Gallee Gumbii, Soorsee Booraa, Hawwii Boruufi kanneen biroo).

Weedduu kana keessatti shamarran akkuma beekamu hawaasa keessatti dubartiin ogummaa qabdu ni kabajamti. Kanaaf, dubartiin jiruufi jireenya ishee foyyeeffachuuf hintattaaffattu taanaan dhibooftuu jedhamti. Akka aadaa Oromootti dubartii ibidda bulfachuu hindandeenye dubartii hinjedhamtu. Akkasumas, dubartii ibidda bulfachuu hindandeenye, mana isheetiif hintattafne kabaja hinqabdu, ni tuffatamti. Shamarranis yaaddoo kanarraa kan ka'e kun akka hintaaneef ogummaa waa hojjechuu qabaachuun murteessaa akka ta'eefi intalli kaameettii taatee akka bultuu muuxannoo isaanii weedduu kanaan agarsiisuu isaaniiti.

4.2.3.3. Gorsa garaagarummaa mana maatii isheefi gurbaa gidduu jiru barsiisuu

Gorsi jireenyaa intala heerumtuu barsiisu keessaa inni guddaan garaagarummaa jireenya mana maatii isheefi mana soddaa gidduu jiru hubachiisuudha. Kunis, intalli gara jireenya haaraa seentu haala duraan beektu irraa adda ta'uusaa akka hubattu yaadameeti. Ragaa daawwannarraa argameen weedduun isaas haala itti aanuun dhiyaateera.

*Warra aabboo itiittuun sooraa
Mii 'in Dhiyaanaa baaduun faxaraa
Warra soddee alangeen sooraa
Duullaan dhiyaanaa lookoon faxaraa*

Gorsi kunis garaagarummaa jiruufi jireenya dubartii mana maatii ishii biratti dabarsiteefi haala jireenya mana soddaatti mudachuu danda'u ibsa. Weedduu kana keessatti, jechi “Warra aabboo itittuun sooraa” jedhu dubartiin mana maatii ishii biratti kunuunsa, jaalalaafi eegumsa maatii jala akka guddatte agarsiisuun; yeroo mana warra ishee jirtu yoo balleessitees, lolamtus akka warra soddaa hinta'u jechuudha. Haa ta'u malee, yeroo dubartiin gara mana soddaa seentuu ammoo haalli jireenyaa sun gara haala adda ta'etti akka jijjiiramu ibsa/hubachiisa. Jechi “Warra soddee alanggeen sooraa” jedhu kun ulfaatina, itti gaafatamummaa qormaata jireenya dubartiin mana soddaa keessatti mudachuu danda'u agarsiisa. Jechi “alangee” jedhu asitti adabbii qofa osoo hintaane, haala qormaataafi ulfaatina jireenya haaraa kan dubartiin ofiin of-danda'uun dandamachuu qabdu calaqqisiisa. Kanaaf, intalli mana warra soddaa biratti akka mana maatii ishiitti kunuunsa guutuu argachuu baatteellee, obsaa, jabinaafi of-eeggannoo guddaan haala jiruuf of madaqsuu akka qabdu hubachiisa. Kana malees, “duullaan dhiyaanaa lookoon faxaraa” jedhu intalli haala jireenya haaraa keessatti itti gaafatamummaa maatiifi hojii jireenyaa ofuma isheetiin baachuu akka qabdu agarsiisa. Kana jechuun dubartiin gara mana

warra soddaa seentee booda deeggarsa maatii ishiirraa duraan argachaa turte argachuu dhiisu dandeessi; kanaaf, murannoon bultii ishee ijaarrachuu akka qabdu gorsa.

Gama biraatiin ergaan weedduu kanaa, warra maatii keetiitti akka feeteetti jiraata. Warra aabboo keetii itiittuu dhugda, aannan dhugda, baaduu nyaata. Warra gurbaa garuu, akka maatii keetii qananiin kan jiraattu miti dhiyaanni kee kan itti aanu duullaa, kan dhumaa immoo ishiin yeroo baatuu dhugduu sun ulee haaroreessaati. Haala kanaan gorsanii jechuudha intala heerumtu. Dubarri tokko erga heerumte achiin deema achiin dhaqaan hinjiru. Ilmoo achii fiduun achii geessuun hinjiru. Naamusaan buluu qabdaa tumamtuus lolamtuus akka hindeemne jechuudhaan ishee gorsu jechuudha.

Kanaaf, weedduu kana keessatti, amala gaarii hinagarsiiftu taanaan alangeen soorata siif ta`uu malaa; dhiyaanni kee dullaa ta`uu malaa; faxarri kee lookoo akka sitti hintaane ofeeggannoo godhi jechuudha. Dubartiin aadaafi aadaan bulfatan, yaadiddama dubartummaa aadaatiin yoo ilaalamus, daangaa niitummaa ishee keessaa baatee jennaan adabbiin akka jiraatu weedduun kun nimul`isa. Dubartoonni, dhirsi niitiisaa reebbe akka qajeelfatu nideggeran malee waanti morman hinmul`atu jechuudha.

Karra aabboo daddarbi banii
Karra aabboo daddarbi cufii
Karra soddee maxxansi cufii
Karra soddee maxxansi banii

Weedduun kun yeroo intalli heerumtu maal akka irraa eegamu ibsudha. Weedduu kana keessatti, ‘Karra aabboo’ jedhu mana maatii dhalootaa bakka intalti guddatte, jaalalaafi eebba maatii jala akka jiraachaa turte agarsiisa. Akkuma beekamu intalli mana aabboo biratti akka miseensa maatii ofii taatee bilisummaan jiraatti. ‘Karra aabboo banuun ykn cufuun’ jedhameef dubartiin mana maatii ishiittii waan barbaadde gochuu danda’u, jechuunis bilisummaafi ofitti amanamummaa qabaachuu ishii calaqqisiisa. Haa ta’u malee “Karra soddee” jechuun mana abbaa gurbaa bakka dubartiin erga heerumtee booda itti ceetu agarsiisa. Jechi “maxxansi” jedhu immoo intalli warra soddeetti of-eeggannoo guddaan cininatte akka jiraatuufi. Kana jechuun intalli gara mana soddaa seentee booda akkaataa itti sochootu, dubbattuufi murtoo fudhattu irratti of-eeggannoo guddaa gochuu akka qabdu hawaasni haala kanaan gorsa. Ragkenniitun tokko akka naaf ibsaniitti, dubartiin seeraafi sirna maatii, abbaa manaa yoo hinkabajne rakkoon ykn walitti bu’iinsi akka uumamu godha. Kanaaf, “karra soddee maxxansi banii ykn cufii”

jechuun wanti kamuu of eeggannoodhaan, sirnaaniifi kabajaan akka raawwatamuufi. Kunis akkaataa hawaasni gahee dubartiifi naamusa irraa eegamu sirna fuudhaa heerumaa keessatti itti hubattu calaqqisiisuun, ilaalcha hawaasummaafi aadaa keessatti dubartummaa akkamitti akka ijaarame hubachuuf bu'uura ta'uu isaati. Kanaaf, gorsi isaanii warri namaa sin lolaa akka barbaadde ta'uu hindandeessu. Jabaatte jabeessu qabdaa jedhu ibsa. Fakkeenyaaf, Yeroo horii galchiituu yoo maxxansitee cufuu baattee yoo horiin ba'aan ni lolanii maa maxxansite hincufne jedhamtaa. Jireenyi ambaa akka mana aabboo kee miti ofeegannoo barbaada jedhu agarsiisa.

4.2.3.4. Gorsa kabaja abbaa manaa barsiisuuf

Akka aadaatti dubartiin tokko yoo heerumte galtee, akkasumas gaa'ela ishee dhiiste deebite carraan deebite heerumu ishee ulfaataadha. Ragaa marii gareettiin gaafa 05/0/2018; Obbo Xaahir Sa'id akka naaf ibsanitti, Intalti "Qoraan lama hinbobeeffatiinii" jedhamti. Kana jechuun abbaa manaa jalqabaattii heerumteef dhiiste ykn hiikte kaatee kan biraaf heerumuun sirrii miti jedhama. Kunis jabeeffannaan jaarsuma jalqabaa akka jabeeffattu yaadameeti. Akkasumas, dubartiin tokko gaafa bultii ishee diigduu sababa maaliitiin bultii ishii diigde jedhanii qorachuutu jira hawaasa keessatti gaafa dhaga'amu ykn mul'atu. Kana malees intalti safuu beektii, namaaf kabaja qabdi gaaffiileen akkasi ka'uun baratamaadha. Kabajni immoo manatti jalqabaa waan ta'eef abbaa manaa kabajuun murteessaa akka ta'e hubachiisuuf weedduudhaan yoo ibsan;

*Edeedoo roobaa jala hindeemanii
Qeerroon edeedaa jalaa hindidanii
Edeedoo roobaa jalaa hindeemanii
Edeedoo rooba wanni hindidneefi
Jigduu hinbeekanii loltuu hinbeekanii*

Weedduun kun abbaa manaa ishee kabajje akka jiraattu gorsa kennamuudha. Kunis yeroo gurbaan ishee waamu jalaa diduu akka hinqabaannee, jalaa owwaachuu akka qabdu kan gorsudha. Kanaaf, kana yoo gochuu baate jaartiin jaarsaaf kabaja hinqabne hindhiisu jabeessi jechuudha. Jechi "Edeedaa" jedhu ededni roobaa namatti jiga waan ta'eef jala hindeeman. Qeerroonis akka ededaati kanaafuu jalaa hindidan. Wanti jalaa owaataniifis kan jigu ykn kan lolu ta'uusaa waan hinbeekneefi. Kanaafuu, hanga maalummaa isaa adda baafattutti owwaadhu, of-eeggadhu jechuudha.

*Yaa darmii tiyyaa
Akka waan gosaa*

Yaa lammii tiyyaa

Weedduun kunis warri itti deemtu lammii keetii akka alagaatti isaan ilaalu hinqabdu jedhu ibsa. Lammii jechuun kanuma kan kee, kan fuuldura itti deemtu. Kanaaf, warra itti deemtu kana qabadhuu, lammii teetii jedhaniin jechuudha.

4.2.3.5. Gorsa booseettii akka hintaaneef

Weedduun Oromoo ibsituu aadaa ta'ee; jireenyaa, safuufi gorsa hawaasaa dhalootaa irraa dhalootatti dabarsuudha. Addatti immoo weedduun dubartootaa, jireenya heerumaa keessatti itti gaafatamummaafi obsa qabaachuun murteessaa akka ta'e ibsuun beekama. Haaluma kanaan, weedduun kun 'Gorsa booseettii akka hintaaneef' jedhu, dubartiin bultii ishee akkamitti akka bulchiituu, rakkoo akkamiitti akka ilaaltuufi safuu hawaasaa akkamitti akka eegduu beekuun dhimmoonni kunniin isaan ijoodha. Ragaa daawwannarraa argame weedduun isaas akka armaan gadiitti dhiyaateera.

*Ibiddi hindhaamu
Gandaa sin waamu
Hoo si yaamellee
Hinowwaatini
Yoo si dhaanellee
Abbeeti miti
Haateeti miti
Hinowwaatini
Yoo inni si dhaaneellee
Hinbooyiin*

Weedduun kun erga dubartiin heerumte booda akka salphaatti/rakkoo salphaaf gara mana maatii ishii hindeebine gorsu. Jechi "Ibiddi hindhaamu, gandaa sin waamu" jedhu dubartiin bultii ishii keessatti rakkoon yoo mudatellee akka hinariifanneefii akka tasgabbiin furmaata barbaaddu hubachiisa. Kana jechuun rakkoon mana namaa keessatti uumamu hundi akka tasgabbiidhaan furamuu qabu, jarjaraan gara maatii ofii deebi'uun immoo furmaata akka hintaane gorsa. Akkasumas, "Hoo si yaamellee hinowwaatini" jedhu dubartiin yeroo rakkoon uumamu maatiin ishii gara isaaniitti yoo waaman owwaachuu hinqabdu jajjabeessi bultii kee eegadhu jedhu hubachiisa. Sababni isaa, dubartiin erga heerumtee booda jireenya haaraa keessatti itti gaafatamummaafi qormaata adda addaa dandamachuun dirqama. Akkasumas weedduu kana keessatti, "Yoo si dhaanellee abbeeti miti, haateeti miti" jedhu immoo dubartiin rakkoofi walitti bu'iinsa mana soddaa keessatti uumamu akka iccitii maatii ta'ee akka furamuu qabu ibsa. "Yoo

inni si dhaanellee hinbooyiin” jedhu immoo intalli kun yeroo rakkoo ishee mudatu jabinaan akka of qabdu, miira ishee to’achuun akka haala jiru obsaan dandamattu hubachiisa.

Gama biraatiin ergaan weedduu kanaa, boochee hinwawwaatini dhoofta hinfigiini jechuudha. Mana namaas yoo jiraatte mana namaa teesse hinowwaatini figii itti dhaqii malee safuudha jaarsi sin dhiisu si reebaa mana namaa teesse gaafa owwaattu jedhamti. Kanaaf, abbaan manaa yeroo dhufu haadha manaa manumatti arguu barbaada waan ta’eef manaa hindhabamiiniidha. Manumaa ofii teessi, waa fudhachuuf illee baatuu daftee deebiti. Sababni isaas, inni bakka itti dhufuufi yeroo inni dhufu hinbeektu waan ta’eef warri itti dhaqxellee jaarsi hinjiru yoo dhufe illee hinbeeknu nurraa deemi jedhunii mana isaanii dhufte yeroo turtu. Yoo ammoo osoo mana namaa jirtuu jaarsi kan dhufu ta’e waan fudhattu fudhadhu figii jaarsi dhufe jedhaniin. Akkasumas deddeebitee mana namaa deddeemtii taanaan waa namarraa fifidu baay’istii taanaan dubbiin dhumateef jaarsi hindhiisu jechuudha. Jaarsi hamma fedhe tumeellee, sumudaa ibidda keessa ka’ee tumeellee ‘uu uu uu’ jette sagalee dhageessiste iyyuun hinjiru. Cininatte dabarsiitii malee hiniyyiitu. Yoo amma ‘hii hii h’ jette gaafa itti cimuu yeroo afuura baafattu, sanu afuura baafataa? Gadi qabadhu, baafadhu ol hinbaasiin jedhamti yoo sagalee kan dhageessistu ta’ee taajjabbii guddaatu jira. Gandifaa “Niitiin ebalu ni boochi jedhanii ijoollee of seetii jedhanii itti qoosu. Yoo boocheellee akkam kun si tufatte boo roorroo godhatte booche bakka si qabu qabdu dhadhabde bakka si dha’u qabdu dadhabde jechuutu jira. Ittu ofaa namni sitti hinbullee, akkamiitti icciitii kanaa boochi, akkamiitti ajaja kee hinfudhanne? Akkamiin safuu uumanni fudhatu hinfudhanne? Balaa qabdi.” jedhaniin. Kanaaf, si tufatte, si tumu dadhabde jechuu isaaniiti. (Af-gaaffii: Bitootessa 23/2018, Faaximaa Jamaal) waliin taasifame keessaa weedduu fudhatame

*Wayiin si dhaama
Wayiin dhaamadha
Warra abbaa qabuu
Hinbaldaadiinii
Tokko illee ilmattuu
Hinaddaatiinii.
Addeenyi dhabaa
Xuriin boosoomaa*

Weedduun kun wantoota hedduu walitti fidata. Kunis gorsa, akeekkachiisa, safuu hawaasaafi jijjiirama jireenyaa xiyyeeffachuun kan weeddifameedha. Weedduun kun jalqaba irraa kaasee jechoota akka “Wayiin si dhaama, wayiin dhaamadha jedhuu kun mallattoo gorsaafi dhaamsaati.

Namoonni dubartiidhaaf gorsa kennan akka isheen jireenya haaraa keessa yeroo seentu akka of qopheessitu yaadachiisu. Gorsa kun akkaataa jireenya ishee keessatti amala, safuufi of eegannoo qabaachuun barbaachisaa ta'uu ibsa. “Xuriin boosoomaa” fi “addeenyi dhabaa” jedhu, xuriin boosoomaan xurii qaamaa qofa osoo hintaane xurii amala ykn xurii maqaa namaa ibsa. Yoo namni amala sirrii hinqabaatin, maqaan isaa hawaasa keessatti ni xuraa’a. Akkasumas, “Adeenyi dhabaa” jechuun karaa qaamaa qofa osoo hintaane karaa jireenyaa sirrii dhabuus ibsa. Akkasumas, ergaan bo’oo kanaa ofkunuunsi, ofgatu hinqabdu yookiin qulqullina kee eegadhu jechuudha.

4.2.3.6. Gorsa ofeegannoo akka gootuuf

Weedduu Roobilee- Rooboo keessatti dhaamsi ofeegannoo tokko. Dhaamsi kun muuxannoo jireenyaa irraa kan madde yoo ta’u, namni gocha isaa sirriitti akka ilaalu, balaa mudachuu danda’u dursee akka hubatuufi of irraa ittisuuf ni gargaara. Kanaafuu, dhaamsa ofeegannoo weedduu kana keessatti mul’atuufi gahee inni hawaasa keessatti hubannoo uumuu irratti qabu xiyyeeffate kanas ragaan ragkennitootarraa argameen weedduudhaan akkas weeddisan:

*Qarariin lattee rooboo
Goodaa gaarattii rooboo
Qananiin haftee rooboo
Mana haadhattii rooboo*

Weedduun kun fakkeenya gabaabaafi jechoota wal-faalleessan fayyadamuun haala jireenyaa lama wal-bira qaba. Tokkoffaan jechoonni akka “qarariin” fi “goodaa” jedhan haala rakkisaa ykn ulfaatina jireenya agarsiisu; kunis namni gara jireenya haaraa seenu tokko rakkoofi qormaata adda addaa akka qunnamu danda’u yaadachiisa. Lammaffaan ammoo jechoonni akka “qananiin haftee, mana haadhattii” jedhan bakka tasgabbii, jaalalaafi eebba maatii bakka bu’u. Wal bira qabamuun yaadota kanaa weedduun kun akka namni tokko haala jijjiirama jireenya keessatti hubannoo, of-eeggannoofi obsaan of-qopheessu gorsa. Kanaaf, ergaan waliigalaa weedduu kanaa jireenyi yeroo hunda qananii qofa osoo hintaane rakkoofi qormaata illee akka of keessaa qabu, namni immoo haala akkasii keessatti sammuu bilchaataafi of-eeggannoodhaan akka of bulchu hubachiisuudha. Akkasumas, gaafa mana aayyootti jirtuu akka feete gootaa mana ambaa deemte garuu akka feete gochuun hinjiru. Kanaaf daandii sirrii kee eeggatte buluu qabdaa jedhaniin jechuudha.

Jarri sobaa dagalee hidhu

*Warri si sobaa garaa kee hidhu.
Jila waan qunnee jadaloon quuxee
Garaa waa Murree
Hiriyyoon murtee
Hireen xiqqooftee.*

Weedduun kun gorsa garaagaraa kan of-keessatti hammate yoo ta’u, addatti intala heerumtee gara jireenya haaraa seentuuf ergaa guddaa dabarsa. Yaada ijoo isaa keessatti, dhugaafi soba addaan baasuun barbaachisaa ta’uu, akkasumas namoota sirriitti hubachuun murteessaa ta’uu ibsa. Jechoonni akka “Jarri sobaa” fi “Warri si sobaa” jedhan, jireenya keessatti namoota sobaan of-mul’isan irraa of eeggachuu akka barbaachisu akeekkachiisu; kunis intalli haala jireenya haaraa keessatti of-argituuf gorsa cimaadha. Dabalataan, jechi “murtee” jedhu murtii jireenyaa of-eeggannoofi hubannoo irratti hundaa’e fudhachuun akka barbaachisu ibsa. Akkasumas, yeroo intalli mana abbaa warraa seentu, murteewwan akka hiriyyaa filachuu, amala ofii eeggachuufi haala ittiin hawaasa haaraa wajjin waliin jiraattu murteessaa ta’uu agarsiisa. Jechi “hiriyyoo” jedhu jireenya keessatti hiriyyaa sirrii filachuun shoora guddaa akka qabu ibsa. Kanaaf, yeroo hiriyyaa filattu murtee sirrii fudhachuu qabda jechuudha. Yoo hiriyyaan sirrii hinfilatamne gaarii hinta’u jireenya kee irratti dhiibbaa uumu danda’a. Jechi “hireen xiqqooftee” jedhu kunis yoo ati hiriyyaa filattu ta’e, jireenya kee milkaa’inaan akka jiraatuu kan godhu yoo ta’u, muudannooleen hiriyyaa gaarii hintaanee irraa si mudachuu danda’an ni dhiphatanii/ni xiqqaatanii jedhu gorsa. Walumaagalatti, weedduun kun jechoota muraasa fayyadamuun ergaa bal’aa dabarsa; kunis intalli akka of-eeggattu, akka dhugaafi soba addaan baaftu, akkasumas akka murteewwan ishee hubannaan fudhattu gorsa. Kanaafuu, gaheen weedduu kanaa hawaasummaa keessatti safuu, hubannoofi mala jireenya sirrii dabarsuudhaan, ijaarsa maatiifi tasgabbi hawaasaa keessatti shoora olaanaa qaba. Jabaadhu bultii kee hidhadhu warri si kennee jechuudha.

4.2.3.7. Gorsa ofeeggannoo maatii gurbaa waliin akka gootuuf

Akka af-gaaffiifi marii garee: Guraandhala 05/2018 Aashaa Aliifi kanneen biroo irraa ragaan argameetti Intalli heerumtu takka warra gurbaatti of eeggannoo gochuu qabdutuu jira. Kunis warri gurbaa akka warra isheetii miti. Waan hunda akka fedhasheetti dhimma itti hinbaatu. Amalli isheen agarsiistu kan warra gurbaa fuudhuu sanatti madaqu ta’uu qaba. Haati gurbaa haadha ormaati; abbaan gurbaa abbaa ormaati. Taajjabbi qaba. Akka warra ofii gorsaan yookiin obsaan hindarbaniif. Saniif akkaataa dubbii isheerraa kaasee hanga gochaatti ofeeggannoo

isheen gochuu qabdu weedduu kanaan gorsu. Kana jechuun yeroo namatti dubbattu qooqni isheen dubbattu; yeroo nyaattu akkaataa nyaata gorshattu isheen gochuu qabdu; yeroo hojjattu akkaataa isheen hojii hojjattu sana hojjattu; kabajni isheen warra gurbaaf gochuu qabduufi kanneen kana fakkaatan gorsu. Gorsu intala heerumtuuf kennamu kun, jireenya haaraa keessatti akka milkaa'inaan jiraattuuf bu'uura ogummaa jireenyaa ta'aafi. Intalli gara mana warraa soddaa seentu, naannoo haaraafi namoota haaraa waliin walitti dhufeenya ijaaruu dirqama waan ta'eef, ofeeggannoofi hubannoo qabaachuun murteessaadha. Kanaaf wanta gootu hundaaf of-eeggannoo gochuun murteessaadha. Kanaan walqabatee ragaa afgaaffiidhaan ragkennitootarraa argame akka armaan gadiitti weeddifame.

*Roobee roobee buchuma doolcha
 Roobee roobee silaa sin oolcha
 Roobee roobee maalan si oolchaa
 Roobee roobee muchuma diima
 Roobee roobee masaanuun diina
 Roobee roobee sayyuun wakkila.
 Roobee roobee wakkil hinqabdu
 Roobee roobee hundumatu diina
 Roobee roobee qararriin latte
 Roobee roobee goda gaaratti
 Roobee roobee qananiin hafte
 Roobee roobee haadhatti,
 Roobee roobee qararrii dukkoo
 Roobee roobee dukkoo aayya 'oo
 Roobee roobee qananiin hafte
 Roobee roobee mana aayyotti*

Weedduun kunis, intalli haala qunnamtii isheen maatii gurbaa waliin qabaattu keessatti of-sirreessuu, of-eeggannoo gochuufi haalota adda addaa hubachuun akka of-tikfattu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, jireenya haaraa keessatti rakkoo irraa of-qusachuufi tasgabbii uumuu keessatti shoora guddaa qaba. Kunis “Muchuma diima, masaanuun diina, sayyuun wakkila, wakil hinqabdu hundumtu diina” kan jedhu, masaanuun jaartii/ haadha warraa jaarsa intala heerumtuu ta'uu danda'a. jaartiin gurbaa fuudhuu tun narratti kan biraa dabale jetteet intala achi heerumtu tana jibbiiti. Kanaaf, wal hinjaalatani. Warri kun akka carraa yoo amalaan walii galanii wal-jaalatan malee waliif hingalani. Kanarraa ka'uudhaan “Masaanuun yoo walii hinjaalatiin farra.” Jedhan. Wanni diina jedhaniif immoo yoo jaarsi takka bira bulee guyyaa biraammoo mana takkaa gala. Yeroo kana obsa dhabuudhaan wallolu. Isaan lamaan keessaa tan obsa hinqabne ishee jalqaba gurbaan sun fuudhe sana. Isheen lammaffaarra dhufte ni sodaatti.

Sababni isaas sanirra ijoollee waan taateef. Isheen lammaffaa heerumte hanga lafaafi namaa barattutti ija dhiibdee itti hindubbattu. Erga lafa bartee cunqursaa isheen jalqabaa irratti raawwattu sana ofirraa dhorkuu jalqabdi jechuudha.

Masaanuu kanaan walqabatee ummanni Oromoo aadaa dubartii lama fuudhuu ni qaba. Kunis kaayyoo garaagaraaf akka ta'e odeeff kennitoonni ni himu. Innis hormaata namaatii Oromoon ilmaan horuu akka qabuu yaadameeti. Sababni isaas lafa bal'aa waan qabuuf daangaafi lafasaa dhaalchisuufi. Inni itti aanu, namni tokko loon baay'ee horee loon sana namni elmu dhabamee ishee jalqaba fuudhe sanatti yoo ulfaate jaartii/ haadha warraa lammaffaa fuudhee loon sun achi qoodamanii akka elmaman taasifama. Kun ammoo kaayyoo aannan elmuu qofaaf osoo hintaane hormaata looniif akka mijatuuf bakka lamatti qoodanii akka horaniif.

Bo'oo walaloo 'Wakkil hinqabdu hunduma diina' jedhu keessatti ammoo sayyuun obboleetti jaarsa isheeti. Isheenis yoo akka carraa amalaan walii galan malee walii galuu baannan akkuma masaanuu sanatti wallolu. Sayyuunis akkuma masaanuu sana dhiigummaa waan hinqabneef amalaan waliif hingalle yoo ta'e diinummaa qabatu. Kanaaf ammoo intalli heerumtu warra gurbaatti ofeeggannoon hariiroo waliin akka godhattuuf dhaamsa dhaamu.

4.2.3.8. Gorsa jajjabinaa intalaaf

Intalli tokko gaafa heerumtu gorsi jajjabinaa murteessaadha. Barbaachisummaan gorsa ammoo akkuma beekamu bultii ijaaruun bu'aa ba'ii hedduu qaba. Akkasumas, namni gara waan cima kanaatti deemuuf bu'aa ba'ii bultii ijaaruu maal akka fakkaatu dursanii hubachiisuun bultii ishee jabaatte akka qabdu cimsaa waan ta'eefi. Kana malee erga bultiitti seenanii booda bultiin kun naaf hintaane yookiin natti cimee jedhanii ba'uun akka aadaatti qaanyiidha. Kanaaf, intalli akka jajjabina horattuuf weedduu armaan gadii dhiyaate kanaan gorsu.

*Si diruu callee si diruu (2x)
Warra/mana alagaa seenanii ba'uun hinjiru
Alagaan dhayee sin hilu jabaadhu tiruu.
Aabbiibboon manaa maal je'aa
Durbaa ambaaf dhalatte
Gabbaasaa manaa je'aa
Aayyiyoo manaa
Maal jetti manaa maal jetti
Heerumaan heera
Gubataa gabbaasaa jetti
Eessumaan manaa maal je'aa*

Ergumaa sabbooqaa argadhe je'aa

Weedduun kun ergaa jajjabinaafi qophii jireenya heerumaa intalaaf dabarsuudha. Jechi “Si diruu callee si diruu” jedhu intalli rakkina, miidhaa ykn rakkoo jireenyaa irraa dhufu dandamachuu akka qabdu hubachiisa. Kanas jireenya keessatti wantoonni nama miidhan ni jiraatuu, garuu isheen jabaattee obsuufi of-laafisuu hinqabdu. Itti aansuun, “Warra/mana alagaa seenanii ba’uun hinjiru” keessatti erga intalli heerumte booda ba’uun akka hinjirre gorsa. Kanaaf, intalli heerumni jireenya itti fufiinsa qabu akka ta’e hubachiisuun, akka of-qopheessitee obsaan jiraachuu akka qabdu gorsa. Akkasumas, “Alagaan dhayee sin hilu jabaadhu tiruu” jechuun, yeroo rakkinni dhufu namni biraa isheef hindhaabbatu, kanaafuu ofiin jabaachuufi rakkoo ofiin furachuu akka qabdu gorsa. Walumaagalatti weedduun kun akka intalli jajjabaattu, akka rakkina dandamattu, akka of-eeggattuufi akka itti gaafatamummaa jireenya heerumaa fudhattu gorsuudhaan muuxannoo jireenya akka bartu taasisa.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen weedduu gorsaan walqabatee dhiyaate irratti xiinxalli wanti argame Weedduun roobilee-rooboo sirna fuudhaa-heerumaa keessatti dubartiin gara jireenya haaraa seentuuf akkaataa itti ofqopheessitu, itti gaafatamummaa itti fudhattu, akkasumas safuu hawaasaa itti eegdu irratti xiyyeeffata. Haa ta’u malee, ilaalcha xiinxala dubartummaan yoo ilaalamu, weedduun kun sirna hawaasni ittiin dubartii to’atu akka waan baratamaafi sirrii ta’etti dhiyeessuun, dubartii akka nama murtii ofii hinqabneetti mul’isa. Kunis, dubartiin akka nama ajaja fudhatuufi qajeelfama alagaa hordofuutti ijaaramteetti agarsiisa. Keessattuu jechi “alangee” jedhu bakka adabbiifi too’annoo cimaa ibsu. Hiika isaa bal’inaan yoo ilaalle, reebicha qaamaa qofaan kan daangeffamu osoo hintaane, dhiibbaa sammuu, soda maqaa badaafi dirqisiisummaa hawaasni irratti fe’u hunda ofkeessatti hammata. Kana jechuun, dubartiin yoo seera hawaasaa cabsite, miidhaa qaamaa qofa osoo hintaane, tuffiifi xiqqeeffamu hawaasaa jala akka seentu hubachiisa.

Dabalataan, weedduun kun dubartiin hojii mana bulchuu, qophii jireenya maatiifi naamusa ofii eeguuf itti gaafatamummaa akka qabdu cimsee ibsa. Kun gama tokkoon yoo ilaalamu gahee dubartiin hawaasa keessatti qabdu mul’isa; garuu gama biraatiin, gaheen kun akka filannoo bilisaa osoo hin taane akka dirqama hawaasaan kaa’ameetti dhiyaata. Kana jechuun, dubartiin akka nama ofiin jireenya ofii bocattu osoo hin taane, akka nama sirna jiru keessatti akkaataa barbaadameen ofsirreessituutti ilaalamti. Walumaagalatti, weedduun kun dubartii akka qaama

seera hawaasaa jalatti ijaarameetti kan agarsiisu yoo ta’u, yeroo tokko tokko gahee isheen maatii keessatti qabdu jabeessuu danda’us, ciminni sun bilisummaa dhugaa osoo hintaane daangaa hawaasaa keessatti ofeeggannoo cimaa waliin kan walqabate ta’uu mul’isa. Kanaaf, qabiyyeen weedduu kanaa akkaataa dubartiin itti jiraattu, itti dubbattu, itti sochootuufi itti ofdhaabbattu hunda irratti daangaa kaa’a. Kun immoo dubartii akka nama ofiin murteessuu hindandeenyee mul’isa. Kunis ilaalcha dubartummaa keessatti “power imbalance” jechuun beekamu akka jiru kan mul’isuudha.

Ilaalcha dubartummaan yoo xiinxalamu, weedduun kun sirna aangoo hawaasaa keessatti dubartiin “akkaataa barbaadameen jiraattu” taasifamu ifatti agarsiisa. Dubartiin erga heerumtee booda of-danda’uun ishee akka filannoo bilisaa osoo hintaane akka dirqama sirnaa keessatti hammatameetti dhiyaata. Yaadiddama dubartummaa xabboo (African Indigenous feminism) keessatti kun dubartiin akka qaama ijaarsa hawaasaa keessaa tokkootti kabajamtu agarsiisa. Gama biraatiin garuu, weedduu kun dubartiin akka sirna itti gaafatamummaa cimaafi to’annoo hawaasummaa jala ofqopheessitu irratti xiyyeeffata. Kun ammoo dubartiin murtiifi bilisummaa dhuunfaashee caalaa ajaja aadaafi ilaalcha hawaasaa akka hordoftu mul’isa. Haaluma kanaan, sirni hawaasaa aangoofi daangaa dubartii irratti dhiibbaa akka uumu ifa godha. Yaadiddama dubartummaa aadaa (cultural feminism)tiin yoo ilaalamu ammoo, weedduun kun dandeettii, obsa, hojiifi muuxannoon dubartootaa akka qabeenya aadaa kabajamaa ta’etti dhiyeessa. Yeroo wal fakkaatutti ammoo, miira, sodaafi qophii jireenya haaraa keessatti dubartiin keessa darbuun xiinsammuun ishee akka tuqamu taasisa. Kanaafuu, weedduun kun dubartii akka bu’uura maatiifi safuu hawaasaa keessatti kabajamtu taasisuun akkasumas ammoo sirna hawaasni ittiin amalafi jireenya ishee to’atu ifatti mul’isa.

4.2.4. Mararfannaa Haadha

Mararfannaan weedduu kana haadha intalaaf weeddifame yoo ta’u, yeroo intalli gara heerumaa deemuuf jettu haadha ishee jajjabbeessuuf ibsa. Addaan ba’iinsi kun miira cimaa waan uumuuf, haati yaaddoofi mararfannaa keessa waan seentuuf weedduu kanaan dhaamuufi.

*Ulee murii ulee lagaa murii
Hawwiin baatee aayyoo garaa murii
Albee jaatanii manaan hidhadhu
Jaatan kee geesse garaa hidhadhu*

Weedduun kun mararfannaa haadhaafi. Jechi “Ulee murii ulee lagaa murii” jedhan kun jireenyi seera ofii akka qabu, addaan ba’iinsi kunis dirqama jireenyaa keessaa tokko ta’uu agarsiisu. Akkasumas, “Hawwiin baatee aayyoo garaa murii” jechuun haati hawwii intalli ishee akka bira turu hindandeenye dhugaa jiru fudhachuun garaa murachuu akka qabdu ibsa. Kana malees, jechoonni akka “Albee jaatanii manaan hidhadhu”fi “Jaatan kee geesse garaa hidhadhu” jedhan kun “jaatan” jechuun intala heerumtu; ergaan isaa immoo, intalti akka of-jabeessitu, itti gaafatamummaa fudhattuufi jireenya fuudhaa heerumaa keessatti of-eegu agarsiisuudha. “Albee jaatanii manaan hidhadhu” jechuun, intalti haadha irraa qajeelfamaafi hubannoo fudhachuu qabdi; kun akka seera, safuufi itti gaafatamummaa hawaasaa hubattuufi eegduuf gargaara. Kana malees, “Jaatan kee geesse garaa hidhadhu” jechuun, intalti jireenya haadhafi hawaasa waliin jiru keessatti, miira of-eeggannoofi kabaja walii cimsuu qabdi. Akkasumas, haadha irraa dhaamsa jaalala, mararfannaafi qajeelfama dabarsuudhaan, intala akka of-eeggattu, hojiifi gahee ishee hawaasa keessatti hubattu agarsiisa. Walumaagalatti, weedduun kun mararfannaa, jajjabinafi gorsa kan of-keessatti qabuudha. Haati intalaas yeroo addaan ba’iinsa intalli akka hinlaafne, akka dhugaa jiru fudhattuufi garaa jabeessitu hubachiisa.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen xiinxalli wanti argame weedduun mararfannaa haadha jedhu keessatti haadha akka nama miira jaalalaafi gadda cimaa keessa jirtutti agarsiisa; garuu miira ishee kana keessatti murtii hawaasaa irratti hirmaannaa daangeffame qabdi. “Ulee murii ulee lagaa murii” jechuun addaan ba’iinsi akka murtii hindeebinee ta’uu ibsuun, haati sirna jireenyaa fudhachuuf dirqama akka qabdu agarsiisa kunis humni murtii sirna aadaa jala akka jiru mul’isa. Jecha “Hawwiin baatee aayyoo garaa murii” ammoo miira keessaa dhokfameefi itti gaafatamummaa dubartii irratti fe’ame ibsa; haati miira ishee ofkeessaa qabdi malee ifatti mul’isu hindandeessu. Akkasumas “Albee jaatanii manaan hidhadhu” jabina, of-eeggannoofi qophii jireenya haaraa intala irratti fe’amu agarsiisa; kun dubartiin sirna keessatti akka hojiifi amala ishee sirnaan of-qopheessitu dirqama akka ta’e mul’isa. Walumaagalatti, weedduun kun haadha akka miira cimaa qabdu garuu sirna keessatti murtii irratti daangaa qabdu, akkasumas dubartiin miira, itti gaafatamummaafi sirna aadaa gidduutti “qophaa’ummaa jireenyaa” irraa eegamu beektu agarsiisa.

4.2.5. Mararfannaa Hiriyyaa

Mararfannaan hiriyyaa, miira intala heerumtu hubachuun waan itti dhaga'amu itti ibsataniidha. Kunis ragkennituun Amiinaa Saanqaa jedhaniitti; hiriyyoonni ishee waan isaaniitti dhagahame jaalala isheef qaban, addaan bahuun isaanii itti dhaga'ame garaa nyaatte isaanii yoo ibsan;

<i>Roobilee rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Buchuma doolchaa rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Hiriyyoo tiyyaa rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Silaa sin oolchaa rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Ofiifuu hinoolu rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Maaliin sin oolchaa rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Silaa nan gooda rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Lilmoo nan dhabe rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Silaa sin oodaa rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Silaa sin oolchaa rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Ofiifuu hinoolu rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>
<i>Buchumni cabe rooboo</i>	<i>Roobilee rooboo</i>

Weedduun kun mararfannaa hiriyyaafi gadda addaan ba'uu, hariiroo cimaa hiriyyoota gidduu jiru agarsiisa. “Hiriyyoo tiyyaa rooboo” jechuun walitti dhiyeenya isaanii, waliif barbaachisummaa isaaniifi wal-hindhiisne isaanii ibsa. Kanaaf, kun jaalala qofa osoo hintaane jaalala hiriyyummaa lubbuu walitti hidhatedha/Addooyyee jechuudha. “Silaa sin oolchaa, silaa sin oodaa” jedhan keessatti immoo yaadni jiru akka si jaaladhutti sin oolchaa ture garuu humna kootiin waan ta'uu miti jechuu isheeti weedduun mararfannaa hiriyyaa kun. Akkasumas, silaa heerumte jennaan nan oodaa garaa dadhabe jedhaniif silaa heeruma kee hindhufu nan oodaa ture garuu garaan dadhabe akkattii hafuu dhabeen dhufe jettiin. Akka ati heerumtu hinbarbaadu. Osoo naaf danda'ame osoon si oolche natti tolaa maal godhuree silaa heeruma hinoolchanii heerumni waan jiru jechuu isheeti hiriyyoo mararfannaa ishee gaafa ibsiitu. “Silaa nan gooda rooboo lilmoo nan dhabe rooboo” jedhan immoo hiriyyaa akka mirgaafi nama itti hirkattu tokkotti ilaaluufi addaan ba'uun sun lubbuu irraa yookiin humnaa ol baay'ee itti dhaga'amu mul'isa. Akkasumas, “heerumni ka'e” jechuun heerumni akka murtii dhuunfaa osoo hintaane akka humna hawaasaa nama irratti fe'amutti xiyyeeffata; kanaaf, yoo isheen heeruma sana hinbarbaanne iyyuu ittisuu hindandeessu hireedha sababa ta'eef hamma barbaadan yoo wal-jaalatanis oolchuu akka hindandeenye agarsiisa. Akkasumas, warri intalaas yeroo ilmoo isaa kennuu osoo hinjaalatiin ni obsaa. Maaliif ilmoo ofii obsee kennaa malee jaalatte hinkennu

jechuu barbaadaniiti. Kanaafuu, nutis akkuma maatiin kee obsaniitti ni obsina jedhanii weeddisu.

*Hittuun hikkattee kan mudhii tiyyaa
Aaddeen heerumte kan gita tiyyaa
Waa gita miti hirriyyaa tiyyaa.
Akka kanniisaa yaa galii tiyyaa
Akka abbaa biyyaa yaa heertuu tiyyaa
Heertuun heerumte eenyu naa heeraa
Galiin heerumte maaltu naa gala*

Weedduun kun “Hittuun hikkattee kan mudhii tiyyaa” jedhu kanaa hiriyyaa ishee akka qaama lubbuu isheetti hidhateetti ilaala; kan mudhii tiyyaa jechuun akka qaama keessaa irraa cite hinhafneetti itti dhaga’amu ibsa. Akkasumas, “kan gita tiyyaa” ibsi kun, walii galteefi walitti dhufeenya isaanii gadi fagoo agarsiisa; hiriyyaan kun nama itti siqqu, itti amanamtu, itti gammaddus ta’uu ishee mul’isa. “Waa gita miti hiriyyaa tiyyaa” jedhu ammoo, addaan ba’uun isaanii waan laafaa miti, akka lafee irraa muramee dhiiga namaa dhangalaasuutti ulfaataafi hadhaa’aa ta’uu ibsiti. Itti aansuun, “akka kanniisaa yaa galii tiyyaa, akka abbaa biyyaa yaa heertuu tiyyaa” jechuun hiriyyaa ishee bakka olaanaafi kabaja guddaa kennuu ishee mul’isa, Kanniisaatti fakkeessuun mi’aawina, bareedinafi hawwataa ta’uu ishee yoo ibsu, abbaa biyyaatti fakkeessuun immoo, ulfinaa, kabajaafi iddoo guddaa intala heerumtuuf qabdu ibsa. Kanaaf, hiriyyaan kun nama qalbii keessatti iddoo addaa qabduuf, kan ishee gitu argachuu hindanda’u ergaa jedhu dabarsa. Kana malees, weedduu kana keessatti “Heertuun heerumte eenyu naa heeraa, galiin heerumte maaltu naa gala” jechuun erga hiriyyaan ishee irraa fagaattee booda, eenyutu naaf dhaabbata? Eenyutu akka kee naaf ta’a? Maaltu gammachuu koo naaf gammadda? Maaltu naa gargaaraa, jechuun kophummaafi gadda keessa ishee jiru ibsuu isheetti. Akkasumas kanniisaan walqabsiisanii galii jechuun kanniisa waabee Gama biraatiin jechuudha. Waabee ishee hojii hojjettu, hojiidhaan kan beekamtu, hojii ishee kan galmaan geessituudha. Weedduu kana bifa kanaattii walbira qabuun isaanii ofii isheetiin gaagura kanniisa taatee kanniisiitiin jalaa waan baateef gadda itti dhaga’ame ibsuu ishee mul’isa. Haaluma kanaan weedduun kun hiriyyootaatu imiyyoo heerumteef weeddisuu.

*Dhadhaabbadhu ulee dhadhaabbadhu
Ba’aa kaatee aayyootti dhaammadhu
Dhadhaabbadhu ulee dhadhaabbadhu
Ba’aa kaatee eedaatti dhaammadhu
Dhadhaabbadhu ulee dhadhaabbadhu*

Ba'aa kaatee aabbootti dhaammadhu
Dhadhaabbadhu ulee dhadhaabbadhu
Ba'aa kaatee hiriyyootti dhaammadhu
Dhadhaabbadhu ulee dhadhaabbadhu
Ba'aa kaatee ollaatti dhaammadha
Dhadhaabbadhu ulee dhadhaabbadhu
Ba'aa kaatee fantootti dhaammadhu
Dhadhaabbadhu ulee dhadhaabbadhu
Ba'aa kaatee Hawweetti dhaammadhu
Dhadhaabbadhu ulee dhadhaabbadhu
Ba'aa kaatee Bulgeetti dhaammadhu

Weedduun armaan olii kunis mararfannaa intalaaf jedhame yoo ta'u, bifa mararfannaatiin gorsa isaanii dhaamuufi. Kunis amma ba'uuf deemtaa waan ta'eef jireenya maatii kee waliin dabarsaa turte aabboofi aayyootti dhaammadhu. Kana booda bultii dhaabbachuuf deemtaa waan ta'ee jabaadhu bultii kee jabeeffadhu jiraadhu jedhanii maraarfatanii gorsu.

4.2.6. Obboleettii waliin adda ba'uu ibsuuf

Jireenya obbolummaa keessatti, yeroo tokko tokko osoo walitti hidhataniifi jaalalaan jiraatan addaan fagaachuutu dhufa. Haaluma kanaan, obboleettii tokko heerumtee gara maatii haaraatti imaluun, obboleettiin biraa immoo mana maatii isheetti hafuu danda'atu jira. Addaan ba'uun kun, fedhii dhuunfaa qofaan osoo hintaane, haala jireenyaafi sirna hawaasaa irraa ka'ee uumama. Miira gargar ba'uu kan obboleettiin bifa weedduutiin yoo ibsituu ragaa daawwannaarraa argame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Wandabbee qoloo
Waldhabnee boloo

Weedduun “Wandabbee qoloo, waldhabnee boloo” jedhu kun, yeroo obboleettiin tokko heerumtee gara maatii haaraatti imaltu, obboleettiin biraa immoo mana maatii isheetti haftu gidduutti addaan ba'uu isaanii agarsiisudha. Jechi “Wandabbee qoloo” jedhu, bakka waliitti guddatan, walitti booharan, walitti kolfanfi jireenya isaanii itti ijaarratan yaadachiisa; iddoo kana keessatti obbolummaan isaanii akka wandabbee qolootti hidhamu isaa mul'isa. Akkasumas, “Waldhabnee boloo” jechuun, addaan fagaachuun isaanii fedhii dhuunfaa irraa osoo hintaane, haala jireenyaafi sirna hawaasaa irraa kan ka'e ta'uu isaa hubachiisa. Haala kana keessatti jechi ishee miira lama ofkeessa qaba: gammachuu xiqqoo (heerumni sadarkaa jireenya haaraa waan ta'eef)fi gadda cimaa (hariiroon isaanii sun gara fageenyaatti jijjiiramuun). Kana malees, weedduun kun duudhaa Oromoo keessatti heerumni jijjiirama jireenyaa guddaa fidu

akka danda’u hubachuun ni danda’ama. Haaluma kanaan, ergaan isaa guddaan namni jaalalaan walitti hidhame illee yeroo tokko tokko dirqama jireenyaatiin addaan ba’uu akka qabu, garuu yaadannoofi hidhanni isaa garaa keessaa hinbadne ta’uu isaa dabarsa. Weedduun kana akkas jedhe weeddisuuf obboleetti isheeti. Kanaafuu, ati karaa warra namaa deemtaa waldhabnee jechuu ishiiti.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen xiinxalli wanti argame weedduun Mararfannaa Hiriyyaafi obboleetti keessatti dubartummaa akka iddoo miira walqooddachuu cimaafi walitti hidhatinsa jireenyaa agarsiisutti ibsa. Dubartoonni hiriyummaa isaanii keessatti hidhata miiraa cimaa ijaaru; garuu hidhatni kun sirna hawaasaa keessatti yeroo gara heerumaatti ce’an ni murtaa’a ykn ni ciccitaa. As keessatti wanti dhokataan mul’atu, hariiroon dubartootaa jabaa ta’us, sirni jireenyaa isaanii irratti murtii kaa’ee akka jijjiiruudha. Kun dubartiin filannoo ishee qofa irratti hunda’uun osoo hintaane, caasaa hawaasaa (marriage transition system) keessatti walitti hidhatinsa duraan qabdu akka dhiistu dirqama akka qabdu agarsiisa.

Akkasumas, hiriyoonna dubartii akka madda jajjabinaafi hidhata miiraa ta’an ni calaqqisu; garuu yeroo tokkotti, hariiroon sun itti fufiinsa qabaachuu dhiisee gara addaan ba’iinsa dirqamaatti jijjiirama. Kun ilaalchaa dubartummaatiin, dubartiin humna miiraafi wal yaaduu qabaatus, sirni hawaasaa yeroo hedduu walitti dhufeenya isaanii irratti daangaa kaa’a jedhu ifa godha. Walumaagalatti, weedduun kun dubartummaa akka miira cimaafi hidhata waloo agarsiisuun walqabatee, yeroo tokkotti immoo caasaa hawaasaa keessatti jijjiiramni dirqamaan dhufu walitti hidhatinsa isaanii akka addaan kutu taasisa jechuudha.

4.2.7. Dureessaafi Deegaa akkatti ibsan

Weedduun roobilee rooboo ergaan inni qabu keessaa tuffii deegaafi kabaja dureessaa yeroo qeeqaniifi yeroo faarsan itti ibsatan keessaa tokko. Akkuma beekamu haala jiruufi jireenya dhala namaa keessatti sooreessi akkuma jiru hiyyeessiis ni jira waan ta’eef, gurbaan nama qabeenya hinqabne, akkatti qeeqan kan qaban yoo ta’u, isa qabeenya qabu ykn dureessa immoo akkatti leelisan, akkasumas intalli heerumnaan dureessaatti heerumu akka qabdu yeroo qeeqaniifi leelisan ragaaleen daawwannaa, af-gaaffiifi marii gareerraa argame ni agarsiisu. Yaada kanaan walqabatee weedduu isaa akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Dureessi garbaa itti lixanii
Deegaan garbuu'uu jalaa didanii
Deegaan garbuu'uu ni miliqanii
Dureessi garbaa gannaqee bitee
Deegaan garbuu'uu funaanee bitee
Funaanaa guddaa ta luugduun (wandaree) bitee
Deegaan garbuu'uu jalaa didanii
Dureessi garbaa itti lixanii
Dureessi abbaa qabeenyaati
Seenii malee hingaafatanii

Weedduu kana intala heerumtuuf weeddisuu, nama qabeenyaa qabuutti malee deegaatti hinheerumiin jedhanii gorsuu. Dureessi abbaa qabeenyaati waan ta'eef seenii malee waan biraa hingaafatanii; deegaan immoo garbuudha jalaa didanii. Deegaa kana yeroo kaadhimachuu dhufu illee deemi jedhanii aarii'uu. Yoo dirqii (dirqamaan) kennuu barbaadanis kanatti lixuun hinbarbaachisu. Dureessaatti heerumuun gaariidha deegaatti heerumuun gaarii miti inni 'miskiinaa' yookiin homaa hinqabu itti hinheerumiin jedhanii gorsu. Haala kanaan weedduun kun kan inni jedhamu yeroo kadhaadha.

Aagamsaa lolee
Laaluu hulluqee
Harkaan gayaanaan
Arrabaan lolee
Baanaa hulluqee
Oggaa kadhaadha
Jilbaan siiqaa
Oggaa harkaan gayaatee
Jirma luqiifataa

Weedduun kun deegaaf weeddifame. Sababni akkas itti weeddifameef immoo deegaan kun yeroo kadhaa jilbaan lafarraa deeme ganda soddaa dhaqaa. Haaluma kanaan jilbaan deemaa yeroo harka gahaatu immoo jirma qofa itti luqiifataa. Duuba ishii hinbeeku horiin na irraa hinbahii jedhaa, maal qabaadhe horiin narraa ba'aa jedhaa. Homaa hinqabu miti cafaquus, akka barbaade godhuus homaa nan godhan jedheetuma akkas godha.

Dureessi garbaa gannaqee bitee
Giistii isaa san jabeessee bulchaa

Weedduun kun dureessaaf kan weeddifame yoo ta'u, giistii jechuun jaartii isaa jechuudha. Kanaaf, dureessi tokko gaafa intala tokko fuudhuu jaartii isaatiif yookiin haadha manaa isaatiif akka isheen barbaaddeetti godhaafi jechuudha. Sababa kanarraa kan ka'e akka barbaaddetti jiraachuu yoo barbaadde dureessaatti heerumuu qabdaa jedhanii gorsa kana gorsanii.

Yoo ulee feete jirma ceekaa
Yoo qanyee feete ilma deegaati
Yoo ulee feete jirma ruufeesaati
Yoo haamilee feete ilma dureessaati

Weedduun kun intala heerumtuuf kan weeddifame yoo ta’u, yoo buluu feete ilma dureessaatti heerumuudha jettiin olooltuun gaafa isheetti weeddistu. Dureessa jechuun abbaa qabeenyaati. Yoo ulee/qanyee feete immoo ilma deegaati jettiin. “Deegaan kun gaa waan Ganama sitti qanyiisaa, galgala sitti qanyiisa.” Jedhun. Qanyiisa jechuun si reebaa jechuudha. Kanaaf, intalli kun deegaa kanaan waa naaf bitii jettuun, ijoolleedhaaf waan faxaraa naaf bitii jettuun uleedha jechuudha faxarii ishii. Faxaraa jechuun ciree jechuudha. Kanaaf, filannoon kan keetii yoo ulee feete ilma deegaati; yoo bultii gaarii feete ilma dureessaati, yoo ulee feete jirma ruufeesaati yoo bultii gaarii feete ilma dureessaati sababni jedhameef.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen xiinxalli wanti argame weedduun kun sirna fuudhaafi heerumaa keessatti filannoo dubartii irratti dhiibbaa hawaasni qabeenya irratti hundaa’uun uumu mul’isa. Ilaalchi kun akka yaadiddama dubartummaa ilaalcha aadaa keessatti dubartii daangaa keessa kaa’u (cultural feminist perspective) tti, dubartiin murtii heerumaa ishee irratti bilisummaa guutuu osoo hinqabne, safartuu qabeenyaafi sadarkaa dhiiraa irratti hundaa’uun qajeelfamti. Kana keessatti dubartiin waan hunda keessatti ofiin murteessituutti osoo hinilaalamin, akka nama “filachuu qabdu” jedhamee qajeelfamuutti dhiyaatti. Kun immoo, aangoo dhiiraafi qabeenya isaanii irratti hundaa’uun dubartii irratti murtii kaa’uu agarsiisa. Ilaalchi kun dubartii akka qaama ofiin jireenya ishee ijaaruu dandeessu osoo hintaane, akka nama hawaasaafi maatiin qajeelfamuutti ilaala. Gama biraatiin, weedduun kun qabeenya akka madda kabajaafi tasgabii maatii ta’ee akka ilaalamu mul’isa. Garuu, kun dubbii “kabaja argachuuf qabeenya dhiiraa barbaachisa” jedhu uumuu waan danda’uuf, kun ammoo sirna walqixxummaa saalaa keessatti dubartii gadi qabuu ta’ee mul’ata.

Walumaagalatti, weedduun kun dubartiin filannoo heerumaa keessatti bilisummaa xiqqoo akka qabdu, garuu qabeenya dhiiraa irratti hundaa’uun ilaalchi ishee akka murtaa’u agarsiisa; kunis ilaalcha dubartummaa keessatti rakkoo aangoofi murtii irratti uumamu ifatti agarsiisa.

4.2.8. Gorsa Gurbaaf

Duudhaa Oromoo Ituu keessatti, gurbaafi intala jidduutti hariiroon walitti dhufeenyaafi kabaja maatii irratti ijaaramu, akkasumas jireenya isaanii keessatti bu’uura olaanaa qaba. Yeroo gurbaafi intalli walitti dhufanitti, gorsi itti gaafatamummaa fi kabaja namoota maatii keessatti qaban irratti xiyyeeffata. Gorsi kunis haala itti aanutti dhiyaata.

Heexoo dhuganii
Hambaa hingalchanii
Durba fuudhanii
Soddiyyoo kiyyaa
Haadha hingalchanii

Weedduu kun gorsa gurbaa fuudhuuf weeddifame. Kunis, erga gurbaan intala fuudhe booda yoo intalli waan fedhellee ta’uu yoo balleessite gurbaan intalli kun gara maatii isheettii galuu qabdi jedhe deebisu akka hinqabne hubachiisa. Sababni isaas, akka safuu hawaasaatti intala fuudhan deebisuun qaaniidha waan ta’eef. Kanaaf, haadhatti hingalchiinii irraa fuute; Haadha kabaji, abbaa intalaa kabaji, intalli amma booda tan teetii jabeefadhu jiraadhu jedhaniin.

Weedduu roobilee rooboo qorannoon kun xiinxale, jireenya hawaasummaa keessatti shamarran gara heerumaatti ce’aniif shoora olaanaa taphata. Weedduun kun waqtii heerumaa irratti xiyyeeffachuun, rakkoo ganna ykn bona keessa hinheerumsiiifamne hubachiisa. Akkasumas, umurii heerumaa ilaalchisee shamarran heerumaaf osoo hingahiin heerumuun rakkoo hawaasummaa fiduu akka danda’u akeekkachiisa, ergaawwan isaa itti gaafatamummaa, of-eeggannoofi amala gaarii irratti xiyyeeffatu. Gorsawwan weedduu keessatti kennaman, shamarran mana isaanii bulchuufi hojii jireenyaa of-danda’uun raawwachuu, namoota kabajuufi safuu hawaasaa eeguu akka baratan gorsa. Kana malees, garaagarummaa jireenya mana maatiifi mana warra soddaa hubachiisuun murannoo, obsaafi ofeeggannoo qabaachuu akka qaban barsiisa. Kanaafuu, weedduun roobilee rooboo madda beekumsa hawaasummaa, mala jireenyaafi qajeelfama shamarran gara heerumaatti ce’uuf barbaachisaa ta’uun isaa hubatamee, ergaawwan isaa shamarran yeroo isaanii ga’anii qophii gahaa akka qabaatan gorsa, akkasumas safuufi itti gaafatamummaa hawaasaa keessatti shoora guddaa akka qabu ni ifoomsa.

Dabalataan weedduun Roobilee Rooboo sirna hawaasaa keessatti dubartiin jireenya heerumaa, hojii manaafi hariiroo maatii keessatti gahee ishee akka bahattuuf itti gaafatamummaa cimaa itti fe’amu agarsiisa. Akkasumas, dubartiin akka nama of-dandeesse osoo hin taane, akka nama

safuu fi naamusa hawaasaa hordofuufi to'atametti ilaalamti; kun immoo ilaalcha dubartummaa keessatti daangaa bilisummaa dubartii irratti kaa'amu ifatti mul'isa. Gama biraatiin, qabeenyifi sadarkaan dhiiraa filannoo heerumaa irratti murteessaa ta'uun, dubartiin murtii ishee akka ofiin hinmurteessine taasisa. Walumaagalatti, weedduun kun dubartiin sirna aadaa keessatti itti gaafatamummaa, kabajaafi jireenya ishee kan ijaartu yoo ta'e illee, yeroo baay'ee aangoofi filannoo ishee irratti daangaa hawaasni kaa'u akka jiru ifatti calaqqisiisa.

Walumaagalatti, weedduun Roobilee-Rooboo dubartummaa (femininity) iddoo olaanaa kan qabu yoo ta'u, dubartummaa akka ijaarsa aadaafi safuu hawaasaa keessatti ibsa. Garuu, gama dubartummaa 'feminism'tiin ammoo, dubartiin bilisummaa qabdi osoo hintaane, daangaa aadaa keessatti dubartii ibsa. Kanaaf, aadaan walqixxummaa dhiiraafi dubartii akka hineegne weedduun kun ni agarsiisa. Gama biraatiin dubartiin akka kaameettii taatee jiruufi jireenya ishee akka gaggeessitu tumsa guddaa godha.

4.3. Gahee Weedduu Roobilee-Rooboo Gama Dinagdee Ijaaruutiin

Hawaasa Oromoo keessatti sirni fuudhaa heerumaa taatee hawaasummaa qofa osoo hintaane, adeemsa jireenya dinagdee hawaasaa waliin hidhata cimaa kan qabuudha. Yaada kanaan walqabatee Sayiid Alii afgaaffii Bitootessa 23/2018 taasifamerratti, sirna kana irratti kennaawwan garaagaraatu kennama. Kana malees, maatiifi hawaasni walii isaanii deeggarsa dinagdee taasifatu. Kun ammoo, maatii haaraa ijaaramuuf bu'uura jireenya isaanii jalqabaa uumuudhaan, hariiroo dinagdee hawaasaa gidduu jiru cimsuuf shoora guddaa qaba. Weedduun kun gammachuufi bashannanaaf qofa osoo hintaane yaada jireenya hawaasaafi dinagdee waliin walqabatan ibsuuf gumaacha taasisa. Akkasumas, dhimmoota akka hojii kabajuu, qabeenya horachuu, of-danda'uufi wal-deeggarsa hawaasaa cimsuun akka barbaachisu barsiisu. Hawaasni wal-deeggaru, hariiroo waloo akka cimsatuufi dinagdeen ijaaramuu akka qabu hubachiisa. Kunis jaar miyaalee jiran keessaa jaar miyaan maatii bu'uura waan ta'eef hawaasa keessatti dinagdeen of-dandeessisuun dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu isaa agarsiisa.

Gama biraatiin, gaa'ela keessatti dinagdee qabaachuu qofa osoo hintaane, akkaataan itti fayyadamaas dhimma xiyyeeffannoon itti kennamuudha. Keessumaa sirna fuudhaa- heerumaa keessatti, maatiin haaraan yeroo jalqabaaf ijaaramu qabeenya garaagaraatu firootaafi hiriyyootarraa kennamaaf. Kennaawwan kanneen sirnaan itti fayyadamuufi bulchuun dhimma

murteessaadha. Kunis sababni isaa qabeenya argatanitti yoo sirnaan itti hinfayyadamne, bu'uura jireenya isaanii laaffisuu danda'a. Yoo qixaan itti fayyadaman immoo dinagdee isaanii jabeessuu danda'a. Weedduun roobilee rooboos qabeenya akkamitti akka itti fayyadaman, qusatamuufi misirroowwan akkamitti wal-gargaaranii dinagdee isaanii cimsuun jireenya isaanii akka ijaarratan barsiisuurratti xiyyeeffata. Kanaaf, weedduun kun yaada bulchiinsa jireenya diinagdee cimsuuf gumaacha qaba; namoota haaraa walitti dhufan akka itti gaafatamummaa isaanii hubataniifi jireenya isaanii sirnaan akka ijaarratan ni gargaara.

Akkasumas, dinagdee ijaaruufi bulchuu keessatti qabeenya argachuu qofa osoo hintaane, akkkaataa itti fayyadamuu, itti gaafatamummaa fudhachuufi wal-gargaaru cimsuun murteessaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, weedduun roobilee rooboo yaada kana akka calaqqisiisu hubanna. Kanaaf, dinagdee sirnaan ijaaruufi bulchuu irratti xiyyeeffachuun, namoota haaraa walitti dhufan akka itti gaafatamummaa isaanii hubatan gargaara.

Oromoon Ituu fuudhaa heeruma keessatti weedduu/ faaruu qaba. Dinagdee akkattii horatu qaba. Kana keessatti dinagdee akkattii weeddissee simatu qaba. Ragaa (Af-gaaffiin argametti ragkennan obbo Mussaa Abdallaa akka ibsanitti, “ilmoon namaa jireenya jiraatu keessatti hawaasummaa qaba. Hawaasummaasaa keessatti namaafi diinagdee akka itti simatu qaba. Yeroo nagaan walgaafatu nagaan ooltaniifi bultanii irra darbee sa'aa namaan nagaadhaa? Jedhee walgaafata. Nageenyi horii/ qabeenya malee akka hin jirretti beekna.” Jedha. Yaada kana keessatti kan hubatamu, nageenyi qaama dinagdee hawaasaa ta'uu; akkasumas, eebbi namoonni wal eebbisan bu'uurri isaa dinagdee ta'uu. Walumaagala, jireenya ilma namaa keessatti dinagdeen handhuura akka ta'eefi hawaasni Oromoos dinagdee nagaafi eebba keessa jirurratti dhugeeffannaa akka qabun ibsa.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen xiinxalli dinagdeen walqabatee wanti argame, weedduu roobilee-rooboo keessatti dinagdeen akka bu'uura jireenya hawaasaa, keessumaa sirna fuudhaa-heerumaa keessatti, akka ijaarsa maatii haaraa keessatti murteessaa ta'e ni mul'isa. Garuu xiinxala yaadiddama dubartummaa yoo ilaalamu, dinagdeen kun qofa osoo hintaane, aangoon murtiifi to'annoon qabeenyaa irra caalaan dhiiraa harka akka jiru ni agarsiisa. Sirna kana keessatti dubartiin maatii haaraa keessatti galte jechuun, yeroo baay'ee qabeenya irratti murtii ofii kennuu osoo hinqabne, qabeenya hiriyyaa, maatii dhiiraa ykn hawaasa irraa dhufu irratti hirkattu. Kun immoo dubartii akka qaama hojii raawwattu taasisuu malee akka qaama

dinagdee ofiin ijaartuufi too'atu hinmul'isu. Kana jechuun, dinagdeen “hawaasni waliin ijaara” jedhu keessa illee, murtiin aangoo irra caalaan dhiira irratti xiyyeeffata.

Gama biraatiin, dubartiin akka hojii manaa, qabeenya eeguufi bulchuu keessatti gahee guddaa qabdu ibsamus, hojii kanaaf garuu yeroo baay'ee kabaja dinagdeefi murtii aangoo hinargattu. Kunis hojii dubartii “deeggarsa” ta'ee akka ilaalamu, hojii dhiiraa immoo “bu'uura ijaarsa dinagdee” ta'ee akka fudhatamu mul'isa. Walumaagalatti, weedduun kun dinagdeen jireenya hawaasaa keessatti murteessaa ta'uu agarsiisa; garuu yaadiddama dubartummaan yoo ilaalamu, dubartiin sirna dinagdee keessatti hirmaattuu taatee mul'atus, murtiifi to'annoo qabeenyaa irratti daangaa cimaa akka qabdu ni calaqqisiisa.

4.3.1. Kennaa warri intalaa Intala isaaniif kennan

Raawwii sirna fuudhaafi heerumaa keessatti kennaan nikennama. Sababni kennaan kennamuuf immoo reefu jireenya haaraatti deema jiru waan ta'eef akka of-danda'aniifi. Yaada kanaan walqabatee Jiloo Ayyolaa afgaaffii Guraandhala 07/2018 taasifamerratti, “Akka aadaa hawaasa naannoo kanatti kennaan intalaaf kennamu guyyuma lama. Tokko guyyumaa isheen heerumtu ganama san gurbaan intala fuudhu ykn saddeenni dhufe yeroo intala baasan san loonis, re'ees, gaalas ta'u namoonni kennaa kennuu barbaadan walitti qabanii yeroosuma kennaniif yeruma san fudhatte deemti. Kennaan lammaffaa fudhattu ammoo, yeroo intalli manaa baatu akkanumatti gaggeessaniiti sirni cidhaa erga dhumate booda yeroo deebii/ mul'naa jedhanii dhufan sana ykn yeroo waamaman san yeroo galaaf deeman intalti tun obboleeyyan qabdi, abbaa qabdi, haadha qabdi, obboleessa abbaa ykn adeeraa qabdi, eessuma qabdi, durbi fa'a waan isaan kennuu barbaadan walitti qabanii Tirmaan goddaanaa jedhu. Kennaawwan maatiin kennan kun akkaataa adda baasan illee ni qabu. Akkkaataan adda baasanis gaafa kennan maqaa dha'achaa kennuu waan ta'eef, ka abbaan kennee aabboo, ka haati kennite aayyaa, ka akaakayyuun kennuu akaakoo, ka akkoon kennite akkawoo, ka obboleessi kennee obboleessaa/obbool, ka eessumni kennee eessumaa/eessumoo jedhanii haala kanaan kennaan isaanii adda ba'a. Kanaaf, kennaan kun eenyu fa'a akka isheef kennee ni beekama jechuudha. Kunis ‘Tirmaa hiddaa’ jedhama. Namoonni kennaa kennan kun gaafa yeroo cidhaa kennuuf deeman san tirmaa hiddaan haa goodaannu jedhu. ‘Tirmaa’ jechuun horii hiddaati/ Kennaa firri kennuu. Kana malees, maatiin tirma hiddaa kennuu kun gaafa dubartiin tun deessuus qalma ni qalaniif yeroo ishiin deessu jedhama. Kana booda kennaa isheef kenname fudhatte galtii.

Ragkennaan kaasanitti, gaafa qabatee ganda mucaatiin galtee intalti abalu tirmaa meeqa argatte? Jedhanii gaafachuutu jira. Fakkeenyaaf:

Gaala tirmaa meeqa argatte?

Loon tirmaa meeqa argatte?

Re'ee tirmaa meeqa argatte? Jedhanii gaafatu.

Akkasumas, gurbaan kun horii/kennaa intala kanaa akka barbaade gochuu hindanda'u eeyyama ishiitiin malee. Horii kaan akka barbaade gochuu danda'a; geegawoon kenname isaaniif kun waliigaltee lamaan isaaniitiin akkaataa fayyadaman qabu. Ishiin illee akkaataa fayyadamtu qabdi malee akka barbaadde gochuu; innis akka barbaade gochuun hinjiru. Sababni isaas safuun hawaasaa isaan dhorka. Ishiin illee mirga kiyyaa akkas gochuu hinqabdu jette dhorkuu hindandeessuu adeemsi safuu ni jiraa waan ta'eef. Gurbaanis akkasuma. Sababni akka barbaadaniitti gochuu dhiisaniif immoo, horiin kun kabaja warra soddaati, ulfina isaaniiti, isaan ulfeefachuuf, kabaja isaaniitiif akka barbaadan hingodhan sirriitti jabeessaniiti akka hinbanne, akka hinmiidhamne, godhanii horii isaaniif kenname dhaabaniit/tolchanii jiraachiisu, horsiisu qabu malee balleessu hinqabani. Akka waliigalaatti, kennaan mana intalaatti kennamu kun 'Tirmaa' kan jedhamu yoo ta'u, kennaan mana gurbaatti isaaniif kennamu immoo 'Argaa' jedhama af-gaaffii 27/05/2018 ragaan argameeraa akkan hubadhetti.

Kanaafuu, kennaan sirna fuudhaa heerumaa keessatti kennamu, akka aadaa hawaasatti, hiika dinagdee bal'aa of keessatti qaba; keessumaa intalli jireenya haaraa jalqabdu akka of dandeessu, bu'uura jireenyaa ishee jalqabaa diriirsuuf gahee murteessaa taphata. Akkasumas, kennaan kun walitti dhufeenya maatii cimsuun, deeggarsa waloo uumuun, tasgabbii dinagdee maatii haaraa ijaaramaa jiruuf bu'uura ta'a. Kanaafuu, ilaalcha dinagdee irraa yoo xiinxalamu, kennaan sirna kana keessatti raawwatamu hojii qabeenya qooddachuufi bu'uura jireenyaa ijaaruu keessatti shoora olaanaa kan qabu ta'ee mul'ata.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen xiinxalli dinagdeen walqabatee wanti argame, kennaan sirna fuudhaa-heerumaa keessatti kennamu kun bu'uura dinagdee maatii haaraa ta'us, xiinxala yaadiddama dubartummaan yoo ilaalamu, dubartiin sirna kana keessatti qaama fudhattuu deeggarsa dinagdee taatee malee abbaa murtii qabeenyaa akka hintaane ni mul'isa. Kennaan kun qabeenya maatii irraa dhufu ta'us, itti fayyadama isaa irratti dubartiin bilisummaa murtii guutuu hinqabdu; safuufi seera hawaasaan daangeffamti. Kun immoo aangoo dinagdee

irratti irra caalaan maatii dhiiraafi sirna hawaasaa jala akka jiru agarsiisa. Walumaagalatti, kennaan kun dubartiin jireenya haaraa keessatti deeggarsa dinagdee kan argattu taatus, sirna kana keessatti aangoo qabeenyaafi murtii irratti iddoo walqixaa hinarganne jechuun ilaalcha dubartummaa ni calaqqisa.

4.3.2. Kennaa warra Gurbaatti isaaniif kennamu

Akka ragkennitoonni Aadde Gallee Gumbiifi Soorsee Booraa akka ibsanitti, gurbaan intala fudhatee manaan erga ga'ee booda haati gurbaa dhadhaadhaan 'handhuurafi morma' ishee ni tuqxi/qabdi. Gurbaadhaan immoo 'hadda' isaa tuqxi. Sababni intala sana handhuurafi morma qabduuf; handhuura ishee tuquun intalli kun gaafa ulfooftu garaatti baattii waan ta'eef naaf horiii jechuudha. Mormi immoo akka umurii dheeratuufi. Akkasumas, sababa gurbaa hadda tuqxuuf immoo, milkii akka toluufi. Fakkeenyaaf: Gurbaan kun har'a haadha manaa fudhatee ka'ee akka boru ganama ykn halkan sana yoo namni ganda sana du'e intaltii milkii hinqabdu ykn carra dhabeettii jedhamtii jechuudha. Kanatti aansun gaafa intalli mana galtee jalqabuma sanatti daa'ima xiqqaa fidanii irraa kaa'u. Akkasumas, daa'ima sana akka aannan obaastuuf guchuma guutanii itti kennu. Daa'ima aannan obaasuu mucaa sana irratti barti jechuudha. Kana malees, osoo isheen daa'ima aannan obaasaa jirtuu mucaa sana harkatti qimmidanii boossisu. Kaayyoon isaanii inni guddaan waan akkanaa godhaniif intalli kun yeroo daa'ima qimmidanii sanaa ni sosobdi moo callistee ilaalti kan jedhu adda baasuufi. Kanaaf, kaayyoon isaanii tokko muuxannoo aannan obaasuu qabaachuu ishii madaaluuf. Iammaffaa ammoo daa'ima sosobuufi kunuunsu danda'u ishee madaaluufi. Kanaaf, qabeenyi qarshii qofa miti ijoolleen illee qabeenya; ijoolleen qaama qabeenyaati. Soreessi nama ijoollee qabu waan ta'eef daandii dinagdee keessatti isaan tokko. Kanaafuu, gorsi hawaasa kanaas daa'ima horuun murteessaa akka ta'e agarsiisuudha.

Kanatti aansun ammoo, gurbaan maatii hunda waame kennaa akka isaaf kennan maaliin na agartan jedhe gaafata. Abbaa ni yaama maaliin na agartee? Jedhaan. "Aabboo akkuma beektukaa ani nama har'a dhalateeti, intala kunoo qabadhee, soddaan keenya na kennee fidadhe maaliin na agartee?" Jedhaan. Loon taatuus abaluun si argee jedhaanii, gaala taatuus abaluun si argee jedhanii abbaan gurbaa. Ittin aansun Aayyiyyoo aayyoon hinjirtuu? Jedha; haatiinis ciicoo aannaniitti naqxeeti dhaabbattii. Ishiinis ni waama maaliin na agartee jedhaan. Akkasumas waatiyyoo sa'aa abalu fa'a maaliin na agartee jedhanii. Gaala taatus, sa'aa ka

aannanis yoo ta'e, kanaan si argee jettiin. Eessuma ni waamaa, soddaa ni waamaa, obboleessaa ni waamaa isaanis, abalu kiyyaa gaalaan sin argee! Abalu kiyyaa looniin sin argee! Abalu kiyyaa re'een sin argee! Jedhaniin. Kaan immoo kan homaa hinqabne 'Horiin arge' kan hinjenne immoo "Ilmaan si argee! Ilmoo rabbii si haa kennuu" jedhuun. Haala kanaatiin ani ilmaan si argee rabbii si haa kennu jedhe duwaayii/eebba godhaafi jechuudha (Jiloo, af-gaaffii 08/06/2018) irraa argame akka mul'isutti. Haaluma kanaan, kennaan mana intalaattiifi mana gurbaatti kennaama. Kanaafuu, kennaan isaaniif kennamu kun 'hora' jechuu isaaniiti.

Warri gurbaa yeroo jalqabaaf gurbaan mana isaatti gaafa galu ibidda ganda namaa itti hinshiidanii ykn itti hinfidanii. "Gandi kun manni kun haaraadha har'a ijaarree" jedhanii aannan looniifi mishingaa firii dhadachaa san jalaa naqanii akka 'firaa'aan' jedhanii, aannanis akka hindhabnee jedhanii jalaa buusan jechuudha. Ichiimoo jedhantu jiraa muka tokko 'Liidii' jedhantu jiraa ibidda irraa itti qabsiifatan isaan ganda haar'ayaa ibidda ganda namarraa hinbarbaadanii jedhaniiti ichimoo san qopheessanii fidanii riganii qabsiisan jechuudha ibiddaa kanaa. Gandi kun haarayaa waan haarayaan jedhaniiti akkas godhu ibida shidaniiti. "Ibidda tana atillee ganda deemte hinbarbaadattu, ati illee kana booda ofiif qabsiifataa, ibiddi kee illee akka hindhaamne muka qoraan illee jabaa keessa kaayatta beeki" jedhaniin jechuudha intalaan. Bifa kanaan intaltiifi gurbaan waliitti dhufan kun akkasiitti mana isaanii guyyaa walitti dhufan kanaa ijaaratuu jechuudha. Adeemsi kun ykn seerri kun akka hojiirraa oolu kan godhu warra gurbaati. Maatii isaafi gosa isaa dabalatee waan kana godhaa. Kanaaf, haala mijeessanii eeganii jechuudha.

Haati, adaadaanii/haabooniifi durbii isaa wanti isaan fidan kaan re'eedha fidaa, kaan gumaata jedhaniiti dhadhaa baqsaniiti qadaadaa gurguddaa kanaan naqanii fidanii. Jarri aruuzaa jiran ijoolleen kun sirriitti bashannanu qabu hiriyyoonni isaan illee itti dhufu waan ta'eef jedhanii 'Tumaa' jedhaniitti waan garbuurraa akaawwii tumanii akaayanii tumanii deebi'anii ammas caccabsanii dhadhaa kanaan itti naqanii tumaa jedhanii kana hunda haatiinis tolchiitee ni eegdi. Kanaaf waan isaanif barbaachisuufi keessumaa isaan gaafachuuf dhufaniif qopheessanii eeguu jechuudha. Haaluma kanaan keessumoota dhufanis kanaan keessumeessuu jechuudha.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen xiinxalli dinagdee qa'ee warra gurbaatiin walqabatee wanti argame, kennaan sirna fuudhaa-heerumaa keessatti mana gurbaatti raawwatamu kun bu'uura tokkummaa maatiifi cimsinaa hariiroo hawaasaa ta'us, xiinxala yaadiddama

dubartummaan yoo ilaalamu, aangoon dinagdee, murtiifi too'annoon sirna kana keessatti irra caalaan harka maatii dhiiraa jiru akka mul'isu ibsama. Sirna kana keessatti erga intalli mana gurbaa seentee booda, haati gurbaafi firoonni isaa gochoota mallattoofi eebba fakkaatan raawwatu. Kun dubartii akka qaama jireenya haaraa keessatti simatamtu agarsiisa; garuu yeroo tokko tokko qaama ilaalchaafi qorannoo hawaasaa jala galtee, dandeettii ishee (akka kunuunsa, obsaafi itti gaafatamummaa) madaalamuuf itti fayyadamu. Kana jechuun dubartiin simatamuu qofa osoo hintaane, kana keessatti kan mul'atu iddoo tokkotti ammoo “madaalamtu” taati.

Gama biraatiin, kennaan maatii gurbaa irraa kennamu hundi akka mallattoo eebbaafi milkaa'inaan ibsamus, gahee dubartii irratti ilaalcha hawaasaafi safuu cimaa kaa'a. Dubartiin erga heerumte booda hojii, itti gaafatamummaafi akka “milkaa'ina maatii” keessatti qooda qabdutti ilaalamti; garuu milkaa'ina kana keessatti aangoofi murtii walqixaa hinargattu. Walumaagalatti, kennaan mana gurbaa raawwatamu kun hariiroo maatii cimsuu, sirna hawaasummaa tasgabbeessu keessatti gahee qabaatus, dubartiin sirna kana keessatti qaama simatamtuufi ilaalcha jala jiraattu, osoo hintaane qaama murtiifi too'annoo walqixaa hirmaattu hinta'in akka mul'atu ifatti agarsiisa.

4.3.3. Raada Qophee/ Raada Haadha

Aadaan saba tokkoo calaqqee eenyummaa, duudhaafi sirna jireenya isaanii ibsu keessaa isa ijoodha. Hawaasa Oromoo biratti ammoo, sirnoonni gaa'elaa bu'uura hariiroo hawaasummaafi dinagdee ijaaruu keessatti gahee olaanaa qabu. Sirnoonni kunneen walitti dhufeenya maatii qofa osoo hintaane, wal-deeggarsa hawaasaa keessatti iddoo guddaa qaba. Akkasumas Oromoo Ituu biratti aadaan hedduu kan jiru yoo ta'u, kana keessaa sirnoonni kennaa adda addaa ni argamu. Isaan keessaa tokko sirna kennaa 'Raada haadhaa' ykn Raada qophee jedhamuun beekamudha. Kana malees raada ganamaas jedhamtee beekamti. Kunis yeroo intalli heerumtee mana abbaa warraa dhaqxee yoo kabaja ykn durbummaa qabaattee argamte, maatii isheef kennaa kabajaa kennamuudha. Kanaaf, raada ganamaa kana fiduun dirqama waan ta'eef raada kana kennuufi. Bifa weedduutiin akkas jedhanii dhaamsa dhaamuuf gaafa gurbaan fuudhe ba'uu (Af-gaaffii: Guraandhala 05/2018, Amiinaa Waaree) waliin taasifame.

*Simbirroon ceete loocee hammattee
Haati loocee maali dhaammattee
Wanni dhaammatte*

Ujjiisa dirraa Ruufaa dhaamattee
Raada ganama Qophee dhaammattée

Ergaan weedduu kanaa intalli heerumtu takka durbummaan heerumuun kabajaa isheefi maatii isheetiif barbaachisaadha; murteessadhas. Kabaja kanaafimmoo Soddaan raada fiduun aadaadha. Akka afgaaffii Moominaa waliin taasifametti, “Kabajaa kanaaf oollaani illee miira gammachuu isaanii ni ibsatu. Isaan illee akkas jechuun dhaamufi ‘Haati naamusaan guddiste si kennitee atis mirga ishii naamusaan eegiif soddiyyoo kiyyaa qopheessi galchiif akka oollaani gammaduu kan aadaa sanaa’ Jedhun. Kana malees, yeroo raada kana qopheesse fidu raanni kun ulaagaa guutu qabdutu jira. Ulaagichis, raada guddoo kan maala, eegee, kan muraaw hinqabne, bareeddu kan taatee, ta muchaa illee fayyaa qabdu ta’uu qaba.” Kanaaf raada kana warra soddaatu warra intalaaf fidaa. Kunis sababni kennamuuf intala kanaa fuudhe gaafa itti gammaddu badhaasa haadhaati. Aadaan kun ammoo mallattoo kabajaafi ulfinaa maatii intalaa qofa osoo hintaane, safuufi naamusa hawaasaa jabeessuuf kan tajaajiluudha. Raadni kennamu akka qabeenyatti ilaalamee, waliitti dhufeenya maatii lamaanii cimsuufi waliigaltee hawaasummaa isaanii keessatti bakka guddaa kan qabuudha. Kanaaf, sirni kun hiika aadaa qofa osoo hintaane, bu’uura hariiroo hawaasummaa ofkeessatti hammata.

Raadni kun kan kennamu immoo haadha intalaatiif yoo ta’u, yoo haati lubbuun hinjirree immoo nama bakka bu’u: haaboo ykn iddoo ishiin guddatte jirtuuf fiduun dirqama jechuudha. Yoo immoo akkootu guddisee ta’e akkootu fudhataa jechuudha raada kana. Akkasumas, raada qophee fiduun qophiifi sirna of-danda’e qaba. Raadni kanas kan fidanii intala fuudhanii galanii guyyaa tokko oolani ijoollaan roobilee taphachaa intala gaggeessuuf ergaman gaafa gara mana isaanii deebi’an kan fidaniidha. Guyyaa kanas simannaan addaa taasifamee kabajni isheef kennama. Maatiin firri hundi bifa ho’aa ta’eetiin akka guyyaa cidha sana taphatu.

Badhaasni ykn kennaan kun gosa lama qaba. Tokkooffaa intalti heerumte yoo seera guutte kan argamtu ta’e isaan illee ulaagaa/seera guutuu qabu guutanii kan fidaniidha. Lammaffaan ammoo yoo intalli heerumte seera guutuu baatte raada qophee kana gurra irraa muraniit “Immiyyoon kan kee yookiin intalti kan kee gurra sirraa murtee.” jedhaniit gurra irraa muraniiti erguu. Raadni kunis bifa kanaan dhiiga naqaa galtii. Garuu badhaasa/kennaa kana keessatti wanti hubatamu qabu keessaa kennaan kun lameeniifuu ni kennama garaagarummaan isaanii isheen ulaagaa guuttee waan nama boonsu kan hawaasni, maatiin itti gammadu kan fidaniidha.

Bifa weedduutiinis ishee ulaagaa guuteef ykn ishee durbummaa qabduu akkas jedhanii weeddisu;

*Heeleelii heeleeliin as geesse
Aabboo tan tee baallii itti keesse
Haadha tan tee maqaa irraa eegde*

Weedduu kana irraa wanti hubatamu, naamusumaa keetiin harma geesse jedhaniinii itti gammadanii akkas jedhanii itti weeddisuu. “Aayyoon tan tee maqaa irraa eegdee, aabboo tan tee baallii mataa keesse naamusumaa keetiin harma geesse” jedhuun. Kana jechuun ofiis kabachiifte, haadhafi abbaa kees kabaja goonfoo kennisiistee jiraata. Itti boonuu isaanii agarsiisa. Haaluma kanaan, guyyaa kana namni walitti dhufe ollaan hundi walitti dhufe itti gammadanii akka guyyaa cidhaa sagantaa qopheessanii taphatu.

Kaan ammoo maatiis ta’e, ollaan kan itti qaana’u raada gurri irraa murame kan erganiidha. Akkasumas, yeroo raada fidanii dhufan jaarsi ba’ee, jaartiin baatee, gandi ollaan bahee ilaala yeroo raada qophee kana fidan. Yoo ammoo raada dhiiga irraa yaastuu galchee ammoo namni ilaalu hinjiru ni qaanfatu, ni riifatanii. Kanaaf, yoo naamusa qabaachuu baatte garuu waan takka gammachuun hinjiru, gadda guddaatu isaaniitti dhaga’ama. Intalli nu qaanessite jedhanii gaddu. Kanaafuu, akka aadaa hawaasa Oromoo Ituutti dubartiin tokko kabaja dubartummaa kan qabaattu yoo kabaja ishee eegde heerumteedha. Maatiin isheellee ni kabajama. Akkasumas falaasama dingdee hawaasaa kan mul’isu, dhimma raada qopheeti. Shamarri tokko dubrummaa ishee guyyaa heeruma isheetiin gahuun maatii isheefi hawaasa naannoo dhaloota isheetiif kabaja guddaadha. Kabajarra darbees akka madda dinagdee maatii isheetti bifa kennaatiin raadni qopheen akka haadhaaf kennamtu kan taasisuudha. Kanaafuu, kabajaafi qabeenya maatiishee akka taate hubanna jechuudha.

Xiinxala weedduu kana irratti taasifameen xiinxalli dinagdee raada qopheen walqabatee wanti argame, “Raada Qophee” keessatti dubartiin yeroo heerumtu kabaja hawaasaafi maatii keessatti iddoo olaanaa akka argattu ni mul’isa. Kabajni kun garuu irra caalaan isaa safuu dubrummaafi ulaagaa hawaasni kaa’e guutuu isheetiin kan madaalamuudha. Dubartiin yoo ulaagaa kana guutte, kennaan raadaa haadha isheef kennamu mallattoo gammachuu, ulfinaafi fudhatama hawaasaa ta’a. Ilaalchi kun gama biraatiin, kabajni dubartii qaama isheetiin walqabatee akka ijaaramu agarsiisa; kunis dubartiin akka mallattoo maatii kabachiiftuufi madda ulfinaatti ilaalamti. Garuu yoo ulaagaan kun hinguutamne ta’e ammoo, dubartiin ceepha’aafi qaana’aa

keessa seenuun, too'annaa sirna hawaasaa jala akka jirtu hubachiisa. Kun immoo sirni aadaa ittiin amala dubartii to'atufi qajeelchu akka jiru ifatti mul'isa. Walumaagalatti, kutaan kun ilaalcha aadaa keessatti dubartiin kabaja qabdi garuu kabajni sun sirna ulaagaafi too'annaa cimaa irratti hundaa'e akka ta'e ni ibsa. Kana jechuun, kabajni dubartii ni jira, garuu daangaa hawaasaafi safuu irratti kan hirkateedha.

Walumaagalatti, gahee weedduu roobilee-rooboo sirna fuudhaa heerumaa keessatti qabu gama dinagdee ijaaruufi bulchuutiin xiinxaleera. Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, weedduun kun akka madda beekumsaa hawaasaafi sirna dinagdee ijaaruutiin tajaajila. Kanaaf, ijoollee gaa'elaan walitti dhufan itti gaafatamummaa, of-danda'uufi bulchiinsa qabeenya bulchuu sirriitti akka hubatan gargaara. Sirnoonni kennaa adda addaa akka 'tirmaa, argaafi raada qophe' qabeenya kennuu qofa osoo hintaane, bu'uura dinagdee maatii haaraa diriirsuu, hariiroo hawaasummaa cimsuufi itti fufiinsa qabu uumu keessatti gahee olaanaa taphata. Haalli kennaa itti kennamu kunis maqaa waamameen, safuu eeggateen, waliigaltee irratti hundaa'een qabeenya akka tasaa osoo hintaane, itti fayyadama sirriifi bulchiinsa gaarii akka qabaatu mirkaneessa. Dabalataanis, sirni kun ergaawwan dinagdeefi hawaasummaa calaqqisan akka hojii kabajuu, qabeenya sirnaan bulchuu jabeessuu barsiisa. Kunis, dinagdeen hawaasa Oromoo qabeenya lafa irratti argamu qofa osoo hintaane, safuu, eebbaafi hariiroo gaarii irratti ijaarame ta'uu isaa ni mul'isa. Kanaafuu, qorannoon kun dinagdee hawaasa Oromoo Ituu sirna bal'aa, aadaa, safuufi hariiroo hawaasummaa waliin walitti hidhame gahee garagaraa akka taphatu agarsiisa.

Dabalataan weedduu Roobilee-Rooboo sirna fuudhaa heerumaa keessatti qabu gama dinagdee ijaaruu qofa osoo hintaane, gama ilaalcha dubartummaa xiinxaluun akka agarsiisutti, dubartiin hawaasa Oromoo Ituu keessatti iddoo lama keessatti mul'atti. Tokkoffaa, akka madda kabaja, ulfinaafi hariiroo maatii cimsituutti ilaalamti; keessattuu sirnoota kennaa akka "tirmaa", "raada qophe"fi "arga" keessatti dubartiin mallattoo gammachuufi guddina maatii haaraa taatee dhiyaatti. Kun ilaalcha aadaa keessatti dubartiin akka bu'uura hariiroo hawaasummaa ijaaruu keessatti hirmaattu agarsiisa. Haa ta'u malee, gama biraatiin, kabajni isheef kennamu ulaagaa safuufi naamusa hawaasaa irratti kan hundaa'e yoo ta'u, keessumaa dhimma dubrummaafi seera aadaa guutuu waliin walqabatee akka madaalamu ni mul'isa. Kunis dubartiin akka nama filannoo bilisaa qabuutti osoo hintaane, akka qaama sirna hawaasaa ittiin to'atamuutti akka

ilaalamtu agarsiisa. Kanaaf, weedduun kun ilaalcha dubartummaa keessatti fakkii walmakaa qaba: kabajafi ulfina guddaa kennuu waliin, yeroo tokkotti too'annaafi daangaa cimaa irratti hundaa'e. Kun immoo aadaa keessatti dubartiin akka qaama ijaarsa hawaasaa keessaa murteessaa taatee jirtu, garuu yeroo walfakkaatutti sirna safuufi aangoo hawaasaan kan daangeffamte ta'uu ishee agarsiisa.

BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO

5.1. GOOLABA

Qorannoon kun mata duree ‘Dubartummaa weedduu durbaa sirna fuudhaa-heerumaa keessaa, weedduu roobilee-rooboo Oromoo Ituuratti’ xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha. Kaayyoon qorannichaa inni guddaan dubartummaan gama hawaasummaafi dinagdee ijaaruutiin weedduu kana keessatti akkamitti calaqqisu adda baasuu yoo ta’u, adeemsi weedduu roobilee rooboos kan hordofameedha.

Bu’aan qorannoo kanaa akka mul’isutti, weedduun roobilee-rooboo sirna duraa duubummaafi seera aadaa irratti hundaa’e kan hordofuudha. Adeemsa isaa keessatti dhimmoota garaagaraa walitti hidhata qabu bu’uura godhachuun ijaaramee dhiyaata. Adeemsi kun jalqabaa kaadhimmachuu irraa kaasee hanga raawwii sirna fuudhaa-heerumaatti kan deemuu yoo ta’u, waliigaltee maatii, safuufi duudhaa hawaasaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Keessumaa, adeemsi kaadhimmachuufi waliigalteen maatii lamaanii bu’uura sirna kanaa yoo ta’u, itti aansuun sirnoonni akka gabbaraa, maddoo furaafi ayyaana qabaa murtee hawaasummaa gara hojii jireenyaatti hiiku. Kun immoo weedduun roobilee-rooboo sirna qofa osoo hintaane, weedduun kun adeemsa garagaraa hordofa. Kunis, sirna yaadaafi ijaarsa hawaasaa keessatti qooda fudhatu ta’uu isaa mul’isa. Kanaaf, weedduun roobilee-rooboo sirna aadaa irratti hundaa’ee adeemsa tartiiba qabu akka hordofu bu’aan qorannichaa ni agarsiisa. Adeemsi kun akkaataa walitti hidhata qabuun jalqabaa hanga xumuraatti kan ijaarame ta’uun, sirna fuudhaa heerumaa keessatti bu’uura cimaa akka buusu bu’aan qorannichaa agarsiiseera.

Gama dubartummaatiin, dubartiin akka safuu eegdu, kabajaa maatiifi hariiroo hawaasummaa ijaaruu keessatti mallattoo murteessaa taateetti dhiyaatti. Weedduun kun gorsa, akeekkachiisaafi dhaamsa garaagaraa dabarsuudhaan, dubartiin jireenya maatii keessatti obsa, hubannaafi itti gaafatamummaa akka qabdutti ifa baasa. Akkasumas, hariiroon maatii, hiriyyootaafi ollaa gidduu jiru miira waliin jiraachuufi wal-gargaaruu irratti hundaa’ee akka ijaaramu hubachiisa. Kana malees, bu’aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti dubartoonni dinagdee maatii keessatti hirmaannaa qaban weedduu kana keessatti bu’uura aadaatiin ni calaqqisa. Kunis dubartiin hojii keessatti hirmaachuu, qabeenya sirnaan bulchuufi jireenya maatii ijaaruuf gumaacha gochuu akka dandeessu ifa baaseera.

Walumaagalatti, weedduun Roobilee-Rooboo Oromoo Ituu biratti agarsiistuu aadaa qofa osoo hintaane, madda beekumsaa, barsiisa hawaasummaaafi ijaarsa dubartummaa cimaa akka ta'e mul'isa. Akkasumas, sirna fuudhaa-heerumaa keessatti ergaa bal'aa dabarsuun, duudhaa, safuufi hariiroo hawaasummaa dhaloota irraa gara dhalootaatti ceesisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Dabalataan akka ilaalcha dubartummaan yoo xiinxalamu, weedduu Roobilee-Rooboo keessatti dubartiin sirna fuudhaa-heerumaa keessatti ni mul'atti; garuu hirmaannaan ishee irra caalaa safuu eeguu, gorsa fudhachuufi itti gaafatamummaa maatii irratti kan daangeffameedha. Kunis dubartiin aadaa keessatti kabajamtee bakka qabaattus, murteefi aangoo irratti hirmaannaa guutuu akka hin qabne agarsiisa. Kana jechuun walqixxummaan ishee hinkabajamuuf.

5.2. ARGANNOO

Qorannoon kun kaayyoo isaa irratti hundaa'uun bu'aalee argame xiinxaluun dhiyaateera. Bu'aan qorannoo kanaa adeemsa weedduu roobilee-rooboo, gahee inni jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qabu, akkasumas dinagdee ijaaru keessatti qabu irratti xiyyeeffachuun kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun qindaa'eera. Haaluma kanaan, bu'aan argame sadarkaa kaayyolee qorannichaa irratti hundaa'uun qoodamee dhiyaateera. Kanaafuu argannoon weedduu roobilee-rooboo akka armaan gadiitti dhiyaateera.

1. Adeemsa sirna raawwii weedduu Roobilee-Rooboo ilaalchisee
 - ✓ Adeemsi weedduu kun dhimmoota hawaasummaa sirna fuudhaa-heerumaa jalqabaa hanga xumuraatti aadaafi duudhaa irratti hundaa'uun dhiyaachuu adda baheera.
 - ✓ Adeemsi weedduu Roobilee-Rooboo sadarkaa sadiin kan qabuu yoo ta'u, jalqabarratti kaadhimmachuufi waliigaltee maatii irratti kan hundaa'u ta'uunsaa ifa baheera.
 - ✓ Itti aansuun, sadarkaa giddugaleessaa keessatti sirnoonni akka gabbaraa, maddoo furaafi ayyaana qabaa gaggeeffamuun; adeemsichi murtii maatii irraa gara raawwii jireenyaatti ce'uu isaa hubachiiseera.
 - ✓ Dhumarratti, weedduun Roobilee-Rooboo gorsafi dhaamsa garagaraa ofkeessatti hammachuun ergaa aadaa, safuufi walitti dhufeenya maatii cimsu dabarsuu keessatti shoora olaanaa akka qabu agarsiiseera.
 - ✓ Adeemsi kun safuufi duudhaa hawaasaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaa argannoo qorannoo kanaan bira ga'ameera.

- ✓ Argannoo gama ilaalcha dubartummaatiin argame agarsiisutti adeemsi Roobilee-Rooboo sirna tartiiba qabu yoo ta'u, kana keessatti dubartiin akka qaama raawwii sirnichaa keessatti hirmaattutti dhiyaateera malee akka murtee keessatti hindursine bu'aan qorannoo kanaa agarsiiseera.

2. Gahee weedduu Roobilee-Rooboo gama jiruufi jireenya hawaasummaatiin

- ✓ Weedduun kun shamarran gara heerumaatti ce'an ofeeggannoo, obsafi itti gaafatamummaa akka horatan kan gorsu ta'uu bira gahameera.
- ✓ Safuu hawaasaa eeguufi amala gaarii mana warra soddaa keessatti agarsiisuun murteessaa akka ta'e bu'aan qorannichaa agarsiiseera.
- ✓ Heerumni jireenya qormaata qabu ta'uu ibsuun, shamarran dursanii ofqopheessuu akka qabaatan hubachiiseera.
- ✓ Hariiroo maatii (haadha, hiriyyaa, obboleettii) keessatti mararfannaa cimaafi miirri walitti dhufeenyaa jiraachuu bu'aan qorannichaa agarsiiseera.
- ✓ Walitti dhufeenya maatii haaraa keessatti ofeeggannoofi murtee sirrii gochuun akka barbaachisu hubachiiseera.
- ✓ Kanaaf, Duudhaa Oromoo keessatti weedduun kun barnoota al-idlee (informal education) ta'ee dhaloota qajeelchuu keessatti gahee qabaachuu isaa argannoo qorannoo kanaan ifa baaseera.
- ✓ Argannoo gama ilaalcha dubartummaatiin argame agarsiisutti weedduu Roobilee-Rooboo keessatti dubartiin safuu, naamusaafi kabaja maatii kan calaqqisiiftu taatee ni mul'atti; garuu hirmaannaan ishee miira irratti hundaa'ee murteefi aangoo keessatti daangeffamaa taatee argamushee mirkaneesseera.

3. Gahee weedduun Roobilee-Rooboo gama dinagdee ijaaruutiin qabu

Qorannoon kun akka agarsiisutti, weedduun Roobilee-Rooboo dinagdee maatii haaraa ijaaruufi bulchuu keessatti shoora guddaa qabaachuun isaa ni mul'ata.

- ✓ Weedduun kun qabeenya (kennaa fuudhaa-heerumaa) sirnaan itti fayyadamuu hubachiiseera.
- ✓ Dubartiin akka qabeenya bulchituufi ijaarrattu, akkasumas of-dandeesse akka jiraattu ibseera.

- ✓ Kennaawwan akka tirmaafi argaa dinagdee jalqabaa maatii ijaaruu akka danda'an ifa baaseera.
- ✓ Wal-deeggarsi maatii dinagdee cimsuu keessatti shoora olaanaa akka qabu adda baaseera.
- ✓ Qabeenya sirnaan bulchuu dhabuun yoo jiraate jireenya maatii laaffisuu akka danda'an akeekeera. Kanaafuu, weedduun Roobilee-Rooboo dinagdee hawaasummaa keessatti bu'uura of-danda'iinsa, qabeenya bulchuufi wal-deeggarsa cimsuuf ta'uu argannoon qorannoo kanaan bira ga'ameera.
- ✓ Argannoo gama ilaalcha dubartummaatiin argame agarsiisutti kennaawwan fuudhaa-heerumaa keessatti dubartiin qabeenya eeguufi itti fayyadamuu irratti hirmaachifamti; garuu bulchiinsaafi murtee qabeenyaa irratti humni ishee daangeffamaa ta'ee qorannoon kun agarsiiseera.

5.3. YABOO

Bu'aan qorannoo kanaa akka mul'isutti, weedduun Roobilee-Rooboo ergaawwan jireenya hawaasummaa keessatti gahee olaanaa qabu dabarsuun shamarran gara jireenya heerumaatti ce'an qopheessuu keessatti shoora guddaa qaba. Haa ta'u malee, jijjiiramoota yeroo ammaafi dhiibbaa aadaa alaa irraa kan ka'e, beekumsawwan aadaa akkasii suuta suuta dagatamaa deemaa jiru. Kanaafuu, furmaanni armaan gadii akka hojii irra oolu ta'uun barbaachisaadha:

- Qaamoleen mootummaa kanneen akka waajjira aadaafi turizimii, akkasumas dhaabbileen qorannoo aadaa Oromoo, weedduu roobilee-rooboofi ergaa isaanii bal'inaan qorachuun bifa barreeffamaafi miidiyaa adda addaatiin osoo tamsaasan gaarii ta'a. Kunis dhaloonni itti aanu beekumsa kana irraa akka baratuuf gumaacha guddaa waan qabuufi.
- Qorattoonni Yunivarsiitiifi dhaabbilee barnoota olaanaa keessatti argaman, dhimmoota aadaa kana irratti qorannoo dabalataa gaggeessuun, bu'aa isaanii afaan garaagaraatiin maxxansiisuun akka hawaasa bal'aa bira gahu osoo taasisanii gaarii ta'a.
- Abbootiin Gadaa, jaarsoliin biyyaafi ogeeyyiin aadaa hawaasa keessatti beekamtii qaban, dargaggootaafi shamarran barsiisuu keessatti shoora isaanii akka cimsan gochuun

barbaachisaadha. Kunis safuu, duudhaafi gorsa jireenyaa dhalootarraa dhalootatti dabarsuuf gargaara.

- Miidiyaaleen mootummaafi dhuunfaa (raadiyoo, televiziyiniifi miidiyaa hawaasaa) sagantaalee aadaa irratti xiyyeeffatan qopheessuun weedduu akkasii beeksisuufi babal'isuun beekumsi isaanii akka hinbadneef gahee isaanii osoo bahanii dhaloonni irraa barachuu danda'a.
- Hawaasni naannoo qorannoon irratti gaggeeffame, aadaa isaa tikfachuufi ittiin boonuu akka qabu dammaqinaan hubachuun, sirna aadaa isaa keessatti hirmaannaa cimaa akka qabaatu gochuun murteessaadha.
- Ani ammoo akka qorataatti aadaan kun dhaloota bira akka gahuuf toora midiyaa (intarneetirratti) maxxansiisuuf irrattiin hojjedha.
- Yaboo gama ilaalcha dubartummaatiin walqabatee ka'ame. Qorattoonni fookiloorii gara fuulduraaf 'Dubartiin aadaa keessatti eessatti daangeffamti?' fi 'Maaliif daangeffamti' jedhu irratti xiyyeeffachuun osoo qorannoo gadifagoo gaggeessan gaarii ture.
- Gama kootiin akka qorataa tokkotti, ilaalchi aadaa kun dubartummaa akkaataan ilaaluu gahee agarsiisummaarraa gara mirga walqixxummaasheetti osoo jijjirame/foyyee'e gaarii ta'a.

WABIILEE

- Abu-Lughod, L. (1990). *The romance of resistance: Tracing transformations of power through Bedouin women*. *American Ethnologist*, 17(1), 41-55.
- Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa.
- Agonito, R. (1979). *History of Ideas on woman*. A source book New York: G.P. putnam's sons.
- Alemayehu Kumsa. (2012). *Expressions of emotions in Oromo wedding songs*. *Journal of Ethiopian Folklore*, 4(2), 55-72.
- Amadiume, I. (1997). *Reinventing Africa: Matriarchy, patriarchy, and gender relations*. Zed Books.
- Aragon, A. (2004). *Femininity*. In S. Loue & M. Sajatovic (Eds.), *Encyclopedia of Women's Health*. (pp. 484-486). New York: Kluwer Academic/Plenum.
- Assefa Teferra, (2009). *Afoola Oromoo*. Addis Ababa University Press.
- Asmarom Legesse. (1973). *Gadaa: Three approaches to the study of African society*. New York.
- Bartels, L. (1983). *Oromo religion: myths and rites of the western Oromo of Ethiopia; an attempt to understand*. Reimer.
- Bascom, W. (1965). *The four functions of folklore*. *Journal of American Folklore*, 78(307), 333-349.
- Baxter, P.T.W., Hultin, J., & Triulzi, A. (Eds.). (1996). *Being and becoming Oromo: Historical and anthropological enquiries*. Nordic Africa Institute.
- Bayen Tadesse. (2002). *Sirna maatiifi fuudhaa-heerumaa Oromoo*. Finfinnee: Mega printing press.
- Boserup, E. (1970). *Woman's role in economic development*. George Allen & Unwin.
- Boru Taye. (2015). *Cultural songs and rituals in Oromo marriage*. Jimma: Jimma University Press.
- Butler, J. (1990). *Gender trouble: Feminism and the subversion of identity*. New York and London: Routledge. *Cambridge University Press*.

- Cherlin, A. J. (2004). The deinstitutionalization of American marriage. *Journal of Marriage and Family*, 66(4), 848-861.
- Clare, M. (2017) Femininity: *Emmanuel College*; DOI: 10.1007/978-3-319-28099-8_1076-1
- Creswell, J. (2012). *Educational research: planning, conducting and evaluating quantitative and qualitative research*. New York: Pearson Education, Inc.
- Creswell, J.W. (2014). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approaches* (4th ed.). Thousand, CA: SAGE publications.
- Daly, M. (1973). *Beyond God the Father: Toward a philosophy of women's liberation*. Beacon Press
- Dastaa Dassaalany (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Mana maxxansaa Boolee.
- Encyclopaedia Britannica. (1993). Folklore. In *Encyclopedia Britannica* (Vol.11). Encyclopedia Britannica, Inc.
- Faanosee, M.(2024). Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii Bu'uura Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuutiin. Yuunivarsiitii Addi Ababaa, Waraqaa Qorannoo Digrii Falaasamaa Doktaraa Afaaniifi Fookiloorii Oromoon kan maxxanfame.
- Fayisaa. A. (2016). “Xiinxala Adeemsaafi Fakkoommii Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromoo Kamisee”. *Yuniuvarsiiiti Finfinnee: Kan hinmaxxanfamin*.
- Filee Jaallataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo I (Oromoo Folklore)*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.
- Finnegan, R. (1970). *Oral literature in Africa*. Oxford: Clarendon Press.
- Finnegan, R. (1976). *Oral Literature in Africa*. Kenya.Oxford University press.
- Finnegan, R. (2012). *Oral literature in Africa*. Open Book Publishers.
- Geremew Chala Teresa & Hunduma Dagim Raga. (2018). *Oromo oral literature for environmental conservation: A study of selected folksongs in East and West Hararghe Zones. Humanities*, 7(4), 94.

- Getahun, M. (2016) Oromo Indigenous Knowledge and Practices in Natural Resources Management: Land, Forest, and Water in Focus. *J Ecosys Ecograph* 6: 181 doi:10.4172/2157-7625.1000181
- Giddens, A. (2009). *Sociology* (6th ed.). Polity Press.
- Gilligan, C. (1982). *In a different voice. Psychological theory and women's development*. Harvard University Press.
- Goode, W. J. (1970). *World revolution and family patterns*. New York: Free Press.
- Hassen, M. (1990). *The Oromo of Ethiopia: A history 1570-1860*. Cambridge University Press.
- Hooks, B. (2000). *Feminist Is for Everybody: Passionate politics*. South End Press.
- Kabeer, N. (1999). *Resource, agency, achievements: Reflections on the measurement of women's empowerment*. *Development and change*, 30(3), 435-464.
- Kelbessa, W. (2001). *Traditional Oromo Attitudes towards the Environment: An Argument for Environmentally Sound Development*. Addis-Ababa: Ethiopia, OSSREA
- Kuwee Kumsaa. (2004). *Safuu Oromoo: Bu'uura seeraafi aadaa*. Finfinnee: Oromiyaa Culture and Tourism Bureau.
- Lee, J.W. (editor), (2005). *Gender roles*. New York: Nova Biomedical Books.
- Lorber, J. (2010). *Gender inequality: Feminist theories and politics*. Oxford University Press.
- Mekonnen Tadesse. (2010). *Oromo wedding blessings and social values*. Addis Ababa: *Ethiopian Folklore Institute*.
- Miller, R. L., & Brewer, J. D. (Eds.). (2003). *The AZ of social research: A dictionary of key social science research concepts*. Sage.
- Murdock, G. P. (1949). *Social structure*. New York: Macmillan.
- Olaanii. F. (2009). "Xiinxala Unkaafi Qabiyyee Faaruu Naqataa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jaardagaa Jaartee" *Waraqaa Qorannoo MA Yuunivarsiitii Finfinnee: Kan hinmaxxanfamin*.

- Oring, E. (1986). *Folk Groups and Folklore Genres: An Introduction*. Longman: Utah University Press.
- Ortner, S. B. (1997). *Making gender: The politics and erotics of culture*. University of California Press.
- Oyewumi, O. (1997). *The invention of women: Making an African sense of Western gender discourses*. University of Minnesota Press.
- Schippers, M. (2007). *Recovering the feminine other: masculinity, femininity, and gender Hegemony*. *Theory and Society*, 36(1), 85-102.
- Sointu, E. (2011). *Detraditionalisation, gender and alternative and complementary medicines*. *Sociology of Health & Illness*, 33(3), 356-371.
- Taaddalaa Olaanaa. 2016. “Qaaccessa Weedduu Lakkoo: Haala Oromoo Gaamoo Godina Harargee Lixaa Aanaa Gubbaa Qorichaa” *Waraqaa Qorannoo Digrii lammaffaa Yuunivarsiitii Finfinnee*.
- Tong, R. (2009). *Feminist thought: A more comprehensive introduction*. Westview Press.
- Wood, W, and Alice H. (2015). “Two traditions of research on gender identity.” *Sex Roles* 73 (2015): 461-473.
- Xaahir Jamaal. (2011). *Xiinxala Sirna Gaa’elaa Haasa’annaa Godina Jimmaa Aanaa Qarsaa: Digrii lammaffaa (MA) Yuunivarsiitii Haramaayaa*.

DABALEEWWAN

YUUNIVARSIITII WALLAGGAA

Dhaabbata Qo’annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa Muummee Fookilooriifi Ogbarruu

Oromoo

Gaaffilee Malleen Funaansa Ragaaleef

Dabalee A: Daawwannaa Dirree qorannoo keessatti hojiirraa oolan

Qajeelfamni kun waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) mata duree “Dubartummaa weedduuwwan durbaa sirna fuudhaa- heerumaa keessatti” jedhuun Munaa Fallaqaatiin Muummee Fookilooriifi ogbarruu Oromoo Yuunivarsiitii Wallaggaatti gaggeeffamuuf daawwannaan ragaa funaanuuf kan qophaa’eedha.

T/L	Gaaffilee dhiyaatan	Eeyyee	Lakki	Danda’a	Hindanda’u	Calaqqisisa	Hincalaqqisisu	Gumaacha	Hingumaachu
1	Weedduun durbaa Kun intalli akka dubartummaashee hubattu gargaaruu danda’aa?								
2	Weedduu durbaa kun sirna fuudhaa heerumaa keessatti weeddisan hawaasummaafi dinagdee ijaaruun walqabatee waan bakka bu’u qaba?								

3	Weedduuwwan kun abdii, gammachuu, gadda, soda ykn yaada gara fuulduraatti qabaattu ibsu danda'a?								
4	Dubartiin sirna fuudhaaheerumaa booda hawaasa keessatti gahee akkamii qabaachuu akka qabdu weedduun kun ni gumaacha?								
5	Weedduun durbaa hojiifi of- danda'uu dubartii ilaalchisee waan calaqqisiisu qaba?								
6	Weedduun kun dhiiraafi dubartii walqixxee akka ta'an moo adda addaa akka ta'an calaqqisiisa?								
7	Weedduuwwan durbaa kun muuxannoo jireenya								

	dubartootaa dhugumaan ni calaqqisaa?								
8	Weedduuwwan durbaa hojii dubartii (Mana keessaafi alaa) jajjabeessuu moo daangessuu?								
9	Weedduuwwan kun dubartiin of- dandeesse dinagdee akka ijaartuu gahee taphata?								
10	Weedduuwwan durbaa eenyummaa, aadaa, seerafi safuu hawaasaa eeguuf gumaacha qaba?								
11	Sirna kana keessatti kennaan intala heerumtuuf kennamu dubartii calaqqisiisa?								

Dabalee B: Afgaaffii Hirmaattotaaf Dhiyaate

Qajeelfamni kun waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) mata duree “Dubartummaa weedduuwwan durbaa sirna fuudhaa- heerumaa keessatti” jedhuun Munaa Fallaqaatiin Muummee Fookilooriifi ogbarruu Oromoo Yuunivarsiitii Wallaggaatti gaggeeffamuuf afgaaffiin ragaa funaanuuf kan qophaa’eedha.

1. Oromoo Ituu biratti Roobileen maali? Rooboo jechuun hoo maali? Hiikni moggaasa maqichaa akkamiin argate? Sababa maaliitiin moggaa’eef? Mee waa’ee moggaasa maqichaa waan beektan naaf himuu dandeessu?
2. Weedduun kun shamarran qofaan moo dubartoonnis ni weeddisuu? Moo lachuu isaaniidha kan weeddisan? Sababni isaa hoo?
3. Weedduun kun gosa fuudhaaf heerumaa kam keessatti weeddifama? Moo gosoota fuudhaaf heerumaa hunda irratti weeddifamu danda’a?
4. Weedduun kun guyyaa meeqarraa jalqabee weeddifama?
5. Guyyaa jalqabaa hoo maal irraa jalqabuu? Ykn weedduu kun haala kamiin jalqabamaa?
6. Gaafa guyyaan cidha gahuu akkaataan weeddisan isa kan jalqabaarraa adda ta’a? Ykn gaafa guyyoonni muraasni hafan hoo haala kamiin weeddisuu?
7. Weedduu durbaa kana keessatti ollaan kabaja dubartii heerumtuuf qaban haala kamiin ibsuuf? Mee bifa weedduutiin haala kamiin ibsu? Naaf weeddisuu dandeessuu?
8. Gaafa durbi tokko heerumtu, intalli heerumtuu ollaa wajjin akka bultuu weedduu Roobilee-Rooboodhaan maal dhaamuufi?
9. Weedduun kun ollaa wajjin hariiroo gaarii ijaaruuf fayyada? Akkamiitti? Fkn: yeroo gaddaa, gammachuu, afooshaa garagaraa...
10. Mee kennaa intalaaf kennamu ilaalchisee maal jedhanii gaafatanii Roobilee-Rooboodhaanii?
11. Intalti heerumtuu geegawoo naa kennaa jette weedduudhaan gaafattii?
12. Kennaa kana eenyutu kennaa fi? Yeroo kennan hoo weedduudhaan deeggaramanii akkatii weeddisan qabuu?
13. Yeroo namni tokko intala heerumtuuf kennaa kennuu dubartoonni hoo maal jedhanii weeddisuu?
14. Kennaa adda ta’ee abbaan ishee akka kennuuf waan jedhanii weeddisan qabuu?

15. Kennaan abbaa intalaaf kennuu maaliidha? Fakkeenyaaf horii yoo ta'e horiin sun maal jedhamti?
16. Yoo kennaan gurbaa hanquu ta'ee Roobilee-Rooboodhaan maaliin qeequu?
17. Kennaan abbaan kennee kana irratti hoo Roobilee-Rooboodhaan akkattii galateeffatan hinqabanii'oo?
18. Gurbaa hoo hinarrabsanii Roobilee-Rooboodhaan? Maatii gurbaa hoo hinarrabsanii'oo?
19. Yoo gurbaan nama gaarii ta'ee maal jedhanii jajan qabuu?
20. Maatii intalaa hoo yeroo hiriyyoonni weeddisan hinjajanii'oo? Maatii gurbaa hoo? Mee bifa weedduutiin naaf jedhaa?
21. Abbaan intalaa intala isaa heerumsiiisuu gaafa barbaadu eenyu wajjiin mar'atuu? Maal jedhanii maratuu?
22. Yoo Abbaan intalaa umurii malee yoo ishee heerumsiise intalli Roobilee-Rooboodhaan maatii ishee ni himattii moo?
23. Yoo intalli umurii ishee malee heerumte hiriyyoonni intalaa abbaa intalaa hinqeeqanii?

Dabalee C: Gaaffilee marii garee xiyyeeffannoof dhiyaate

I. Gaaffilee Marii garee Shamarraniif dhiyaate.

Qajeelfamni kun waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) mata duree “Dubartummaa weedduuwwan durbaa sirna fuudhaa- heerumaa keessatti” jedhuun Munaa Fallaqaatiin Muummee Fookilooriifi ogbarruu Oromoo Yuunivarsiitii Wallaggaatti gaggeeffamuuf marii gareetiin ragaa funaanuuf kan qophaa'eedha.

1. Weedduun durbaa haala kamiin taphatama? Weedduu Roobilee- Rooboo maaliif taphattu? Maal isinin fayyada?
2. Yeroo weedduu durbaa irratti hirmaatan, eenyummaafi miira keessan haala kamiin calaqqiisisa?
3. Weedduuwwan durbaa weeddistan kun eenyummaa shamarranii akkamitti ijaaru danda'a?
4. Weedduuwwan durbaa keessatti walqixxummaa dubartiifi dhiiraa akkamiin hubatama?
5. Mee weedduuwwan weeddistan keessaa kan jiruufi jireenya hawaasummaa mul'isan naaf jedhaa?

6. Weedduuwwan weeddistan keessaa kan dinagdee dubartootaa ijaaruuf weeddistan naaf jedhaa?

II. Gaaffilee Marii garee dubartootaaf dhiyaatan.

1. Weedduu durbaa Roobilee-Rooboo kana shamarran qofatu weeddisa? Dubartoonni/isiin weedduu kana keessatti gahee qabduu? Qofa, waliin moo, shamarran waliin? Sababni isaa hoo maali?
2. Weedduun durbaa intala heerumtuuf bu'aa qaba? Yoo qabaate bu'aa maal fa'a qaba? Bu'aa kana immoo haala kamiin agarsiisa? Bifa weedduutiin naaf weeddisa mee?
3. Weedduun durbaa kun shamarran irratti dhiibbaa geessisuu danda'a? Ni danda'a taanaan haala kamiin? Dhiibbaa gaarii moo badaa qaba?
4. Weedduu durbaa kun hawaasummaafi dinagdee dubartootaa haala kamiin calaqqisiisa?

III. Gaaffilee Marii Garee Maanguddootaaf dhiyaatan.

1. Oromoo Ituu biratti weedduu durbaa maaliif weeddisuu?
 - a. Weedduuwwan durbaa akka madda beekumsa aadaa dubartootaa maal ibsu?
 - b. Jechoonnifi fakkeenya weedduuwwan durbaa keessatti mul'atan hiika hawaasummaa akkamii qabu?
 - c. Haala jireenya dinagdee dubartootaa weedduuwwan durbaa akkamitti ibsu?
2. Weedduuwwan durbaa hiika eenyummaa dubartootaa maal akka godhan ibsaa?
3. Mee aadaa sirna fuudhaa heerumaa keessatti gahee dubartoonni jiruufi jireenya hawaasummaa isaaniifi dinagdee ijaaru keessatti qaban naaf himaa?

IV. Gaaffilee Marii Garee Shamarran, Dubartootaafi Maanguddootaaf iddoo tokkotti walitti fiduun dhiyaatan

1. Weedduun durbaa dubartiifi dubartummaa haala kamiin ibsaa?
2. Hirmaattoonni weedduu durbaa eenyu fa'a? Maaliif?
3. Hiikaafi fakkoommiin weedduu durbaa keessatti jiruu maali? Akkamitti ibsama? Sababa maaliif jedhame?
4. Gaheen dubartii maatiifi hawaasa keessatti maal fakkaata? Bifa weedduutiin akkaata ibsamuu qaba? Mee weedduu durbaan walqabsiisuun naaf weeddisaa?
5. Weedduun durbaa dubartootaaf beekamtii akkamii kennaa? Yookiin shoorri inni taphatu naaf ibsaa?

6. Weedduun durbaa seenaa, aadaa, eenyummaaafi walitti dhufeenya shamarraniifi dubartoota haala kamiin hubachiisa? Mee fakkeenya weedduudhaan naaf jedhaa?

Dabalee D: Maqaa namoota ragaa kennan

T/L	Maqaa Namoota	Saala	Gahee isaanii	Aanaa	Ganda/aradda
1	Aashaa Alii	Dub	Haadha siinqee	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
2	Aamiinaa Diimaa	Dub	Haadha siinqee	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
3	Amiinaa Saanqaa	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
4	Amiinaa Issaa	Du	Jiraattuu	Mi'eessoo	Waltaanee
5	Amiinaa Waaree	Dub	Horsiisee Bulaa	Mi'eessoo	Soddoma G.M.
6	Abdii Jiloo	Dhi	Horsiisee bulaa	Mi'eessoo	Waltaanee
7	Abdallaa Muummee	Dhi	Yuba	Mi'eessoo	Burii Mulluu
8	Alii Sa'id	Dhi	Damiina/Jaarsa A.	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
9	Amiinoo Mussaa	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Waltaanee
10	Awwal Ahmad	Dhi	Jiraataa	Mi'eessoo	Mi'eessoo
11	Aziizaa Sheek Mussa	Dub	Haadha siinqee	Mi'eessoo	Mi'eessoo
12	Faaxee Diimaa	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
13	Faaxee Raaree	Dub	Haadha Garee	Mi'eessoo	Waltaanee
14	Faaxee Ussooyyee	Dub	Dhimma dubartii	Mi'eessoo	Burii Mulluu
15	Faaxima Jamaal	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Soddoma G.M.
16	Gallee Gumbii	Dub	Haadha Siinqee	Matahaaraa	Qobbo'oo
17	Haalimaa Odaa	Dub	Haadha siinqee	Mi'eessoo	Mi'eessoo
18	Haaloo Abdoo	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Burii Mulluu
19	Haaloo Ahmad	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Soddoma G.M.
20	Haaloo Mahammad	Dub	Dhimma dubartii	Mi'eessoo	Burii Mulluu
21	Haawwaa Gaaddee	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Waltaanee
22	Haawwee Abdii	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
23	Haawwii Boruu	Dub	Jiraattuu	Matahaaraa	Qobbo'oo
24	Haasan Hussein	Dhi	Horsiisee bulaa	Matahaaraa	Qobbo'oo

25	Hiindii Ahmad	Dub	Dhimma dubartii	Mi'eessoo	Soddoma G.M.
26	Hiindii Mahammad	Dub	Haadha siinqee	Mi'eessoo	Soddoma G.M.
27	Jiloo Ayyolaa	Dhi	Jiraataa	Matahaaraa	Qobbo'oo
28	Maymuu Burqaa	Dub	Horsiisee Bulaa	Mi'eessoo	Soddoma G.M.
29	Moomiinaa Issaa	Dub	Haadha Garee	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
30	Mussaa Alii	Dhi	Jiraataa	Mi'eessoo	Soddoma G.M.
31	Roobaa Abdoo	Dhi	Jiraataa	Matahaaraa	Galchaa
32	Roobaa Raaree	Dhi	Hayyuu argaa dhageettii	Mi'eessoo	Mi'eessoo
33	Sa'id Alii	Dhi	Horsiisee Bulaa	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
34	Sa'id Sa'idoo	Dhi	Jiraataa	Mi'eessoo	Mi'eessoo
35	Saartuu Mahammad	Dub	Haadha Siinqee	Mi'eessoo	Mi'eessoo
36	Soorsee Booraa	Dub	Horsiisee Bulaa	Matahaaraa	Qobbo'oo
37	Sheeybii Mahammad	Dhi	Horsiisee Bulaa	Mi'eessoo	Waltaanee
38	Shamshii Waariyoo	Dub	Jiraattuu	Mi'eessoo	Soddoma G.M.
39	Xaahir Sa'id	Dhi	Damiina/ Jaarsa A.	Mi'eessoo	Qiqilliftuu
40	Zamzam Yahyaa	Dub	Haadha Siinqee	Mi'eessoo	Mi'eessoo

Dabalee E. Suuraa namoota yeroo ragaa naaf kennan fudhatame

I. Suuraalee armaan gadi kun ragaa daawwannarraa fudhatamaniidha.







II. Suuraaleen armaan gadii kun ragaa af-gaaffii kennaniirraa fudhatameedha.









III. Suuraaleen kun ragaa Marii garee yeroo kennan kaafamedha ykn fudhatame.





